Uummatni Oromoo qabsoon hanga bilisummaati jechuun tokkummaa diinaa isaa dura dhaabbatee mirga isaaf falmachuu itti fufe jira. Yeroo ammaa kana ummatni Aanaa Meettaa Roobii waajjira OPDO Aanaa cabsanii seenuun barbadeessaa jiru. Uummatni Oromoo sirna EPRDF fi ergamtuu sirnichaa OPDO jalatti hin bullu jechuun qabsoo isaa finiinsee sirna OPDO ergamtuu wayyaanee fi waajjiroota sirna kanaa bakka hundatti barbadeessuun alaabaa sirna abbaa irree kanas gubuun alaabaa bilisummaa Oromoo alaabaa ABO bakka hundatti Oromiyaa keessatti dhaabbachaa jiraachuun ibsame .

---

https://www.youtube.com/watch?v=BzkIWZjn3g4

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Haala FXG Guraandhala 20/2016 Oolmaa

February 20, 2016 #OromoProtests in Gaasaraa, Ginnir, Gujii, W & E Wallaggaa, E &W Hararghe, Qellem wallaggaa, West Shawwaa, Central Oromia….

**FXG Guraandhala 20/2016**

1. Godina Baaleetti–Aanaa Gaasaraa, aanaa Ginniir (gandoota Doodoo, Odaa roobaa, Hariiroo, Dooyyoo, Hara, Eel–tokkee fi Duksii) guyyaa kana gara galgalaatti daandiiwwan keessoo deemsisan uummataan cufamanii dhaadannoo fi alaabaa ABO manneen barnootaatti fannifamee jira. Godina Baaleetti FXG hanga baadiyaatti kan itti fufaa jiruudha.Garuu meeshan amma uummata Oromo irratti dhukaasuuf konkolataadhaan fe'amee uummata keessa galaa jiru baayee guddadha.

2. Godina Gujiitti–Lafti kanaan dura abbaa qabeenya wayyaanee kan tahe Allaamuddiiniin saamame uumatni deeffatee hirmaataa jira. Deemsi fi murannoon kun torbee kana keessa shaggar kaabaa Sululaatti eegale. Qabeenyaan oromoo fi lafti oromoo saamame yoomiyyuu uummata Oromoof ni deebi'a jaallatani osoo hin taanee diddaa uumataatin. FXG har'a Gujiitti eegaleen lafti saamame uummanni gamtaan deffareera. Qabeenyaa
socho'aa diinaa fi ergamaa diinaa irratti tarkaanfiin achumatti fudhatamaa jira.

3. Godina lixa wallaggaa fi wallagga bahaa daangaa godinoota lamaanii kanatti WBOn seene kan jedhamuun wayyaaneen raafama guddaa fi jabaa keessa seentee jirti. Daandiin guddaan magaala Gimbii irraa gara Naqamtee geessu cufamee humni diinaa karaa itti darbu dhabee ofirra deebi'eera. Humni WBO dhufee uummata keessa walakkeessa Gimbii fi Naqamteetti argame jechuunis waraanni shawaa lixa irra jiru gara sanatti guuramaa jira.

4. Harargee Bahaa –Baaddannoon toohannoo uummataa fi Qeerroo jala jirti. OPDO fi kaabinoonni aanaa Baddanno keessa godaanani humna wayyaanee waammataa jiru. Booranaa fi Arsiin akkuma jirutti alaabaa isaa bakka hedduutti fannifatee bulchiinsa Wayyaanees diigee ofiin of bulchuu irratti argama.konkolaataan waraana fe'atee gara Arsii lixaatti duulaa jiru guyyaadhaa guyyaatti lakkoofsaan dabalaa dhufeera.

5. Godina shawaa lixaatti akkuma beekamu injifannoo gurguddaan argamanillee miidhaan uummata irra gahaa jiru daran jabaataadha.
Uummanni oromoo ammallee hin baane wal kukkutee bahaa jira.
Humni uummataa kaan daandi cufuu kaan tarkaanfii qabeenyaa diinaa irratti fudhatuu fi kaan ammoo FXGtti hirmaataa jira. Dhukaasni ummata irratti dhuka'uun FXG kana hin dhaabne jabeessaa jira.

6. Qellem wallaggaa aanaalee garagaraa kaleessas kan xuqne FXG baadiyaa keessatti adeemsifamaa jira. Kaleessa magaala Naqamtee irratti poolisoota oromiyaa fi waraana agaazii gidduutti dhukaasni tureera poolisiin oromiyaa gara uummataa dhaabbatee ture. Bifuma kanaan har'a Qellem Gaa'oo Qeebbee fi Gabaa Arbii bakka jedhamutti wal irratti dhukaasuu isaanii Qeerroon kan gabaaseedha. Gara poolisii Oromiyaa keessa namootni sadii tahan kan mada'aan yoo tahu miidhaan jabaan kan hin qaqqabne Qeerroon gabaase.

FXG kun yeroo dhiyoo keessatti gara xumura wayyaaneetti kan geessuudha.wareegamni qaaliin osoo raawwatamaa jiru cichoominaan qabsoo kanatti galii gochun muranoo fi jabina caasaa qabnuu gaafata.
Itti fufa!

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests, Nagelle Borana, 20 Feb. 2016

Dargaggooti Oromoo daandii cufun human AGazii ofirraa haleellaa fi ofirraa ittisaa oolan.





converted by Web2PDFConvert.com



#OromoProtests in Xaxessa village, Gurawa district, East Hararge, Oromia, Feb 20, 2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests in Dadar, East Hararge Feb 20, 2016



https://www.youtube.com/watch?v=sHQc0gnZJHg&feature=youtu.be

OMN: Amharic News Feb. 20, 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/02/20/oramharic-news-feb-20-2016/
OMN: Oduu Gurraandhala 19,2016
https://www.oromiamedia.org/2016/02/20/omoduu-gurraandhala-192016/

## Guraandhala 19-20/2016 Godina Lixa Oromiyaatti FXG'n Jabaachuun Godina Bahaa Wallaggaa Magaalaa Naqamteetti halkan edaa galgala irraa kaasee mormiin uummataa halkan guutuu gagaalitti raasaa kan bule yoo ta'uun ibsame.

February 20, 2016

Guraandhala 19-20/2016 Godina Lixa Oromiyaatti FXG'n Jabaachuun Godina Bahaa Wallaggaa Magaalaa Naqamteetti halkan edaa galgala irraa kaasee mormiin uummataa halkan guutuu gagaalitti raasaa kan bule yoo ta'uun ibsame.

Waraana Wayyaanee guddaan magaalaa Naqamtee keessa qubatee jiruun Sagaleen dhukaasaa utuu Wal irraa utuu hin citiin Uummatarratti dhukaafamaa kan tureen Waraanni Wayyaanee Uummata Oromoo Magaalaa Naqamtee fi jiraattoota Magaalaa Naqamtee shoroorkeessaa kan

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

bule
ta'uun mIrkanaa'ee jira. Wayyaaneen Uummata Oromoo sodaachisuuf Waraana Guddaa Magaalaa Naqamtee irra qubachiisuun uummata Oromoo dhukaaftee Madeessaa fi Ajjeesaa kan bulte ta'uun hubatame jira. Dhuukaasni Magaalaa Naqemtee keessatti halkan edaa dhageesifama bule duubdeebii dhukaasaa illee kan qabu ta'uun mirkanaa'ee jira. Waraanna Wayyaanee keressaas loltootni Hedduun madeeffamuun hospital Naqemtee galanii kan jiran ta'uutu ibsama jira. Ilmaan Oromoo halkan Edaa Magaalaa Naqemtee keessatti madeeffaman lakkoofsaan hedduu ta'uun yeroo amma hospitaalaa Naqamtee namoonni hedduun akka ciisaanii yaalaa gahaa illee dhaaba jiran ibsame, namoota kaleessa galgala waraana wayyaaneetiin rukutamanii madeeffaman keessatti barsiisotni Yuunibarsiitii Wallaggaa kan argaman ta'uun Barsiisaa Geetinet Taaddaa kan jedhamuu Barsiisaa Engineering Yuunibarsiitii wallaggaa dabalatee namoonni nagaan hedduun utuu galgala daandii irraa gara mana galmaa isaaniitti adeemanii rasaasaan wayyaaneen reebaa kan turte ta'uu madden keenya ibsa jiru maqaa namoota madeeffamanii fi wareegama hundaa jala bu'uun kan isiniif gabaafnu ta'a.

---

## OMN: Oduu Gur. 18, 2016

OMN: Oduu Gur. 18, 2016



Aanaa Midaaqenyi Magaalaa Baallamii Keessatti FXG Gaggeefamaa Jira.
February 19, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Gurraandhala 19,2016 Daandiin Gara Magaalaa Kuyyaraa Geessu Ganda Daanshee Jedhamu Keessatti Cufamee jira.

February 19, 2016



Guyyaa Har’aa Qeerroon Bilisummaa Roobee Garjeedaa Dandii Boqojjii Geessuu Cufuun Wayyaanee Afuura Dhorkaa Jira.

February 19, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





“Amboo Gara Galgalaa Alafatu Gaggalagala” Jecha dhugaa dha. Manni Hidhaa Karchallee Gubataa Jira.

February 19, 2016

converted by Web2PDFConvert.com



Guyyaa Har’aa Godina Harargee Aanaa Gurawaa Araddaa Diree Gammachuu Keessatti FXG Itti Fufee Jira.

February 19, 2016 #OromoProtests, Gurawaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com







Gurraandhala 19,2016 Magaalli Amboo Ficila Xumura Gabrummaa Haala Jabaan Gaggeessaa Jirti. Waraanni Wayyaanee Heddumminaan Gara Magaalaa Ambootti Guuramaa Jira.Ummannis Diddaa Isaa Jabeesse.

February 19, 2016

converted by Web2PDFConvert.com



**Manni Hidhaa Amboo Yeroo gubatu**

Siifan Lola ABO Narra Hin Gortuu" Jedhu Qeerroo Arsii Nagallee FXG.

February 19, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

# Amboo Keessatti FXG Caalaatti Finiinaa Jira,Daandiileen Konkolaataa Cufamaa Jiru.

February 19, 2016



Guraandhala 19,2016 Warraaqsii biyyoolessaa Oromiyaa FXG ganama barii lafaa irraa eegaluun maagaalaa Amboo fi naannoo Ambootti warraaqsa fincila xumura gabrummaa jabaatu deemaa jira. halkan edaa daandiiwwaan konkolaataa bakkoota hedduutti cufamaa bulaan, daandiin Amboo hanga calliyaatti cufamee jira, Magaalaa Baabbichaa irratti akka baqnamuu hin dandeenyetti

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

cufamee jira.



Gootota Barattootniu mana barumsaa Amboo sadarkaa 1ffaa, 2ffaa fi Qophaa'inaa Hundii isaanii hiriiraan gara daandii asphaaltii guddatti Adeemaa jiruu, Uummanni baadiyyaa Amboo fi godina Lixa Shaggar Waajiraalee OPDO diiguu irratti argama, akka guutummaa goduinichaatti warraaqsii guddaan gaggeeffamaa olaa waan ta'eef Uummatni Oromoo kallattii hundaan kan keessaa fi alaa bakka jirtan hundaa dirmachuu keessan jabeessa, bakka jirtanii sagaleedhageesisaa !!

## Oduu Amma Nu Gahe/Breaking News (Gur. 19, 2016)

https://www.oromiamedia.org/2016/02/19/oduu amma-nu-gahebreaking-news-gur-19-2016/

## OMN: Oduu Gur. 18, 2016

OMN: Oduu Gur. 18, 2016




## Sagalee QEERROO Bilisummaa Oromoo(SQ) Qophii Guraandhala 17, 2016

February 18, 2016

## Gootota Qeerroo Bilisummaa Magaalaa Abaaroo Gurraandhala 17,2016

February 17, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Gurraandhala 17,2016 Magaalaa Dodolaa Keessatti Alaabaan ABO Balali'aa Oole,Gootonni Qeerroo Wallee Warraaqsaan WBO Faarsaa Oolaniiru.

February 17, 2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Lixa Oromiyaa Baha Wallaggaa Bakkeewwan Hedduun Fincila Xumura

February 17, 2016

Gurraandhala 17,2016 Har'as gootonni Barattoota Oromoo Kan Baha Wallagaa jala jiran erga boqonnaa semisteeraati deebi'anii kanneen akka Mana barumsaa Naqamtee Magaalaa Keessatti argaman,M/Barumsaa Nuunnuu Qumbaa(Nuunnuu,WaamaaAdaree ,Dirree),M/Barumsaa Waamaa Hagaloo(Qassoo,Moxe,Kiillo,Baataa,Aleeluu),M/Barumsaa Qophaa'ina Naqamteef Jiituutti haalaan finiinfamaa jira.

---

> UNDSS internal memo regarding the situation in West Arsi formerly known as East Shewa. 16 Feb. 2016
>
> UNDSS: CLASHES IN EAST SHEWAS – WEST ARSI / OROMIYA
> At least two protesters and five police officers were killed in the latest clashes in East Shewa, Oromiya.
> First reports of protests date back from 8 February in the village of Amaro. Yesterday, a UN road mission was blocked by heavy clashes in Aje. In nearby Loke Kecha a bridge was destroyed and in Siraro a court office was damaged.
> The town of Shashamane on the main road is tense and people fear violent protests could spread to their town.
> The cancellation of the Addis Ababa Masterplan has not removed the underlying grievances that lead to the protests in Oromiya between November 2015 and Jan 2016. The volatility continues and one event or overreaction of police officers can trigger chains of retribution by angry protesters.
> We currently recommend to avoid any private road travel any further south than Langano Lake. For official UN road missions please check situation with local counterparts. However, when planning road missions bear in mind that

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

reliable real time situational information is not available. Police will usually block roads to protest sites and you should know the return time or nearest safe havens for your road trip when you are blocked from continuing your travel.


http://www.siitube.com/articles/%e2%80%8eoromoprotests%e2%
undss-internal-memo-regarding-the-situation-in-west-arsi-formerly-known-as-east-shewa_2482.html

---

OMN: Oduu Gur. 16, 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/02/17/or
oduu-gur-16-2016/

Diddaan Gootota Qeerroo Jabaatee ,Har'a Gur,17,2016 Wallagga Horroo Guduruu Aanaa Amuruu Manneen Barnootaa Keessatti FXG Haala Jabaa Ta'een Gaggeeffamaa Jira.

February 17, 2016






Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Har’a Gurraandhala 17,2016 Arsii Kofalee Keessatti Gootonni Qeerroon Karaa Cufaa Jiru.

February 17, 2016





## Diddaa Qeerroo Bulee Horaa Gurraandhala 17,2016 Irratti WBO Faarsan.

February 17, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Gurraandhala 17,2016 FXG Bulee Horaa.

February 17, 2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




## Gurraandhala 16,2016 FXG Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Jimmaa Horrootti Jabaatee Itti Fufe.

February 17, 2016

Gurraandhala 16,2016 FXG godina Qellem Wallaggaa aanaa Jimmaa Horrootti jabaatee itti fufee. Qeerrroo fi kora bittinneessaa Wayyaanee gidduutti fincilli uumamee jiru torban kan lakkaawee jiruudha. Humnoonni badii mootummaa wayyaaneen of jala hiriirsuun uummata hiraarsaa jiran manneen amantaa shira walitti buusa amantaan xaxuu irraa darbee qabeenyaa uummataallee mancaasuutti kaate.

Yeroo ammaa magaalan Jimmaa Horroo fi baadiyaalee keessatti dhukaasni guyyaa guyyaadhaan uummatarratti dhuka'aa jira.

Itti gaafatamaan poolisii aanichaa Tasammaa Waariyoo waraana wayyaanee agaazii fi kora bittinneessaa waliin tahuudhaan miidhaa gaggeessaa jira.

Haaluma kanaan dargaggootni aanaa Jimmaa Horroo hedduun yeroo ammaa hidhamaa jiran. Kanneen torbee kana keessaa aanaa kana keessa qofa irraa hidhaman jajjabeewwanii fi Qeerroon aanichaa hedduu keessaa maqaa nama muraasaa

1. Lataa Wiirtuu
2. Shuumataa Danuu
3. Saamsoon Solomon
4. Miftawu Shoori
5. Maarii Ayyawuu -kan amma reebichi hamaan irratti raawwatee dhukkubsaa jirudha mana hidhaa keessatti
6. Bulii Abdataa
7. Abdulkariim Jamaal- yeroodhaa yerootti kan hidhamaa turee
8. Hasan Jamal-obboleessa Abdulkarim kan qabsoo keessatti yeroo dheeraa qooda fudhataa tureedha
9. Sanbataa Oljirraa-FXG uummata kakaase jechuun raga irratti bahee kan ture kanaan dura manni murtii garuu bilisa isa baaasee kan ture
10. Abbushee Tsaggaa

Namootni kun guyyaa kaleessaa asitti humna waraana wayyaaneen qabamanii dhabamaniiru. FXG aanaa kana keessatti daandiin kan cufamuu yoo tahu humni waraana ofii banaa bula sagaleen uummataa dhaga'amaa jira. uummannis sodaa of duubatti deebisee bilisummaa faarsaa jira.

## Godinaalee Bahaa Oromiyaa Godinota Arsii Lixaa, Harargee Bahaa Keessatti Warraaqsii Biyyoolessaa Oromiyaa FXG Daran Jabaate.

February 17, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Guraandhala 16/2016 Godinaalee Bahaa Oromiyaa Godinota Arsii Lixaa, Harargee Bahaa Keessatti warraaqsii Biyyoolessaa Oromiyaa FXG daran jabaachuun itti fufuun Walqabatee Manguddoo Ganna 60 dabalatee Ilmaan Oromoo Hedduun waraana agaaziin irratti Baneen Wareegamani Jiru.Godina Harargee Bahaa aanaa Gaara Muldhataa Magaalaa Gurawaa keessatti warraaqsii Biyyoolessaa Oromiyaa Daran jabaachuun itti fufuun walqabatee Waraanni Mootummaa wayyaanee Daa'immanii fi Manguddoota ajjeesuu aadeeffate, guyyaa har'aa magaalaa Gurawaa keessatti Manguddoo Ganna 60 dabalatee ilmaan oromoo hedduun madeeffamuu fi gariin immoo wareegamuun gabafame jira.kanneen Wareegaman kan yeroof maqaa argannee jirruu keessa

1. Magguddoo Juharaa Muusaa umriin ganna 60 kan taatee fi
2. Adam Mohaamed Abdallaa kanneen jedham kan keessatti argaman ilmaan Oromoo wareegaman, kanneen qaama madoo ta'an immoo heedduu



ta'uu maddeen keenya gabaasan.
Godina Arsii Lixaa Magaalaa shaashamannee, shaallaa, Siraaroo fi Kofaleetti Warraaqsii FXG haan jabaachuun itti fufee Gootummaa Godina Bahaa Oromiyaa fi Kibba Bahaa Oromiyaa Sochoosaa kan oole ta'uun beekame jira. Aanaa Kofaleetti goototni Dargaggootni Qeerroon Barattootni oromoo Mana Barumsaa Kofalee Sadarkaa 2ffaa fi qophaa'ina Waraaqsaa finiinsuun Sirna nama nyaataa Wayyaanee balaaleffachuun Waraana Wayyaanee Agaazii fi Poolisoota federaalaa waliin wal jala dhaabbachuun Warraaqsii Jabaatee kan itti fufe ta'uu Maddeen qeerroo bilisummaa oromoo Gabaasan. Yeroo amma Kana godini Arsii Lixaa fi Harargee Bahaa Waraana Wayyaaneen goolamaa jiraachuun hubatame jira. Daandiiwwaan konkolaataa Bakkoota hedduutti Godina arsii Lixaa fi Oromiyaa Bahaa keessatti cufamuun Haalaan jabaatee itti fufee jira.

## Guraandhala 16/2016 Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Ammuruu Magaalaa Hoborraatti Goototni dargaggoothni Qeerroon Barattootni Oromoo Mana Barumsaa Ammuruu sadarkaa 2ffaa fi Qophaa'ina fi uummataan walta'uun Warraaqsii FXG Daran jabaachuun Itti Fufe.

February 17, 2016

Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Ammuruu keessatti Waraaqsii gaggeeffama ture, Ammas Gootota Dargaggoota Qeerroo Barattoota Oromoo fi uummata Oromoon irraa deebifamee dhoofameen Sagaleen Mormii guddaan Magaalaa Hoborraa keessatti uummatni dhageesisuun itti fufe oleera. Warraaqsii biyyoolessaa Oromiyaa FXG kun aanota Ajkka Jaartee Jardagaa, Hagamsaa, Haratoo Guduruu fi Fincaa'aa fa'atti illeee Babaldhatee Kan itti fufuuf jiru irraa Waraanaa Wayyaanee poolisii Federaalaa fi loltoota Agaaziin eegamaa kan olaan ta'uun beekamee jira. Warraaqsaa aanaa Ammuruutti qabsiifame kana dhaamsuuf humni waraana wayyaanee Agaazii fi Poolisiin

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Federaalaa humnaa ol gara sanatti Guuuramaa kan jiran yoo ta'uu, Gootοtni barattootni Oromoo humna waraanaan qabamanii hidhaman illee jiraachuu maddeen keenya gabaasan.Yeroo Amma kanas Magaalaan Hoborraa humna waraanaa guddaan raafama jirachuun hubatame jira.

---

## Guraandhala 15/2016 Warraaqsii Biyyoolessaa Oromiyaa FXG'n Godina Arsii Lixaa Aanaa Shaallaa, Shaashaamannee, fi Siraarootti Haalaan jabaachuun Finiinee, Ilmaan Oromoo 3 Olitti lakkaa'aman Shaallaa keesstti wareegaman.

February 16, 2016 By Qeerroo in Oduu/News

Warraaqsii Biyyoolessaa Oromiyaa Haalaan jabaachuun Godina Arsii Lixaa AAnawwaan Shaashamannee, Shaallaa fi Siraaroo keessatti Uummata Oromoo, Qeerroo Dargaggootni Oromoo fi Barattoota Oromoo FXG finiinsuun Warraaqsaa Seenaa qabeessa gaggeessuutti seenan.Sochiin Warraaqsaa Uummataa kun Guraandhala 14/2016 Shashaamanneetti dargaggootaan finiinaa kan jiru Shaallaa fi Siraaroo dabalatee haalan Finiinee Itti fufuun waranni Wayyaanee Agaaziin waraana ilmaan Oromoo irratti baneen ilmaan Oromoo 3 olitti lakka'aman rasaasaa loltoota wayyaanee irra itti dhukaafameen Shaallaa Magaalaa Ajjee keessatti kanneen Wareegaman keessa maqaan kan beekame 1.Fincilaa Wariyoo fi 2.Usheexoo Nageessoo dabalatee ilmaan Oromoo 3 olitti lakka'am wareegamani jiru, Ilmaan Oromoo hedduun madeeffamuu Maddeen keenya gabaasan. Maqaa wareegamtoota Oromoo adda baasuun isiniif gabaasna. Goototni Oromoo Arsii Lixaa Aanaa Shaallaa Tarkaanfii Waraana Wayyaanee of irraa Ittisuuf fudhataniin Lultoota Wayyaanee Lama Galaafachuun hedduu irraan midhaa jabaa Qaqqabsiisuun tarkaanfii Of irraa ittisuu fudhachuun diinaa rifaasisan, haala kanaan walqabatee walqabatee Arsii Lixaa Shashaamannee, Shallaa Fi Siraaroon gara Dirree Waraanatti jijjiiramtee jirti. Addaatti Aanaan Shaallaatti gootοtni barattootni Oromoo M/B Sanbatee Shaallaatti tarkaanfii gootummaa Alaabaa Abbaa Irreecha Wayyaanee EPRDF/TPLF/OPDO mana barumsaa keessa buusanii gubuun, Alaabaa ABO ol qabuun Dhaabuun dhaadannoon armaan gadii dhageesisan. –Gaaffii mirga Abbaa biyyummaa haa kabajamu!! –hidhamtootni Oromoo hiikamuu qaba!! –Waraanni Wayyaanee Oromiyaa Gadhiisee bahuu Qaba. –dhabni jalee Wayyaanee OPDO n nu hin bulchiituu. –Sirni bulchiinsa Wayyaanee Oromiyaa gadhiisuu qaba. –Master Pilaaniin Finfinnee itti fufee jiruu hatattaman dhaabbachuu qaba kanneen jedhan dhageessisuun Warraaqsaa Jabeessaan Yeroo Amma kana Shaallaa keessatti Sagalee Dhukaasaa Meeshaa Waraanaa Gurguddaan Wayyaanee irraa uummata irratti dhukaafamaa jiruu dhagaa'ama jira.. Gabaasaan …Gabaasaan Kun Itti fufa. Godina Harargee Bahaa Aanaa Giraawwaa Magaalaa Laaftoo keessattis Haaluma walfakkattuun sochiin Warraaqsaa FXG haalaan Jabaachuun kan Itti fufee Olee yoo ta'uu Uummatni oromoo fi Qeerroon dargaggootni fi Barattootni Oromoo gaaffiin keenya gaaffii kabajamuu mirga Abbaa Biyyummaati, hanga Bilisummaa keenya gonfannuuti warraaqsaa irraa loltuu fi oloaa wayyaanee OPDO'n hin dhaabbannuu, OPDO'n nu hin bulchituu, OPDOn kan wayyaaneeti, Wayyaanee jalattii hin bulluu jechuun Warraaqsaa jabeessuun itti fufsiisan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo (SQ) Guraandhala 15,2016/ Gabaasa Waayee Boqochuu Artist Admaasuu Biraanuu

February 16, 2016

OMN : Breaking News Oduu Amma Nu Gahe Gurrandhala 15,2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN : Breaking News Oduu Amma Nu Gahe Gurrandhala 15,2016




## Godina Wallagga Aanaa Siree Sibuu Keessatti FXG Daran Hammaate.

February 16, 2016

**Har'a Guraandhala 15,2016** Warraaqsi Ummataa Daran Finiinfamee Wallagga Bahaa Aanaa Sibuu Sireetti Sochiin uummataa kan ba'aaf gala dhorkaa jiru itti fufee.
Waayyaanotatti umurii butuuf jechaa jira.haallaan jireenyaaf muka qabataallee hangs dhabanitti OPDO hirriba dhorkaa ka jiru yoo ta'u har'a A/Sibuu Siree Waamaa bakka jedhamutti Warshaa sukkaaraa Kan qabeenyummaansaa kan Hindii ta'e Shonkoraan akka barbadeeffame odeessi
achii nu ga'e ifoomsa.Naannoon Waamaa sa'ati kanatti humna waraanaan eegamaa jirti.kan uummata saamee duroomaa jiruuf ummata dhibbaan
Lakka'amu laficharraa godaansise Hindiin bakka lixaa dhabdee jirti.Tigiroota qubatanii achuma jiranittis tarkaanfiin akka fudhatamu abdii qabna.

---

**Har'a Gurraandhala 15,2016,** Godina Arsii Lixaa aanaa shaalla magaalaa Ajjetti lola guyyaa haraa poolisii federaalaafi ummata giddutti taasifameen poolisiin federaalaa 4 ajjiisanii meeshaarraa hiikkataniiru ummata keessaa ammaaf 3 dueera ,sababiin kalee galgagala konkolaataa magaalaa Shaashamannee keessaa osoo hamoommota fe'ee gara aanaa Shaallatti maaliif sirba caalaa bultume sirbisiisaa jedhaniin rasaasa itti roobisanii ijoollee maqaan isaanii Jannuu Tashitaa,Shuumii Nageessoo,Roobaa Jiloo fiHabtaamuu Fayyissa rukutuun yeroo ammaa hopsitaala Kuyyaa keessa jiru.

---

## "WBO Kiyyaa Yaa WBO Kiyyaa" FXG Qeerroo Godina Walloo Gur,2016

February 16, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

February 15, 2016 By Qeerroo




**Guraandhala 15,2016** Godinaalee Oromiyaa Garaagaraa Keessatti Maqaa Walga'ii Barsiisotaa Jedhuun Daballootni Ergamtuu Mootummaa Wayyaanee EPRDF/TPLF Kan Taate OPDO'n Warraaqsaa FXG Dura Dhaabbachuuf Gaggeessitee Mormii Guddaan Xummurame.

Walga'iin Wayyaanee kun Sabaabaa Warraaqsaa Biyyoolessaa oromiyaan Barnootni semisteera tokkoffaa Ugguramuun walqabatee Ammas Mormiin Guddaan kan Wayyaaneetti Xumura godhee darbuu danda'uu finiinaa jiraachuu irraa harka tokkoon Waraanaa nannawaa Manneen Barnootya qubsiisaa harka tokkoon immoo sossobbii barsiisotaatti fuulleeffachuun Warrraaqsa dura dhaabbachuun Olola sobaa TVO, ETV FI Medialee of harkaa qabduun olola kijibaa uummatatti afuufuuf jettee maqaa walga'ii barsiisotaa jedhuun barsiisotaa duraan miseensota OPDO turanii fi Dabballoota ergamtuu Wayyaanee kanneen ta'anii Oromiyaa keessa jiran Godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessatti walitti qabuun kijiba ofaa jiraachuu irraa Mormiin guddaa fi Gaaffiin barsiistaan Waan Deebisaan dhabuun bifa kadhaa fakkeessuun Sossobbii dabballootni Wayyaanee guyyaa lamaaf godhaniin barsiisotni Oromoo nuti isin Waliin hin dubbannuu isin Hirmii uummata oromootii jechuun mormii isaanii hanga dhumaatti callisaan dhageesisuun ergamtoota diinaa qaanessaan.

Godinoota Oromiyaa Walga'iin kun irratti Xiyyeeffatee keessaa :

1.Godina Lixa Shaggar Amboo

2.Godina Kibba lixa shaggar Walisoo

3. Godina Wallagga Lixaa Gimbii

4.godina Wallaggaa Bahaa Naqemtee

5. Godina arsii lixaa Shaashaamannee

6.Godina Shawaa kaabaa Shaggar(Salaalee) Fiichee

7. Bulchiinsaa Magaalaa burraayyuu irratti kan xiyyeffachuun ergamtootni diinaa loltootaa fi humnoota tikaan Marfamanii olola afaan fajjii ofuuf kan gaggeessan diddaa barsiisotaan xummurame.

Sochiin Warraaqsaa FXG daran jabaachaa adeemuun Walqabatee Manneen Barnootaa godinoota kanneen keessatti itti Fufinsaan Cumamanii jiraachuun Dhaadannoon Branootni Bilisummaa Booda (BBB) jedhuu Daran jabaatee itti Fufee jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## #OromoProtests continues, Lafto town, E. Hararghe, Oromia, 15 Feb. 2016.

Guraandhala 15 bara 2016, Harargee Bahaa Aanaa Gurawaa Magaalaa Laaftoo keessatti mormiin bifa kanaan itti oole. Ummanni aanaa Gurawaa torban lamaan dabre kana osoo walirraa hin kutin magaalotaafi araddaalee hedduu keessatti mormi irra jiran.



## Diddaa Gootota Barattoota Oromoo Yuniverstii Haromayaa Kaampaasii Harar Gurraandhala 2016

February 15, 2016

## #OromoProtests continues in Begi, Wallaggaa, Arsi, Oromia, 14 Feb. 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Arsii Lixaa Shaashimanneetti FXG itti fufe waraanni Wayyaanee uummata irratti dhukasa bane.

February 15, 2016



**Guraandhala 15,2016,** Godina Arsii lixaa magaala Shaashimanneetti kaleeysa FXG finiineen humneen Wayyaanee dura dhaabbachuudhaan uummannii fi barattootni fincila jabaa gaggeessanii jiru. Dhukaaasni guddaan uummata irratti baname namootni 15 ol rasaasasan rukutaman martinuu amma Hospitaala Kuyaaratti argamu. Kannen qonnaan bultoota rasaasa wayyanen kaleeysa rukutaman keeysaaa

1. Januu Tashitaa

2. Oba Jiloo

3. Shuma Nagaasa

4. Habtamuu Fayisaa

5. Amaan Jiloo

Kanneen jedhaman FXG kaleeysa bahan irratti kan dhahaman iidha. Uummanni tarkaanfis fudhatee jira. poolisoonni wayyaanen heddunis madeeffamanii jiru. Magaalan shaashimannee amma humna waraana weeraramtee kan jirtu yoo tahellee uummanni daandii cufaa jira. kaleeysa Gurandhala 14/2016 ganama irra kaasee hanga ammaatti fincili aanaa Shashimannetti jabaatera. Namootni hedduun hidhaatti guuramat jiru. Akkasuma uummata keeysaan tarkaanfin qabeenya diinaa fi kaabine irratti fudhatamuunis itti fufee jira .

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Waraanni konklaataan 5 ol har'as Arsiitti duulaa jira FXG kunoo hamma galii isaa gahuttis godinaale oromiyaa bakka hedduutti
nuffii fi sodaa tokko malee itti fufeera.

Share this:https://www.gofundme.com/8bds2wgk

## Sabboonaa Kabbadaa Abarraa Margaa University Amboo Campus Waliso Irra Barnootaa Computer science Ebbifame Mana Hidhaa Waliisoo Ejersaa Keessatti Akkaan Dararamaa Jiraachuun Beekame.

February 15, 2016



**Guraandhala 15,2016** Sabboonan Oromoo Kabbadaa Abarraa Margaa daraaraa guddaan mana hidhaa Walisoo Ejersaa jedhamee beekkamu keessatti daraaraa guddaan akka irraa gahaa jiru barame. Kabbadaa Margaa Mormii Master Plan Finfinnee situ qindeessaa ture ammas uummanni akka mirgaa isaaf falmatu addaa dureen gootee jechuun gaafa guyyaa 7/2/2016 waraana Wayyaaneen ukkaamfame.

Kabbadaa Margaa kan dhalatee guddatee Godina kibba lixa Shaggar Aanaa Ammayyaa ganda qotee bulaa Arrooyyiti. Barnootaa Sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa achuma Magaala Gindooti barate. Sadarkaa Olaanaa University Amboo Campus waliso irra barnootaa computer science eebbifame dalagaa irraa illee dhorgamee jiraata ture. Bara 2004 Mormii Magaala gudditti Oromiyaa Finfinnee irraa Aadamaati dabarsuuf jedhan dhaabuuf taasifame irratti illee ijoollee Ammayyaa hedduu waliin hidhame, Bara 2006 illee Mormii ajjeechaa barattoota Oromoo akka Jaagamaa Badhaanee fa irratti hiriiraa taasifameen wal qabatee Ammayya irraa wagga 5 itti muranii hidhaa ture.

Baroota hedduuf barnootaa isaa irratti gufuu ta'anii bara hedduu mana barnootaa keessa akka turee fi osoo abdii hin murin University irraa eebbifame. Baruumsa xumuree hojii akka hin arganneef xalayaa jala barreessa turan . Rakkoo ilmaa Oromoo kana irraa gahuu cufaaf itti gaafatamni bulchitoota Godina kibba lixa Shaggar fi Aanaa Ammayyaa ta'uu uummanni naannoo heere.

## Hundee Gaaffii Saba Oromoo: Hayyuduree ABO Ob Daud Ibsaa

February 13, 2016

Namoota garii biratti gaaffii saba Oromoo gaaffii dimokiraasii fi mirga namoomaa callaa fakkaata. Garuu, gaaffiin ummata Oromoo gaaffii sabummaa ti; gaaffii mirga abbaa biyyummaa ti; gaaffii mootummaa mataa ofii qabaachuu ti. Haasawaan Hayyuduree ABO, Ob Daawud Ibsaa, waggoota muraasa dura godhan kunis hundee gaaffii saba Oromoo hubachiisa.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://youtu.be/Ky4BvTyB2XQ

https://youtu.be/QjXgy7bISAY

---

OMN: Amharic News Gur. 13, 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/02/13/om
amharic-news-gur-13-2016/

---

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Har’a Guraandhala 12 / 2016 Harargee Bahaa Magaalaa Gurawaa fi Godina Gujii Magaala Daawwaa Okkotee Keessatti FXG Itti Fufuun Goototi Qeerroo Dhadannoo Warraaqsaa Dhageessisaa Oolan.

February 12, 2016

Dhadatnoo ABO WBOn Haa Jiraatu Jedhu Goototi Qeerroo Bilisummaa

## Mootummaan Ithiyophiyaa Lixa Shaggar Amboo Baadiyyaa Keessa Gurrandhala 11 Loltoota Konkolaataa 9 Har’a Guraandhala 12,2016 Ammoo Dabalataan Konkolaataa 7 Baadiyaa Qubachiisuun Ummata Hiraarsaa Jira,Maanguddoon Ganna 70s Ukkamfame.

February 12, 2016

Gurraandhala 12,2016

Amboo irraa :Akkuma beekama ummanni godina lixa Shaggar aanaa Amboo gandoota baadiyyaa naannoo Waddeessatti FXG Qeerroon Bilisummaa haala si’aawaan adeemsisa turan.Kanuma sababeeffachuudhaan Guyyaa kaleessa,11/02/16 humni waraana Wayyaanee konkolaataa sagaliin halkaan keessa sa’aatii 7 irratti basaastootaa fi jaalleewwan isaanii kan ta’an fknf dura taa’aa ganda dikii kan ta’e Gaddafaa Giddumaa kan jedhamu humna ergamtoota kana deeggaruun mana jireenya qotee bultoota ganda Dikii,galaan waddeessa,kaarraa fi haaruu xiroo keessa jiraatan ukkaamsise qabsiisa bule.kan baay’ee nama gaddisiisuu manguddoo waggaa 70 obbo Sisaay Qaabataa kan jedhaman ganda Galaan Waddeessa keessa qabsiisee isaa buteen isaa hin beekamu.haaluma wal fakkaatuun guyyaa har’aas,12/02/16 humni waraana agaaziin halkaan keessaa sa’aatii 3 irratti konkolaataa 7’n magaala ambooti achi deema jiru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## FXG Golee Oromiyaa Mara Keessatti Bifa Isaa Jijjiiree Torbaan Kana Guutummaatti Itti Fufee Jira. Garuu har'a Guraandhala 12/2016 Bakkoota Adda Addaatti Itti Fufe.

February 12, 2016



1. Godina Harargee bahaatti magaalota akka Giraawwaa fi kkf keessatti gandoota qonnaan bulaa hedduuttis gaaffiin mootummaadhumti wayyaaneen maal taanan uummata oromoo irratti harka isaa diriirfata doorsisni afaan qawwee hanga yoomitti jedhuun uummanni FXG har'a adeemsisee jira. Guyyaan har'aa Juma'aa irrattis hordoftootni amantaa musliimaa bakka saalata isaaniitti masjiida masjiidatti ajjeechaan haa dhaabbatu, doorisni uummata keenyarraa haa dhaabbatu…. Jechuun waraqaa hedduun barreessuun qabatanii argamaniiru. Gandootni qonnaan bulaa Hahargee bahaa keessatti argaman daandii cufuutti kana booda wamicha waliif dabarset jira.

2. Godina Qellem Wallaggaa aanaa Anfilloo, Jimma horoo fi Qaqetti FXG haareffamee waan jiruuf kaleeysaa irraa kaaase korri bittinneessaa waraana wayyane uummata goolaa jira. Qonan bulaan hidhaatti guurama jiru. Garataan akkasuma jedhu Qeeyroon gabaasan. Hidhaatti kan guuramaa jiru jabaatus nuti qabsoof booda hin deebinu diina jilbeenfachiisnee injifannoon keenya fiixan baasna jechunis dargaggootni godina qellem aanaale kanen keessatti dhaadanno isaani waraqaa fi sagaleedhan wal dhageesisa jiru. Dinni ammalle humna qabuun uummata doorsisaa jira.

3. Magaala Adaamatti FXG har'a taphattootaan dhowe. Taphattootni wal dorgommii irratti walitti dhufan mootummaa wayyaaneef oromoo kan tahe kamu akka hin jilbeenfanne fi waamicha sagalee dhaadannootn dhageesisuun poolisiin naannoo oromiyaa tarkanfii fudhatuu dargaggoota irratti qeeyroon gabaasee jira.

Godina Arsitti FXG itti fufsisuuf waamicha kallattii garagaraan taasifamaa jira. uummanni wal kaasuudhaan mootumma wayyanee abba irree ofirra fonqolaachisna jechuunis wal yaamaa akka jiru qeeyron gabaasera.

---

OMN: Oduu Gur. 11, 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/02/12/om oduu-gur-11-2016/
OMN: Oduu Gur. 10, 2016
https://youtu.be/pjaPnKKAybg

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## FXG Godina Qellem A/Jimmaa Horroo Keessatti Uummataan Itti Fufee Jira.

February 12, 2016

**Guraandhala 12,2016** Godina Qellem Wallaggaa aanaa Jimmaa Horroi ganda Warra Baabboo keessatti guyyaa lama dura kan gabaafame gaafa Guraandhala 9/2016 halkan keessaa sa'a 5:00 booda uummanni waamicha waliif taasisee ture.Halkan kana sa'a kana irraa kaasee FXG aanaa kana keessatti uummata qonnan bulaa baadiyaa keessaan dabalatee hamma ammaatti itti fufee jiraachuu Qeerroon keenya achirraa gabaasa gochaa jiru. Guraandhala 10/2016 guyyaa guutuun FXG magaala Jimmaa Horroo keessatti taasifamaa oolera. Manneen daldalaa cufaatti oole. Dhaadannoon uummataa sagalee guddaadhaan daandii cufuun dhageesisaa oolaniiru. Barataan barumsa dhaabee FXGtti uummata waliin hirmaatee jira. Sirbootni qabsoo uummataan dheekkamsaan kan guute qonnaan bulaa gandichaa waliin fincilli waraana wayyaanee rifaasisu kaleessa Guraandhala 10/2016 kan gaggeeffamaa oole yoommmuu tahu Itti fufuuudhaan ha'ammoo Guraandhala 11/2016 Humni waraanaa poolisii Oromiyaa fi kora bittinneessaa fi federaalli karaa magaala Nuunnuu irraan gara ganda Baabbotti bahuudhaan guyyaan kaleessaa gabaa kan ture FXG kana

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

tasgabbeessuu kan hin dandeenye har'a haala daandii mijeeffataniin dargaggoota oromoo naannichaa tokko lamaan butanii dhabamsiisaa oolaniiru. Dargaggoota dhabaman keessaa
1. Marii Ayyawuu
2.Bulii Abdataa kannen jedhaman humna tikaatiin qabamanii eessa akka geeffaman kan hin beekamneedha. Waraanni wayyaanee halkan kanas gara sanatti bobbafaamaa jiruu fi achis buufatee jiru FXG aanaa Jimmaa Horroottii ka'ee jiru dura dhaabbachuuf kan ergamee achi buufatee jiru tahuun Qeerroon gabaasee jira.

---

Guraandhala 11/2016 Godina Dhihaa Oromiyaa keessatti Warraaqsii Biyyooleessa Oromiyaa Daran Jabaachuun Kutaalee Hawaasaa Oromoo hunda kan hirmaachiseen Konkolaachiftootni daandii Amboo–Finfinnee fi Amboo Naqamtee –Finfinnee Warraaqsaa uummata isaaniitti dabalamuun Warraaqsaa Hojii Dhaabuun itti Fufan.

Rakkoon taajaajila Geejjibaa guddaan Amboo –Finfinnee Akkasumaas Amboo Naqemtee –Finfinnee Gidduutti mudachuun Godinni dhihaa Oromiyaa raafama ulfaataa keessa galte jirti

---

GuraanDhala 11/2016 Godinaalee Oromiyaa Garaagaraa keessatti Barruuleen Warraaqsaa FXG , Waarraaqsaa FXG itti fufsiisanii fi ABO fi uummata Oromoo faarsaan Uummataaf raabsamuu fi bittneefamuu fi Daandiin Bakkoota Hedduutti Halkan Edaa Cufamuun Mootummaa Wayyaanee Yaaddoo isa Dhumaa keessa galche jira.

Godina Lixaa Shawaa Aanoota Garaagaraa kanneen akka Giincii, Jalduu, Ilfata, Amboo ,waddeessa, Xuuqur incinnii, Tokkee, Kuttaayee, Baabbichaa, Geedoo Calliyaa, Midaa Qanyii, Horroo Guduruu jimmaa Raaree , Guduruu, Finca'aa fi Godinaalee Bahaa Wallaggaa, fi Godina Kibbaa Lixaa shawaa Walisoo fi naannoo ishee fi Godinoota Oromiyaa dhihaa bakkoota hedduutti barruuuleen Warraaqsaa bittineeffamaa fi maxxanfamaa buluufi daandiiwwaan konkolaataa darbanii darbanii cufamuun wal qabatee Wayyaaneen yaaddooftee Waraada ishee dabalataan Oromiyaa keessa qubsiisaa jiraachuun ibsame jira.

Haaluma Wal Fakkaatuun Godinaalee Bahaa Oromiyaa Magaalaa Dirree Dawaa , fi Godinaal;ee Harargee Bahaa fi Harargee Lixaa, Godina Arsii Lixaa magaalaa Dodolaa fi bakkoota hedduutti barruuleen warraaqsaa bittinneefamuu fi maxxanfamuun Walqabatee Warraaqsii haalaa jabaatee itti fufaa jiraachuu irraa Mootummaan abbaa Irree Wayyaanee Muddama seenuun waan qabee gadhiisuu dhabuun humna Waraanaa isaan biyya goolaa fi Shororkeessa kan jiruu ammaas Waraanaa kallattii hundaan bobbaasaa jiraachuu fi Sochii amma adeemaa jiruu irraatti Waraanni Wayyaanee Wayyaaneetti garagaluun isaa kan hin ollee ta'uun hubatamee jira.

---

Guraandhal 11/2016 Godina Lixa Wallaggaa Magaalaa Gullisoo keessatti guyyaa Har'aa Warraaqsii FXG uummataa fi Dargaggoota Qeerroo barattoota Oromoon jabaatee itti fufee jiraachuu maddee keenyaa gabaasaan Yeroo amma kana Magaalaa Gullisoo keessatti uummatnii fi dargaggootni hiriiruun Wayyaanee dura dhaabbachaa jirachuun Warraaqsii jabaatee itti fufuun gaggeeffama jira.

---

#OromoProtests continues in Dawa Okkote town, Guji province, Oromia state, 12 Feb. 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




#OromoProtests continues in Mandi and Manasibu, 11 Feb. 2016



https://www.oromiamedia.org/2016/02/11/or
oduu-gur-10-2016/
OMN: Qophii Xiyyeefanna Gur. 10, 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/02/10/om
qophii-xiyyeefanna-gur-10-2016/
OMN: Oduu Gur. 09, 2016

OMN: Oduu Gur. 09, 2016




State Department Briefing on the situation in Oromia, February 9, 2016
February 11, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## #OromoProtests continues in Chorora town, Anchar district , West Hararge, Oromia, 10 February 2016.

Guyyaa hardhaa Godina Hararge Lixaa, Aanaa Ancaar Magaalaa Cororaa keessatti hiriirri geggeeffamaa oole. Hanga ammaa namni 11 hidhamee jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests continues in Saransari town, Goro Dola, Guji Province, Oromia, 10 February 2016.



Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo (SQ)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Qophii Guraandhala 9, Bara 2016
February 10, 2016

## Shaggar Lixaa Keessa Diddaan Jabaachuu Irraan Daandiin Konkolaataa Bakkoota Hedduutti Cufamaa Jira.
February 9, 2016



Gurandhala 9,2016 Godina Lixa Shaggar Aanaa Jalduutti Goototni barattootni Oromoo Warraaqsaa FXG jabbeessuun Sababa gaaffii mirgaa gaafatneef Uummatni Oromoo jumlaan ajjeefamee, Jumlaan hidhaatti Guuramee, jumlaan Madeeffamaa Waan Jirruu fi Waraanaan Shororkeeffamaa waan jirruuf barnoota itti hin fufunu, barri baranaa guutummaan isaa bara qabsoofnee bilisummaa keenya itti gonfannudha jechuun diddaa isaanii jabeessuun itti fufan, Warraaqsii kun aanaa Jalduu Magaalaa Boonii keessatti haalan jabachuun itti kan fufe yoo ta'uu,

Daandiin Konkolaataa Giincii gara Jalduutti geessuu gidduu bakkoota hedduutti dhagaan cufamee jiraachuun ibsame jira. Waraannii mootummaa Wayyaanees daadii banuu fi uummataa daandii adeemuu shororkeessuu irratti argama, gabaasaa kanaa badhinaan ni dhiyeessina.

Kana Malees Godinalee Lixa Shaggar Aanotaa Garaagaraa keessaatti Barruuleen Warraaqsaa haalaan uummataa Qabsootti jabeessanii fi waamicha Hiriiraa mormii FXG' of irraa qaban haalaan facaafamaa jiru, Uummatnis dhumnee dhabamna malee Sirna Wayyaanee EPRDF/TPLF/OPDO jalatti tasuma deebinee hin bullu jechuun murtoo isaa waliif ibsa jira.

---

## Paartiin Mootummaa Biyya Germany Bulchu Ambaasadara Itiyoophiyaa Kan Ta'e Kumaa Dammaqsaan Miidhama Biyya Oromiyaa Keessa Jiru Irratti deebii Akka Kennuuf Yaame.
February 9, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



CDU/CSU Fraktion im Deutschen Bundestag

CDU/CSU-Fraktion im Deutschen Bundestag • Platz der Republik 1 • 11011 Berlin

Erika Steinbach MdB
Vorsitzende der Arbeitsgruppe
Menschenrechte
und humanitäre Hilfe

Platz der Republik 1
11011 Berlin

T 030. 227-77919, /-51339
F 030. 227-76919 /-56329

erika.steinbach@bundestag.de
www.cducsu.de

Herrn
Pfarrer i.R. Gerd Decke
Berliner Missionswerk
Georgenkirchstraße 69/70
10249 Berlin

Berlin, 3. Februar 2016

**Blutige Niederschlagung friedlicher Demonstrationen in Äthiopien**
***Ihr Schreiben an Volker Kauder vom 14. Januar 2016***

Sehr geehrter Herr Decke ,

vielen Dank für Ihr Schreiben vom 14. Januar 2016, in dem Sie u.a. den Vorsitzenden der CDU/CSU-Bundestagsfraktion auf die sehr besorgniserregende aktuelle Situation in Äthiopien angesprochen haben. Volker Kauder hat mich als die zuständige Vorsitzende der Arbeitsgruppe Menschenrechte und humanitäre Hilfe darum gebeten, Ihnen für die CDU/CSU-Bundestagsfraktion zu antworten.

Sie haben das Schreiben auch an die Vorsitzenden der Bundestagsausschüsse für Menschenrechte, Auswärtiges und Wirtschaftliche Zusammenarbeit und Entwicklung versandt.

Der Vorsitzende des Ausschusses für Menschenrechte und humanitäre Hilfe, mein Kollege Michael Brand MdB, wird das Schreiben zum Anlass nehmen, um den Botschafter der Demokratischen Bundesrepublik Äthiopien in Berlin, S.E. Herrn Kuma Demeksa Tokon, zeitnah zu einem Gespräch mit den Ausschussmitgliedern einzuladen und in diesem Zusammenhang auch die jüngsten massiven Menschenrechtsverletzungen in Äthiopien zu thematisieren.

Mit freundlichen Grüßen

Erika Steinbach MdB

## FXG Har'a Guraandhala 09,2016Godina Gujii Aanaa Sabbaaboruu Magaalaa Darmee Keessatti Itti Fufee Jira

February 9, 2016

---

**Oromo Protests have spread to southern Oromia since last week to "stop the leeching tycoon and monopolist Alamoudi," according to the protesters.** Al Amoudi is a famous monopolist of many businesses in Oromia – including gold mining, cement factory (Derba query), tanneries and farms. Al Amoudi is one of the richest persons in Africa and the world, according to the U.S.-based *Forbes* magazine.

Al Amoudi's companies are criticized for failing to share profits with indigenous communities they work around (especially, in the gold mining in Guji Zone and the Derba cement query in Shawaa), and for failing to give back to the community in general; other business owners in Oromia, especially local small-business owners, also accuse Al Amoudi's companies for receiving preferential treatments from the government and for engaging in predatory business practices to monopolize sectors of the economy. No where is this predatory practice evident than the dairy business; Oromo smallholding dairy farmers in Shawaa, especially those around Finfinne/Addis, were recently attacked in a vicious way by falsely propagating, through state-owned and government-affiliated media, that the milk from these smallholding dairy farmers causes

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com


cancer – this was done, in part, to promote Al Amoudi's dairy company, *Shola Milk*, and also to drive the Oromo smallholding farmers out of their land through bankruptcy. Oromo Protesters say such abusive and predatory business practices must stop.

The government is also blamed for evicting thousands of Oromos, without compensations, to make land available to Al Amoudi's companies whenever they request for it – especially in the gold mining region in Guji and the Derba query in Shawaa. In addition, Al Amoudi's companies are said to have no regard for the environment; for instance, the leather/tannery and flower/horticulture companies in Oromia release toxic cancer-causing chemicals without any environmental treatment.

In many ways, Al Amoudi epitomizes what's wrong with the current federal arrangement of Oromia in Ethipia, according to the Oromo Protesters; Al Amoudi is given the green light to "develop" in Oromia by the Federal Government in Addis Ababa – which itself is controlled by Tigrean elites of the TPLF/EPRDF ruling party; in many, if not all, cases, the business arrangements between the Tigrean-headed Federal Government and Al Amoudi are not transparent to the Federal Regional State authorities of Oromia.

The following is a report on the ongoing Oromo Protests against the "leeching tycoon and monopolist Alamoudi" in the gold-rich Guji Zone of Oromia; the protests have been staged since the mid of last week (starting around February 4, 2016, according to media reports). The government, as usual, relied on brute force to respond to the protests; the latest report says at least 1 Oromo person was killed, and 3 Oromo persons were critically wounded by the government's special force, *Agazi*.   *Read more at:-*

> Oromo Protests Aim to Stop "Leeching Tycoon and Monopolist Alamoudi"



## #OromoProtests continues, Abaro Village, Shashemene District West Arsi, Oromia, Feb 8, 2016.

Guyyaa hardhaa Guraandhala 8 bara 2016 Godina Arsii Lixaa Aana Shaashamanne Ganda Qotee Bulaa Abaaroo keeysati hawaasin Mormii akkaan jabaaf ho'aa tahe dhageeysisaa olera .

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Har'a Gurandhala 8,2016 Godina Gujii, Aanaa Gooroo Doolaa, Magaalaa Haaraqalloo Keessaatti FXG Gaggeefamaa Jira

February 8, 2016

https://videopress.com/v/UpVcseHV?hd=0&autoPlay=0&permalink=0&loop=0

Har'a Gurandhala 08,2016 Godina Gujii Magaalaa Harqalloo Keessatti FXG Itti Fufe.

February 8, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





## Har'a Gurandhala 8,2016 Waliiso Mana Bartumasa Garasuu Dhukii Sadarkaa 2ffaa Keessaatti Barattooti FXG Gaggeessaa Jiru

February 8, 2016

#OromoProtests Waliso irraa :Waraqaan guyyaa sanbata dura irra eegalee hanga har'atti faca'aa ture har'a ganama garuu barattoonni Mana barnootaa Garasuu Dhukii Sadarkaa 2ffaa fi Mana barnootaa 2ffaa Biiftuu qoruumsa hin qoramnu hanga dhiigni ilmaan Oromoo dhangala'aa jiruu fi hidhaan Oromoo irraa dhaabbatuti jedhani dhaadannoodhan bahan barata kutaa 10ffaa Mokonin /Qeerraansoo jedhamu baayee rebame.

Barattoonnii Waliso kunneen dhaamsa barattoota hiriyoota isaanii Kan Bachoo, Sooddoo, Ammayyaa fi Oromoo guutuuf illee ka'aa qabsoon keenya itti fufa hanga Mirgii Oromoo kabajamutti kan jedhan dabarfatan jedha oduun Waliso irraa nu dhaqqabde.

## Godina Wallaggaa Bahaa Onoota Nuunnuu Qumbaa fi Waamaa Hagalootti FXGn itti fufee jira

February 8, 2016

**Guraandhala 8,2016** Humni diinaa Nuunnuu Qumbaa, Magaalaa Adaree keessa qubatee uummata nagaa gidiraa ture gara aanaa Waamaa Hagaloo Magaalaa Qassoo fi Killoo jedhamanitti ce'ee uummata gidiruu itti fufus uummati jalaa hin shishne!.

Guyyaa kaleessaa humni agaazii Waamaa Hagaloo fi Nuunnuu Qumbaa irraa gandoota walitti aanan Furdisaa, Baanqoo kanneen jedhaman Nuunnuu Adareetii weeraree waamaatti ce'uun gandoota Buttujjii Qassoo fi Goossanii Killoo jedhaman weeraree oole

Yeroo kanatti Jalee Dabalaa Ayyaanaa jedhamu Agaaziitti daandii fi sabboontota agarsiisaa kan ture ganda Goossanii Killoo keessatti tarkaanfii irratti fudhatameen waraansa garmalee waraanamuun hospitaalatti ergamuun

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

isaa beekameera.Yeroo kana uummati gamtaan ka'ee Humnoota agaazii ofkeessaa ari'uun Bilisummaa isaa wayita labsatutti, Bulchaan aanaa Waamaa Hagaloo Tamasgeen Ittaanaa humnootuma aga'aaziin qabamee achi buuteen isaa dhabamuun beekameera.Ona Nuunnuu Qumbaa irraas jaleewwan OPDO hedduun Humnoota aga'aaziin to'atamuu maddeen keenya hubachiisaniiru.Waan kanaan booda OPDOn carraa fincila ummatatti makachuun ala carraa biraa akka hin qabne dhaamuufi feena!

https://youtu.be/Xn-iu_FWpUM

## OMN: Oduu Gurraandhala 8,2016

https://www.oromiamedia.org/2016/02/09/omn-oduu-gurraandhala-82016/

https://youtu.be/4O7xb7S6ATA

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Amharic News Feb. 06, 2016

Amharic News Feb. 06, 2016



https://www.youtube.com/watch?v=zkcEPK9J2q4

https://www.youtube.com/watch?v=W1YLjw7-JU4

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.youtube.com/watch?v=a2irmKDL7ts&feature=share

OMN, Oduu Guraandhala 5 bara 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/02/06/omoduu-gur-05-2016/

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OromoProtests continues in Karra/ Chiracha town, Gurawa district, East Hararge Feb 7, 2016

Har'a Harargee Bahaa Aanaa Gurawaa magaalaa Karraa ykn Cirraachaa keessattii barattoottafi dargaggoonnii akkasuma daa'imni umrii waggaa 10 hin caallee illee osoo manatti hin hafin ganama sa'attii 3 irraa hanga sa'attii 8ttii hirriira bahuun mormii qaban dhaggeessisaa oolaan.



#OromoProtests: Gujii zone, Jiddoola town, Southern Oromia, Feb 6, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## FXG Godina Gujii Magaalaa Jiddola fi Diddaa Shamarran Oromoo Hararge Baha Magaalaa Awadaay Cidha Irratti Taasisan.

February 8, 2016

## #OromoProtests– (February 5 2016, Gujii, Oromia)

#OromoProtests: February 5, 2016 Oromo Protests continues in various districts of Guji Zone against Medroc Exploitation. Farmers from various villages march to the town chanting " Okkote is our land, Al Amudin is our enemy". Okkote is one of the mineral deposit sites that is to be given to Medroc/ Al Amudin.

Ummanni Godina Gujii mormii saamicha albuudaa jabeessee itti fufee jira. Kan

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

agartan kun yeroo ummanni baadiyyaa dhaadannoodhaan gara magaalaa bayaa jiruudha.
Okkoteen lafa teenya Alaamuddin diina keenya
Lagi Dambi lafa teenya, Alamuddin diina keenya" jechaa deemaa jiran.



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



On February 5, 2016 fascist TPLF security forces and Agazi were terrorizing people of Ginici (Ginichi) town in fear of protests; every corners was under military siege.

Suuraan armaa gadii kun kan magaalaa Gincii kan Shawaa Lixaa keessatti argamu irraati . Guraandhala 5 bara 2016 humni waraanaa fi agaazii egumsaa cimaa magaalicha keessatti gochaaoole; humni dbalataas ergamee jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



#OromoProtests in Girawaa (Doguu town), E. Hararghe, Oromia, 5 February 2016

Oromoonni Harargee Bahaa, aanaa Gurawaa, magaalaa Doguu dabablloota OPDO qaanessan. Akka dababIleen OPDO olola jalqabdeen ummanni walgahii dhiitanii bahan; dargaggoo fi baratoota magaalaa wajjiin waliti makamuunis mormii qaban dhagesisan.Ummati Oromoo jajjaboo kunneen walgahii gaafa Guraandhala 4 bara 2016 DhDUOn waamte irratti diddaa fi mormii isaanii mul'isuun ololli fi sobni OPDO akka fashalu godhan.



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Gootota Oromoo Onnatoo Kamisee Walloo

February 6, 2016

Guraandhalaa 5, 2016 Godina Baha Wallaggaa aanaa Nuunnuu Qumbaatti Warraaqsii FXG Qeerroo dargaggoota Oromoo fi Uummataan daran jabaachuun itti fufee jiraachuun Qeerroon Nuunnuu gabaasee jira, Konkolaataan Bulchiinsa Wayyaanee tokkos barbadooftee jiraachuun ibsame jira.

Aanaa Nuunnuu Qumbaa bakka Magaalaa Adaree jedhamuun beekamtutti Warraaqsii uummataa fi dargaggootaan jabaachuun kan itti fufe, yoo ta'uu uummatni Oromoo fi Dargaggootni Oromoo Aanaa Nuunnuu Qumbaa Waraanaa Agaazii fi Dabballoota wayyaanee konkolaataan socho'anitti daandii cufuun Diddaa isaa jabeessuun konkolaataa wayyaanee tokko hojiin ala gochuun warraaqsaa finiinsan, gaaffii mirga abbaa biyyummaaf diibiin hanga nuuf kennamutti kanfaltii Gibiraa fi Buusii kamuu hin kaffallu, mootummaan Kufeera isin jalatti hin bulluu, Jaleen Wayyaanee OPDO'n Diigamteetti, kanaan booda Ofiin of bulchina jechuun warraaqasaan waraana wayyaanee dura dhaabbatan. Mootummaan Wayyaanee Guyyaa har'aa konkolaataa bulchiinsaa Aanaa Nuunnuu Qumbaa barbaadessitaan jechuun Uummataa Magaalaa Adaree jiraatu irraatti waraana Agaazii bobbaasee jiraachuun ibsame jira.

OMN: Oduu Gur. 04, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.oromiamedia.org/2016/02/04/oroduu-gur-06-2016/

## Ummati Oromoo Gujii Tokkummaan Ka'uun Barattoota Oromoo 8 Hidhaa Wayyaanee Jala Jiran Baafatan.

(4.02.2016, #Gujii, Oromiyaa) Ummati Oromoo Gujii gootummaa isaaniitiin barattoota saddeet mana hidhaatii baafatan. Ummati gamtaan bahuun pooilisoota aryatee baratoota 8 hidhaa keessaa baasee fudhatee galeera. Diddaa fi mormii seena qabeessa kanaan humna wayyaanee raasaa jiran.Humni dabalataa Hawaasaa irraa gara sanatti ergamaa jira. Ummati karaa cufee akka of eegagtu dhaamsi darbee jira.

Akkasumas humni warraanaa biraa kaampii 147 naannoo magaalaa Meeggaa Dubluq jirurraa gara Bulee Horaa kaatee jirti waan ta'eef uummati akak of eeggatu dhaamsi darbee jira,

Kana malees, yerooammaa naannoon Daawwaa, Ejersaa Gooroo, Bulchiinsi magaalaa Haya Diimaa fi gandi Booree Obbitti humnaa waraanaatiin dhunfatamtee jirti.





**Gurandala 4,2016** FXG godina Booraana fi Gujii keessatti Har'a Guraandhala 4/2016 mormii Albuuda qabeenyaa oromiyaa saamamaa jiruu fi FXG oromiyaa keessatti
dhaabbatummaan itti fufee jiru sirna wal harkaa fuudhinsa Fincilaatiin Qeerroon godinaalee lamaan kanatti jabaassuun yeroo ammaa adda duree
tahee argamaa jira.
Addatti fXG Bulee Horaatti gaggaaffaa ooleen uummanni
magaalicha guutummaatti baadiyaa keessaa fottoqee bahee jira. kumaatama guddaadhaan kan lakkaawamu daandii bakka 8 olitti cufuudhaan FXG finiinsaa oolera. Kun gabaasa godina Booranaa irraa nu qaqqabe yoommu
tahu oromiyaa gara lixaa
- Shawaa lixaa
- Wallagga bahaa fi
- Shawaa kibba lixaatti kan wal irraa hin cinneen har'as yeroo dhumaaf FXG itti fufeera.

Shawaa lixaa Gindabarat, akkuma duraatti itti fufuun shawaan kibba lixaa Wallisoon akkuma duraan maanguddodhaan of bulchaa jiranitti
qabsoon keenya hanga oromiyaan bilisoomtutti kan jedhamun FXG kana fiixaan baasuuf haaressanii itti fufaniiru.
- Oromoon ka'ee Bilisummaa isaaa haa mirkaneessu
- Lafti saamame galuuf ka'eera ka'ii fiixaan baafadhu
- Qeerroon Bilisummaa ka'I uummatakee kaasi
- Wayyaaneen biyyaaf hin dhaabbanne lammisheef lafa oromoo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

saamtee kennaa jirti yeroon ka'ii dura dhaabbadhu
- WBOtu nutty urgaa'e
- Abbaan keenya ABOn yoom nuuuf galaa? Yoom nuuf dhufaa? Jechuun dhaadannowwan kunneen magaala Wallisoo fi Jalduu keessatti har'a dargaggootaan dhageessifamaa ooleera. FXG isa xumura gabrummaatiin bifa jijjiiirratee itti fufeera.

## FXG Aanaa Jiddaa Magaalaa Sirxii Keessatti Haala Jabaan Deemaa Jira

February 3, 2016

## Gurraandhala 3,2016 Goototi Dargaggoonni Oromoo Baha Harargee Baadiyyaa Baddannoo Keessatti FXG Itti Fufan

February 3, 2016
https://videopress.com/v/zikqhDHt?hd=0&autoPlay=0&permalink=0&loop=0

**Gurraandhala 3,2016** Ajajaan Humna Agaazii Dassalenyi Fiqaaduu Jedhamu humna hin beekamneen yeroo ajjeefamu,konkolaataan isaas 3l jedhamu naannoo Gaara Korbuutti akka barbaadoofte gabaafame.Baha Wallaggaa Aanaa Nuunnuu Qumbaa Keessatti FXG Ademsifamaa jiru daran hammaachaa dhufuun Oromoonni hedduu waraana Wayyaanee Agaaziin yeroo ajjeefamanitti humna Wayyaanee irras miidhami gahaa jira.Guraandhala,3,2016 FXG Halkan edaa jalqabameen wal qabatee sodaaf raafama guddaa keessa mootumma gabronfataa kan galcheera yoo ta'u.ummatis sochii warraqsaa banbansisaa jirun daran jabaatee gaaffii mirga abbaa biyyummaa gaafataa jira.Haaluma kanaan eda halkan naannoo tabba Korbuutti Konkolaataa 3L qabeenyaan kan diinaa taate tokko humna addaan guutummaan guututti gubatte (barbadofte) Akkasuma humni Wayyaane ajajaa Agaazii Dassalenyi Fiqaaduu nama jedhamu humna hin beekamneen ajjeefamuun gabaafame. Fincilli kun achumatti kan argamtu magaalaa Adareef Waamaa Hagaloo magaalaa Qasso kan itti fufee jiru yoo ta'u Agaazii hedduminaan achitti fe'amaa jirachuu beekamee jira.

---

## https://soundcloud.com/gadaa-oromo-radio/dassi-gonfaa-jarrii-waraabessi-new-oromo-protest-music?utm_source=soundcloud&utm_campaign=share

Tamsaasa Raadiyoo OMN (Gur. 3, 2016)

converted by Web2PDFConvert.com




Oduu Gur. 02, 2016



## #OromoProtests, (3 February 2016, Gujii, Oromia)

#OromoProtests in Sabbaa Boruu district of Guji zone, Oromia. In addition to the national agenda, protesters are marching exploitation of minerals by Al Amudin without no benefit to locals.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



#OromoProtests ,Nuunnuu Qumba, Waamaa Adaree, East Wallaggaa, Oromia.

3rd February 2013

Last evening around 11 PM local time,Agazi soldiers raided a wedding in Adare town, Nunu Qumba District in East Wallaga and attacked youngsters who were partying during weeding. They told them not to sing particular song. Clash erupted Agazi soldirs shot one young man who is in critical condition and villagers destroyed vehicles that brought the Agazi's. Tense situation remains in the town as farmers have closed all roads leading to the town.You might recall the news about Agazi raiding a wedding in Arjo Gudetu near Naqamte wounding three people one of whom died later. Similarly in Elu ababor, they shot Fitsum Abate

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

on the eve of his wedding for playing music to entertian his groomsmen. Groom survived the headshot but reportedly blinded.

Eda galgala halkan keessaa naannoo sa a 5 akka sa'atii itophiyaatti G/W/B aanaa nuunnuu qumbaa magaalaa adareetti dargaggoota cidharratti sirban agaziin deemanii reebanii mucaa tokkorratti miidhaa cimaa waan gessisaniif ummati aaree bulchiinsa magaalaa,bulchiinsa gandaa gubuun konkolaataa jarri ittiin deeman caccabsee daandii nuunnuu hanga magalattii cufee gaala ammaataa keessa jiru.

The person who was shot in Adare town, Nunu Qumba district of East Walaga has been identified as Desalegn Fikadu. Currently the Agazi is terrorizing people forcing residents to vacate the town seeking refuge in neighboring rural villages.

Namni galgala Wallaga Bahaa Aanaa Nuunnuu Qumbaa magaalaa Adaree keessatti Agaazin rukutame Dassalany Fiqaaduu akka ta'e beekamee jira. Yeroo ammaatti Agaaziin magaalatti weereratee ummata shoorarkeessaa waan jirtuuf ummannai jiraattonni hedduun magaalaa gadi lakkisanii baadiyyaatti dahoo galaa jiran.

Jawar Mohammed, Social Media, 3rd February 2016

## Guraandhala 1/2016 Wa rraaqsii FXG Godina Lixa Shaggaar Aanaa Calliyaa fi Aanaa Midaa Qanyiitti Jabach uun Uummatni fi Darg aggootni Halakanii G uyyaa Labsii Dabarfa chuun Kaffaltii Gibr aa fi Buusiiwwaan Ga lii Mootummaa Taan Kamuu Akka Hin Kaffa llee Ibsatan!!

February 3, 2016

Uummatni Qonnaan bultootni Oromoo fi Dargaggootni Oromoo Gandoota baadiyaa fi magaalaa hunda keessatti walitti dhufuun bittaa mootummaa abbaa irree waraanaan nu bulchu jalaa waareegama qaalii uummatni Oromoo Oromiyaa guutuu irratti kanfalaa jiruun bilisummaa keenyaa guutummaatti labsachuu qabna jechuun dhaamsa qabxiiwwaan armaan gadii of keessa qabu dabarfachuun Warraqsaa Xummura Gabrummaa(FXG)n keenya bilisummaa keenya labsachuun mirkanaaa jechuun labsii dabarfatan.

1. *Uummatni Oromoo hundii kanfaltii gibiraa fi buusii mootummaa wayyaanee ilaallatu kamuu akka hin kaffalle murteeffannee, namni tokko kanfalee yoo arargamee tarkaanfii isa dhumaa kan irratti fudhannuu tauu ifatti beeksifannee jirra!!*

2. *Bulchitootni gandaa hundi carraan isin amma qabdan uummata keessan waliin hiriiruu malee hojii mootummaa abbaa irree waraanaan nu bulchaa jiruu gaggeesina jettanii ergama wayyaanee rawwachiisuuf maqaa walgaiis haa tauu marii bifa kamiin iyyuu uummata keenyaa walitti qabuuf yaalii tokko gootanii yoo argamtanii fi maqaa gibra kanfalaa jedhuu yoo kaftan rakkoon ulfaataan jireenyaa keessanii fi maatii keessan kan mudatuuf qaamni itti isiniif gaafatamuu akka hin jirre hubachuun akka of adabattanii teessan hubachiifna!!aangoo ganda bulchuus isin irraa kaafnee hanga muutummaa mataa keenyaa hundeeffannuutti ofiin kan of bulchinu tauu gadi jabeessinee hubachiifna!!*

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

*3. Mootummaan Wayyaanee Waraana nurratti labsee Komaandi Postii maqaa jedhuun waraanaan yakkoota Ajjeechaa, hidhaa, madeessuu , saamichaa fi Gudeeddii uummata keenyarratti rawwachaa jiruu seeratti dhiyaachuun itti gaafatamuu qaba!!*

*4. Master Pilaaniin Finfinnee fi Labsiin Magaalota Oromiyaa haqamuu amantaa tokko illee hin qabnu, mootummaan abbaa irree master pilaanii haqeera, gaaffiin uummata sirriidha jechaa jiruu, maaliif gaaffii na gaafattaan maaliif master pilaanii mormitan jechuun uummata Oromoo hidhaa, ajjeesaa , madeessaa fi waraanaan uummata keenyaa hiraarsaa waan jiruuf Master pilaaniin Finfinnee ifatti haqamuu isaa mootummaan federaalaa labsee yakka sababaa kanaan rawwatameef itti nuuf haa gaafatamu!!*

*5. Gaaffii mirga abbaa biyyummaa, abbaa qeeummaa, abbaa lafummaa fi dimookiraasii gaafatneef deebiin nuuf haa kennamuu!!*

*6. Ilmaan Oromoo hidhamaan hundii haal duree tokko malee haa heiikaman!!*

*7. Ilmaan oromoo ajjeefamaniifi madeeffamanii fi qabeenyaa isaanii loltuun saamaa jiruuf mootummaan EPRDF/TPLF/OPDOn itti gaafatamuu qaba!!*

*8. Mootummaan Ceumsaa(yeroo) nuuf haa hundeeffamu, malee sirna waraana nurraatti labsee qawween nu bulchaa jiruu jalatti dirqamnee hin bullu jechuun labsii isaanii barreeffamaan gandoota baadiyyaa hundatti raabsuun, dabalataan immoo dargaggootni gandoota baadiyyaa Aanoota lameen keessa naannauun wallee warraaqsaa bilisummaa faarsan sirbuun dabarfatan.*

---

## Mootummaan Wayyaanee Godina Wallaggaa Anaa Jaarsoo Keessatti FXG Walqabatee Barattoota 26 Irratti Namoota 29 Ragaa Sobaa Waamuun Mana Murtiitti Dhiheessite.

February 3, 2016



**Guraandhala 2, 2016**


Wallagga Aanaa Jaarsoo Mana Murtii Jaarsoo Keessatti Barattoota Oromoo FXGn himatamanii ragaa sobaa itti qindaayee kanneen hidhaa jiran har'a





Guraandhala 2,2016 suuraa muldhisu dha.

Haaluma kanaan guyyaa har'aa motummaan Wayyaannee gaaffiin master pilaniin gaafii sirridha ni dogogorree osoo jedhu baratoota gaaffii mirgaa gaafatan mana murtiitii dhiyeessun Kaabinoota isaaf poolisii dabalatee baratoota 26 irraattii ragaa sobaa namoota 29 qophessun akka addabaman gochuuf bartootaf ummataa gidirsaa jira… bartoota himaatamaniif….namoota irraattii ragaa ba'aan listii akka armaa gadii

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




ta'a.

Share

https://www.youtube.com/watch?v=MMO08gwW1Zo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

**Gurraandala 1,2016** Godina Shaggar Aanaa Abuunaa Gindebert Keessatti Hojjettooti Mootummaa Hojii Gadhiisanii Gara Finfinneetti Godaanaa Jiru. Milishoonnis Meeshaa Lafa Kaayanii Uummatatti Makamaa Jiru

Ammajjii gaafa 26,2016 irraa eegalee hojjettooti mootummaa dhalootaan ilmaan Oromoo kanneen ta'an hojii aanaa irraa hojjetan hojii idilee isaanii gadhiisuun naannoo aanaa Abuunaa Gindebrat dhiisanii gara Finfinneetti godaananii jiraachuu Qeerroon gabaasa.

Gandoonni aanaa Abuunaa Gindebert irra jiranis dura ta'aa fi tokko Shanee fi kanneen kaan hojii fi dirqama Wayyaanee lagachuun meeshaa isaanii lafa kaayuun qabsoo uummataatti dabalamaa jiru.

---

**Guraandhala 1,2016** Sochiin warraaqsaa FXG yeroo yeroon jabaacha osoo jiruu Mootummaan Wayyaanee yeroo ammaa kana maqaa Boqonnaa Semistera jedhuun manneen barnootaa kanneen duraan hafan iyyuu cufaa jira.Maqaaf boqonnaa Semisteraa haa jedhamu malee Oromiya keessatti sirni barnoota semistera duraa kana utuu hin gaggeeffamiin hafee jira. Godinalee Oromiyaa kanneen akka Lixa Shawaa, Kibbaa Lixa Shawaa(Walisoo), Wallagga Bahaa, Horroo Guduruu Wallaggaa fi Wallagga Lixaa keessatti sirni baruu fi barsiisuu warraaqsaa fi waraanaan goolamuun walqabatee guutummaatti hin aggeeffamne.

Godinaalee Baha Oromiyaa Harargee Lixaa, Harargee Bahaa, Arsii Lixaa, Baalee, Booranaa , Gujii fi Godina Kaaba Shaggar (Saalaalee) keessattis haaluma walfakkatuun sirni barnoota ugguramee utuu jiruu maqaaf semisteera tokkoffaaf boqonnaa torbee lama kennuun cufamee jira jechuun labsatani. Akkasumas kan dhaabbilee barnoota olaanoo fi Yuunivarsiitoota addaatti waraanaan waldhansoo ulfaataa keessa waan jiraniifi barattootni hedduun durumaan iyyuu mooraa Yuunivarsiitii gadhiisuun gara maatii isaanitti deebi'anii waan jiraniif barnootni hin gaggeeffamne.Amma semistera 2ffaa kanatti immoo murtii waliigalaa dabarfachuuf gamtaan Barattoota Oromoo marii guddaa gochaa jira.

---

## oltooti Wayyaanee Itiyophiyaa Godina Hararge Magaalaa Qobboo Keessatti Uummata Bahaa fi Galma Dhorkaa Jiru.

January 31, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com









በም ዕራብ ወለጋዋ ጉደቱ አርጆ በሰርግ ላይ በተካሄደው የኦሮሞ ተቃውሞ የሰው ሕይወት ጠፋ (Jan. 27, 2016)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Amajjii 31, Bara 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/01/31/odama-31-2016/
Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo (SQ)
Amajjii 30, 2016/Gaaffii fi Deebii Jaal Diiramuu Cabsaa Hoggansa Qeerroo Keessaa Tokko
Waliin Ta’e
January 31, 2016

---

https://www.youtube.com/watch?v=ZUjLZ5b_WW0

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.youtube.com/watch?v=uTZAN19jEMM

---

OMN: Oduu Amajjii 30, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/01/30/omn-oduu-ama-30-2016/

https://www.youtube.com/watch?v=zkJbPww3zak

OMN: Oduu Amajjii. 29, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/01/30/omn-oduu-ama-29-2016/

Godina Wallaggaa Magaalaa Gidaamii fi Jimmaa Horroo Akkasumas Gada Burii Jedhamu Keessatti FXG Itti Fufee Oole.

January 30, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Guyyaa Har'aa Amajjii 29,2016 Godina Wallaggaa aanaa Gidaamii fi Jimmaa Horroo akkasumas ganda Burii jedhamu keessatti FXH haala jabaa ta'een gaggeeffamaa oole,Warraanni Wayyaanee haala kanatti rifates jiraattotaa fi barattoota qabee hidhuu fi gidirsuu itti haa fufu malee uummanni naannichaa jabinaan loltoota Wayyaanee of irraa dhorkaa oolanii jiru jedha Qeerroon.

#OromoProtests @Holota, Oromia, 29 January 2016



#OromoProtests @Abote, n. Shawa, Oromia, 29 January 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



#OromoProtests @ Amuruu High school Students, Horroo Guduruu, Oromia, 29 January 2016





## Waraanni Wayyaanee Yuniversitii Finfinnee Naannoo Kiloo 6 Marsaa Oole.

January 30, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com









Har'a Amajjii 29,2016 FXG mooraa Yuuniversitii Finfnneetti ka'a sodaa jechuuun har'a poolisii fi waraanni nannicha qubatee marsaa oolera. Suuraan asirraa argitan kun galma 1ffaa mooraa yuuniversitii kiiloo 6 irratti argamu tahee namoota nagaa qabanii gadhiisuun akka waan FXG kana dura dhaabbachuun itti milkaa'uu abjoo'atuutti yaadanii olii gi gadi waraana isaa mootummaan Wayyaanee kaachisaa jiira.
Mooricha keessattis halkan edaa waraqaaleen dhaadannoo garagaraa Qerroodhaan bittimfaman
-Wayyaanee kana booda haa gaggeessinu
-Gumaa barattoota keenya wal taanee haa baasnu
-Yeroon Bilisummaa gaheera
-ABOn nuuf galuuf sagaleen dhaga'ameera
-WBOn abdii keenya boodatti hin deebinu
-FXGtiin oromiyaan ni bilisoomti
-Oromiyaan kan oromooti
fi kanaa olitti dhaadannoolee waraqaalee adda addaatin faca'ee bule mootummaa wayyaanee abbaa irree daran yaaddessuun har'a hoomaa waraanaa naannoo mooraa barnootaa yuuniversitii kiiloo 6 qubachiise oolera.

## Waraanni Itiyophiyaa Wayyaanee Dararaa Dargaggoota Oromoo Sulultaa Irraan Gahaa Jiru.

January 30, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com










Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





em bed]https://www.youtube.com/watch?
v=KA2TE6dBLE4[/em bed]

ODUU

converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Ama. 28, 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/01/29/omn-oduu-ama-28-2016/

https://www.youtube.com/watch?v=nwftTzV9jR8&feature=share
https://www.youtube.com/watch?v=9s4Bsac-sZo

https://www.oromiamedia.org/2016/01/27/omn-guyyaa-wbo-masrii-kaayroo/

## Amajjii 28/2016 Goototni Qeerroo Barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa Waadaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo FXGf Qaban Irraa Deebiuun Haaromsatan

January 29, 2016

Amajjii 28/2016 Gootoṭni Qeerroo Barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa Waadaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo FXGf qaban irraa Deebiuun Haaromsachuun Mootummaa Wayyaanee EPRDF/TPLFtti Xummura gochuuf kan jiran tauu diddaan ibsatan. Gootoṭni Qeerroon Barattoota Oromoo Waraanaa Mootummaa Wayyaanee Mooraa Dhihaa Biyyatti Magaalaa Jimmaa keessatti argamuun halkanii guyyaa gidirfamaa utuu jiranii wareegamaa qaalii dachaan kanfaluuf qophii fi murannoo isaanii waadaa isaanii jabeessuun T-Shirt Suuraa Gooticha Oromoo Generaal Taddasaa Birruu qabuu fi Dhaamsa Lammiin barate, gaaffii mirgaa gaafata jedhuu fi Handhuurri lafa keenyaa Hin muramtu harmeen keenya Waadaa seenneerra lafeen eegna" jedhuu hojjechiifachuun Uummatanii ejjeennoo isaanii jabeeffachuun Mootummaa Wayyaanee aangoo irraa qaarisuuf qabsoo wal irraa hin Citne FXG Oromiyaa cufa keessatti adeemaa jiruu daran jabeessuun kan finiinsaa jiran tauu ibsatan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com







Haala Sirna Awwaalcha Dargaggoo Gammachuu Xilaahun Magaala Najjoo Wallaggaa Keessatti Kan Waraana Wayyaaneen Wareegamee.

January 29, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## FXG Harage Baha Aanaa Meettaa Magaala Gooroo Muxii Keessaatti Amajjii 28,2016 Gaggeeffame

January 29, 2016

## Barruuleen Warraaqsaa fi Waamicha Qabsoo Xumura Gabrummaa Magaalaa Naqamtee Keessatti Daran Faca'aa Jira.

January 29, 2016




Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



**Amajjii 28,2016** Sabboontoi Oromoo aanaa Buunaa Gindereti Keessatti loltoota Wayyaanen baatii tokko dura qabamanii hidhaa keessatti dararamaa jiraachuu isaanii Qeerroon gabaase. .
Kanneen kunis
1. Barsiisaa Moosisaa Lataa
2.Barsiisaa Baayisaa Dhaabaa
3. Bart Dhabbaa Kinfee
4. Masarat Dachaa
5. Amaanuu Dachasaa
6. Shaaru Gutama
7. Lammeesaa Ergabus
8. Girmachoo Dilii
9. obbo Lataa Hordofaa nama umuriin isaan guddaa kan ta'e poolisii federaalaan qabamii mana hidhaa aanaa Abuuunaa Gindabarat keessatti baatii tokko oliif dararamaa jiru.

Halkan edaa Amajjii 27,2016 Barruuleen warraaksaa,alaabaan addabilisummaa Oromoo aasxaan Qeerroo fi dhaadannowwan garaagaraa naannoo Yuunibarsiitii Wallaggaa mooraa Yuunibarsiitichaa tii qabee hanga waraaba sukukkee akkasumas magaalaa Naqamtee kutaalee garaagaraatti faca'an

Waraqaleen maxxansaman kun
Kan nu ajjeese nun bulchu
Kan nuajjese seeratti haa dhiyaatu
Bulchiinsa garboomfattuu TPLF Tigiraay hin barbaaddu
OPDOn ergamtuudha fi kkf yeroo ta'an,guyyaa dheengadda naannoo Qophaa'inaa Naqamtee keessatti faca'uusaatiin guyyaa kaleessaa humni waraanaa uummata nagaa goolaan kan ture fi halkan edaas barruuleen warraaksaa maxxansamu irraan ka'e naannoo Yuunibarsiitichaatti humni waraanaa bobbaafamuu qeerroon gabaase

## OMN: Oduu Ama. 27, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/01/28/omn-oduu-ama-27-2016/

**Ammajjii 27/2014**
**Warraaqsii FXG Godina Dhihaa Oromiyaa Magaalaa Guddoo Naqamtee Keessatti Haalaan Jabachuun Itti Guyyaa Har'aa**
Gootootni Qeerroon barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Rifti Valley damee Naqamtee fi M/B Sadarkaa 2ffaa fi qopha'inaa Comprehensive Naqamtee Warraaqsaa Biyyoolessaa Oromiyaa kan xummura gabrummaa gaggeessa jiru. Gootootni Qeerroon barattootni Oromoo fi Uummatni Oromoo magaalaa Naqamtee waraanaan dursifamaa, ajjeefamaa fi hidhamaa sirna abbaa irree gabromsaa jalatti hin bulluu jechuun ji'a sadii guutuu utuu wal irraa hin citiin Magaalaa Naqamtee keessatti Warraaqsii Jabaachuun mootummaa abbaa irree boqonnaa dhorkaa jiraachuu maddeen Qeerroo Bilisummaa Oromoo Magaalaa Naqamtee irraa gabaasaa jiruu, yeroo ammaa kanatti Magaalaan Naqamtee sochii warraaqsaa fi humna waraanaan raafama ulfaata keessa jiraachuun ibsame jiru, Gootootni Barattootni Oromoo M/b Biiftuu Naqamtees gara Sochii Warraaqsaa kanaatti makamuuf akka jiran odeessi nu ga'ee ibsee jira

## Warraaqsii Biyyoolessaa Oromiyaa FXG Hawwannaa fi Dirmannaa Saboota Cunqurfamoo Biyyatti Argachaa Jiraachuun Sabootni Cunqurfamoon Abbaa Irree Wayyaanee Irratti Warraaqsaa Gaaggeessa Jiraachuun Deeggarsa Isaanii Ifa Godhan.

January 27, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Amajjii 27,2016

1. NaannooUummata Gambeellaa Godina Anyuuwaki tti Barattootni Yuunibarsiitii Gambeellaa dabee saayinsii Fayyaa kan dhalootaan Anyuuwaki fi nuwwer ta'a Walitti dhufuun sirna EPRDF/TPLF balaaleffachuun Warraaqsaatti makamuu sagalee Mormii dhagesisuun ibsatan. Mootummaan Abbaa irree Wayyaanee akkuma amala isaa saboota walitti buusuun Umrii bittaa isaa asiin ga'atee jiruu Saboota Anyuuwakii fi Nuwwer Walitti buusuuf, Wal diddaa namoota dhuunfaa saboota lameen gidduu jiruu babaldhisuun barattootni kun deebi'anii akka walitti bu'aniif shira guddaa xaxaa jiraachuun ibsamee jira. Qeerroon Bilisummaa Oromoo sabootni Cunqurfamoon biyyaatti abbaa irree wayyaaneen mirga namummaa fi Dimookiraasii mulqamtanii jirtan, Shira mootummaa wayyaaneen xaxamu kamuu irratti dammaquun Waldhibdee gosaa fi namoota dhuunfaa karaa nagaa fi jaarsolii naannoon akka furattan, Yeroon yeroo gamtaan wal tumsinee abbaa irree aangoo irraa maqsuun hiree saba keenyaa murteessinudha jechuun kachachala mootummaa wayyaanee irratti dammaquun saboota Anyuuwaakii fi Nuwweeriif damsaa dabarsee jira.

2. Naannoo Uummattoota Kibbaatti Barruuleen Warraaqsaa kanneen mirga Saboota Cunqurfamoof falmituu fi kabajamuu Mirga ilma namaa fi Dimookiraasii of irraa qabduu Saboota Cunqurfamoo uummattootaa Kibbaa: Sidaamaa, Kafaa, Shakkoo Magenger, Walayittaa, Hadiyyaa Ka'aa Mirga keenyaafi Bilisummaa keenyaaf Falmannaa jechuun Barreelee warraaqsaan Uummataaf Waamichaa FDG gochaa jiraachuun Walqabatee Mootummaan Wayyaanee Gara Godinootaa Naannoo kibbaa kanneen akka Miizaan Teeppii fi Yuunibarsiitii Miizaan Teeppii Dabalatee waamicha gochaa jiraachuun Mootummaa wayyaanee dura dhaabbachuuf qophii irra kan jiran ta'uu ibsachuun Walqabatee mootummaan wayyaanee waan qabee gadhiisu dhabuun gara kanattis Humna poolisii Federaalaa fi agaazii bobbaasaa jiraachuun ibsame jira.

## "Baroode Kunoo Qeerroon Baroode" Wallee Warraaqsaa Haaraa

January 27, 2016

## Oromiyaa Godinaalee Hedduu Keessatti Manni Barumsaa Dhaabbatee Jira

January 27, 2016

Amajii 27/2016

Arsii Bahaa magaala Asallaatti mootummaan wayyaanee Qeerroo dargaggoota lama ilmaan isaa ajajuun barattoota lama kana irratti gocha suukkanneessaa raawwatee kan jiru Qeerroon kan gabaaseedha.

Akka Qeerroon gabaasetti barattootni Yuunivarsitii Asallaa Amajji 21,2016 halkan 5:00tti barattoota lama: Isaanis
1.Kamaal Abubaker barataa saayinsii fayyaa waggaa3ffaa fi dhalataa harargee bahaa naannoo Dadarii kan tahee fi
2Tasfaayee Tashoomee barataa saayinsii fayyaa waggaa 1ffaa fi dhalataa Arsii Bahaa naannoo Boqojjii kan ta'an namoonni 4 ol tahan hucuu civil uffachuudhaan eeggatanii yeroo ijoolleen kun lamaan mana fincaanii seenan achi keessatti cuubeen waraananiinii gatanii erga deemanii booda barattoonni kun hospitaala seenuun yaalamaa jiru.

Wallaggaa lixaatti manneen barnoota sadarkaa 1ffaa irraa kaasee hanga

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

qophaayinaatti cufamee jiraachuun Qeerroon gabaasee jira.
Maddeen oduu Qeerroo irraa akka hubannutti wallagga lixaa Aanaa Boojjii Birmajjii magaalaa Biilaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Biilaatti barattoonni Amajji 22,2016 sa'a3 irratti Fincila Xumura Gabrummaa (FXG) kaasuun ni yaadatama. Yerooma sana irraa kaasuun wayyaaneen humna ishee gara barattootaatti ergiteen barattootni barumsa dhaabuun gabaafamee ture. Guyyaa kanaa kaasuun barattootni mana barumsaa akka hin deebine yoo tahu akka walii galaatti godinicha keessatti barattootni barumsa dhaabuu irratti argamu..
Magaalaa Najjootti barattoonni man barumsaa sad.2ffaa Amajji 25,2016 FXG haaressuuf gara mana barumsaatti wal gahanii turan, barattootni hunduu hirmaanna barumsaa dhaabuudhaan yaadaa fi ejjennoo tokkoon FXG itti fufna malee barumsa hin barannu jechunis barumsi hanga har'aa hin gaggeeffamin jira.

Wallaggaa bahaatti Aanaa Diggaa Magaalaa Arjoo Guddattuutti Amajji 24, Qeerroon, qonnaan bulaa fi dargaggoonni waltahuun daandii gara Asoosaa geessu dhagaaf wantoota garaagaraan cufanii dhiichisa qabsoo dhaadannoo akkasuma tarkaanfii qabeenyaa fi ilmaan tigree irratti fudhatanii jiru. Haaluma kanaan naannowwan kunneen hanga guyyaa har'aatti eegumsa guddaa jala akka jirtu Qeerroon ganama kana gabaasee jira.
Naannowwan Oromiyaa magaalota keessatti FXG kan itti fufe tahullee daandiwwan cufamaa jiru.

## Waldorgommii Ispoortii Yuniversitootaa Bulchiini Yuniversitiin Jimmaa Qopheessuuf Deemu Akka Haqamu Qeerroon Bilisummaa Xalayaan Kan Gaafate Deebii Argachuun Yuniversitichi Guutummaatti Haqamuu Beeksise.

January 27, 2016

Wal Dorgommii Ispoortii dhaabbilee barnoota olaanoo Yuunivarsiitoota Yuunivarsiitiin Jimmaa qopheesstee simachuuf jirtuu ilaalchisuun Xalaayaa ariifachiisaa bulchiinsaa Yuunivarsiitii Jimmaatiif "jettuu kallattiin Qeerroo Bilisummaa Oromoo irraa Yuunibarsiitii Jimmaaf barreessuun Social Media fi Medialee Qabsoo Bilisummaa Oromoo irraan tamsaasameen akkasumas xalayaa waajjira bulchiinsaatti kallattiin kennameen raafamaa fi sodaa guddaatu akka walii galatti uumamee jira,

Haala kanaan Bulchiinsii Yuunivarsiitii Jimmaa qophiii Qeerroon gochaa jiruu fi Warraaqsaa FXG Oromiyaa keessatti lafa ciniinee jiru irraa sodaa guddaan itti bulee deebii hatattamaa kan injifannoo gonfatee nuuf kennuun, **Wal dorgommiin Ispoortii kun Guyyaa har'aa Amajjii 26/2016 Guutummaatti Haqamuu Bulchiinsii Yuunibarsiitii Jimmaa Beeksiise jira.**
Amma kan itti aanuuu Mootummaan Wayyaanee Aangoo Gadhiisuu qaba, Mootummaan Cee'umsaa Biyyatti Keessatti Hundeeffamee Bu'urrii Dimookiraasii fi Mirga Ilma Namaaf kabaja kennuu gadi dhaabbatee, Bilisummaan Uummata Oromoo akka dhugoomuuf Muranoon itti jabaachuudha.Injifannoon Amma kun Injifannoo Hafan Ida'achuun Bilisummaa Walii Galaa fiduu qaba.

## Wallagga Bahaa Magaalaan Naqamtee FXG Daran Fininsaa Jiru. Magaalaa Arjoo Guddattuu Keessatti Ammoo Loltooti Wayyaanee Dararaa Akkaanii Ilmaan Oromoo Irraan Gahaa Jiru

January 27, 2016

**Amajji 26,2016**
Magaalaan Naqamtee sochi warraaqsaa daran finiinsutti jiru Haaluma kanaan kaleessa "osoo hin baratin waan qoramnu" jechuun warraqsi barattootaa kan eegale humna waraanan bittimfamus har'a magaalatti rog-arfaniin har'a sochiirra turan.mannee barnootaa kanneen akka _Maskaram

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Addisuu Taarikuu

Uletti,Q/Naqamtee,Daalloo Naqamtee,Biftuu Naqamtee FXG daran finiinsaa turan.akkasuma hoteelota dahoo diinaa ta'anirratti tarkaanfilee barsiiso fudhachuuf yaadamee kora bittinnessaan hoteela Faanaaf kkf eegichaan oole.humni waraana magalatti marsaa turus warraaqsa ittisuu hin dandeenye.FXG hanga bilisummatti itti fufa.

Kana Malees Magaalaa Arjoo Guddattuu keessatti FXG ka'een wal qabatee sabboontoti Oromoo 3 yeroo rasaasa Wayyaanee ajjeefaman sabboonaan suuraa isaa argitan kun dargaggoo Addisuu Taarikuu jedhamu hidhamee lafatti tumamaa harkifamee dararaan jiraa isaan irra gahe haalaan suukkanneessaa dha.

## Godina Wallaggaa Aanaa Waamaa Hagaloo Keessatti Kaabinooti Ragaa Sobaan Dargaggoota Oromoo Yakkaa Jiru.

January 27, 2016

**Amajjii 26,2016** Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Waamaa Hagalootti fincila xumura garbummaa adeemsifamaa jiruun ilmaan Oromoo irratti kaabinooti OPDO wal ijaaruun mana murtii aanichaatti ragaalee sobaa funaanuun yakkaa jiru,kanneen keessaa:-

1 Siwayyaa Rabbumaa
2 Fayyeeraa Waaqumaa
3 Guutamaa Dheeressaa
4 Barsiisaa Olumaa
5 Moosisaa Tarfaa
6 Mulaatuu Addunyaa
7 Taajuu Daawud
Yeroo ta'an,ragaa kanas

Baala tuufoo ABO nuuf wayya nuufoo
Lafee keenya malee lafa keenya hin laannu
Buraayyuun laga xaafoon keenya finfinneenis keenya faayidaa irra argachuu qabna jechaa dhaadachaa fi sirbaa turan jechuun namoota armaan gadii kana irratti ragaa ba'aniiru

1 Geetuu Baqqalaa
2 Dirribaa Waaqumaa
4 Ibraahim Aagaa
5 Gannatii Sanbatoo
6 Kaalid Abduu yeroo ta'an, namooti mootummaa kufte kana jalatti taa'umsa eeguuf ragaa sobaa bahuuf jedhan kana irrattis tarkaanfiin uummataa Barsiisaa ta'e akka fudhatamus beekameera.

Mootummaan kufe biyya maqaletti yeroo galu isaan diinaaf suphaa ta'an immo bor waan isaan dhibuuf gocha akkasiirra akka of qusatan jechaa himatamtoonni kun beellama itti aanutti ragaa faccisaa akka dhiyeeffatan ajajmaniiru

---

https://youtu.be/Pgz8tP_Zvsw

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://youtu.be/0tfk_6RvHH8
https://youtu.be/UXCYaj2_RJE

---

## OMN: Oduu Amajjii 26, 2016 #OromoProtets News, 26 January 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/01/26/omn-oduu-ama-26-2016/

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu amajjii 25,2016

https://www.oromiamedia.org/2016/01/26/omn-oduu-amajjii-252016/

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Amajjii 26,2016 Wallagga Mana Barnootaa Biiftuu Naqamteeti FXG Itti Fufee Baha Oromiyaa Ciroo Ammoo Gamtaan Barattooti Jaallan Isaanii Hiriira Irratti Madaawan Gaafatan.

January 26, 2016




Baha Oromiyaa Ciroo




Lixa Oromiyaa Naqamte

**Amajjii 26,2016** Sa'aa ammaa kanatti, Gindeberet Magaalaa Kaachis Mana barumsaa Sadarkaa 2ffaa irraa kan ka'e hanga ammaatti FXG bifa adda ta'een deemaa jira, Waraanni Agaazii dhukaasa hedduu mana barnootaa Magaalaa Kaachis irratti dhukaasaa jira. Ummannii fi barattooti diddaa cimnaan dura dhaabbachaa jiru.

---

**#OromoProtests 26 January 2016: Oromo political prisoners are on a hunger strike in Ma'ekelawi**



According to media reports, Bekele Gerba, other imprisoned leaders of the Oromo Federalist Congress (OFC), and other Oromo political prisoners are on a

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

hunger strike in Ma'ekelawi, the notorious prison in Addis Ababa. The report said the political prisoners started their strike on Friday, January 22, 2016, and have vowed to continue the strike until their demands are met. Some of their demands, which they have communicated to the prison's officials, include:

1) access to legal counsels and visitations by family as guaranteed by the Constitution and internationally accepted rights of prisoners;
2) cessation of torture of political prisoners in Ma'ekelawi;
3) access to proper medical care for all political prisoners.

It has not been possible to verify how many political prisoners are taking part in the strike. However, it has been confirmed that the following leaders of OFC are part of it: Bekele Gerba, Dejene Tafa, Desta Dinka, Addisu Bulala and others. Since November 2015, thousands of Oromos have been taken to Ma'ekelawi in connection with the ongoing Oromo Protests against the lack of adequate self-rule for Oromia (of which the Master Plan is an example), and the decades-old marginalization of the Oromo people in the political, economic, social, linguistic and cultural spheres in Ethiopia as a whole. In addition to those thousands arrested in prisons and concentration camps across Oromia and Ethiopia, more than 160 Oromo persons were killed, and thousands of Oromo persons have been wounded by the Ethiopian Federal armed forces – including tens of Oromo children.

It is to be remembered that the Ethiopian government brought Bekele Gerba, Dejene Tafa, Addisu Bulala and others to a federal court in central Addis Ababa on January 22, 2016 *(listen to the report in Amharic below)* – this date is the same date on which the hunger strike reportedly began; many human rights organizations, such as the *Human Rights Watch* and *Amnesty International*, accuse the Ethiopian government of using draconian laws to prosecute peaceful and legitimate political dissidents in biased courts to silence voices critical of the government's violations of human rights and unjust policies.

> Bekele Gerba and other Oromo political prisoners on hunger strike in Ma'ekelawi



---

***#OromoProtests Support Group in Switzerland* organized a successful rally at the UN Office in Geneva on January 25, 2016.**

The rally was attended by Oromo peace activists in Switzerland as well as other Ethiopian Nationals concerned about the deteriorating human rights violations in Oromia and across Ethiopia. The Ethiopian government's response to the peaceful Oromo Protests has so far been violent, which has negatively contributed to the increasingly unstable political and security conditions in Ethiopia in the fragile Horn of African region. In an attempt to calm the peaceful Oromo Protests through military means, the Ethiopian government has, over the last two months alone, gunned down more than 160 Oromo persons who took part or had been suspected of taking part in the Oromo Protests, which have been staged in Oromia since April 2014, and quite intensely since mid November 2015, against the lack of adequate self-rule for Oromia (of which the Master Plan is an example), and the decades-old marginalization of the Oromo people in the political, economic, social, linguistic and cultural spheres in Ethiopia as a whole. At least 17 of those killed and wounded are Oromo children.

The following are some photos from the Geneva solidarity rally (reported by*OromiaTimes.org*).

converted by Web2PDFConvert.com

> In Pictures: Rally in Geneva against Ethiopian govt's abuse of Oromo human rights




> In Pictures: Rally in Geneva against Ethiopian govt's abuse of Oromo human rights




**January 25,2016**
**Oduu Amma shaashimannee irraa dhufte**

---

Gadina Arsii Lixaa Aanaa shaashimannee Ganda faajjii soolee mana barumsaa 1ffaa, faajjii soolee keessatti Barattoonni "Akka Alaabaan Gadi Bu'uu" Barsiisota Gaafatan Barsiisonni Sodaatanii "Akkamitti" jechuudhaan Barattoonni Nutu beeka Akkasaa jechuudhaan Alaabaa Gadi buusaa Cicciranii jiru, Sababiin Alaabaa Gadi buusaa jechuu barattootaas waan Biyyi nageenya hin qabneef Alaabaan Gadi bu'uu qabaa Ajjeechaadhaa Akkasitti Rawwatamaa jiruu Akka waan Biyyi nageenya Qabuu Alaabaan maaf fannifama jechuu irraa kan ka'eedha,

Erga Alaabaan Cicciirameen booda gara waajjira poolisii Aanaa shaashimanneetti bilbilamuudhaan humni woraanaa poolisii konkolaataa 4 fii Agaazii konkolaataan tokko Ramadanii yeroo dhufan, haawasni naannoos barattoota cinaa dhaabbachuun, barattoonnis ulaa cufatanii mana barumsaa seenuudhaan, ummannis karaa nagaatiin gaaffii poolisootaaf dhiyeessan Akkas jechuudhaan "Barattoonni keenya waa taanaan isinirras Akka ga'u beekaa jechuu Barattoota keenya nutu gorfata Yoo Ajjeeftan Gumaa baafanna" jechuudhaan jiraaraattonni naannoo itti dubatanii jiru, reebichiiniif Ajeechaanis Akka hin jirre hubatamee jira, hawaasatu tokkummaan Afaan bineensaa keessaa ilmaansaa baafate tooftaan kun naannoo hunda Akka wol-ga'uu wol-hubachiisaa,

#OromoProtests, Arjo Guddattuu, 25 January 2016

In East Walaga, Digga district, Arjo Gudetu village, Agazi soldiers have fired on protesters wounding the following people last night
1) Gamachu Alamu Tasama, shot on his back
2) Zerihun Jiregna Bayana, shot on his stomach
3) Birhanu Kebede Sando, shot on his leg
These victims are currently being treated at Naqamte Hospital. Two of them are in critical condition.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Goodina wallaggaa Bahaa Aanaa Diggaa ganda Arjoo Guddatuu jedhamu keessaatti humni waranaa jirattotaa irrattii dhukkasaa baaneen namootni sadii Miidha ciccimaa lubbuu isaaniif soodachisaa ta'en miidhamanii hospitaalaa naqamtee keessattii yaaliin baqaqsanii suphuu godhamafii jira.
1. Gammachuu Alamuu Tasammaa-rasasaan lafeen mo'o isaa fi dugda kan caccabee
2. Zarihuun Jireeyaa Bayyanaa—- guutumman guututi maaruman (intestine, liver and spleen) isaa ciccitee bakkeetti ba'e kan jiru.
3. Biraanuu Kabbadaa sandoo— koronyoo isarraa rasasaan kan rukkutame. Kanneen keessaa namootni lama du'uf jedha jiru. Yaaliin attatamas lubbuu isaanii oolchuf ogeeyyii mana yaalaatin gargaramaa jiran.

## FincilliFincilli Xumura Gabrummaa Eegalee Itti Fufee Godina Shaggar Lixaa Keessatti Motummaa Wayyaanee Daran Raasaa Jiraachuu Qeerroon Gabaase.

January 25, 2016

**Amajjii 25,2015** Waraanni Wayyaanee ammallee uummata irratti dhukaasa banuu hin dhaabne jedha Qeerroon. Shaggar lixaa magaalaa Shanan keessatti har'a ganama irraa kaasuun uummanni bahee dhaadannoo dhageesisaa ture, ofiin of dandeenya ofiin of bulchina sirna wayyaanee hin feenu, mootummaa Wayyaane hin barbaannu, Wayyaaneen ajjeesaadha jechuun tarkaanfii waajjiraalee mootummaa Wayyaanee garagaraa irratti uummanni fudhate.

Humni waraana wayyyaanee uummata nagaa irratti dhukaasa baneen namnootni hedduun akka madeeffaman gabaafame. Barataan yeroof maqaan isaa nu qaqqabin rasaasa wayyaaneen wareegames jira. Sa'a kana magaalli shanan dirree waraanaa taatee jirti. Uummanni gaaffii isaa karaa nagaatiin itti fufee jira. waraanni magaalicha keessaa akka bahu sagalee uummataatu dhageessifamaa jira kun tahuu baannaan tarkaanfii fudhatamu itti seenna jechuunis qonnaan bulaan baadiyaa keessas bahaa jira.

## Baha Wallaggaa Aanaa Sibuu Sireetti Humni Waraanaa Diinaa Agaaziin Oromoota Miseensa KFO Ta'an Isin ABO dha Jechuun Ukkamse.

January 25, 2016

**Amajji 25,2016**
Miseensonni KFO hedduun dararaa hamaa keessa kan jiran yoo ta'u,badii tokko malee hidhuuf reebutti fuulleffate jira TPLF haaluma kanaan magaalaaf baadiyyaa Siree keessa deemuun ilmaan Oromoo hedduu ABOf hojjettu miseensota ABOti sababaa jedhuun ukkaamsaa jira Namoota kanneen keessa hammi tokko:-

1. Sisay Galataa miseensa KFO kan ta'e yeroo gararaa mana hidhaa adaddaatti kan hidhamaa ture har'as achii buuteensaa dhabamee jira
2. Barsiisaa Qanaasaa miseensa KFO kan ta'e innis yeroo gara yeroo reebichi hamaan kan irra ga'a ture hanga har'atti ukkamfamuusaa malee
bakki buutesaa qirixii bishaan buute ta'e.
3. Shibbiruu Kitilaa miseensa KFO kan ta'e manasaa deemuun kan qaban bakki buuteesaa dhabame
4. Fiqaaduu Asaffaa Miseensa KFO kan ta'e ukkamfamee jira.
Namoota qaroo hawwaasaa kana kan hisisanis saaxilamaniiru isaanis
A Fiqaaduu Yohaannis
B Addunyaa Aagaa Jarreen kun jala deemtota diinaa ta'uun hisisuuf ajjeesisufillee akka jiran ibsa gabaasi achii

converted by Web2PDFConvert.com

## Mana Hidhaa Shashammannee Keessatti Poolisooti Wayyaanee Itiyophiyaa Akkaataa Itti Dargaggoota Oromoo Guraaran.

January 25, 2016

## Barattooti Oromoo Wallagga Yuunibarsiitiin FXG Haalaan Jabeessanii Jiru

January 25, 2016

**Amajji 25,2016** Wallaggaa Yunibarsiitii keessatti FXG halkan edaa kan eegale har'as itti fufee ooleera.humni diinaa barattoota danuu madoo taasiiseera.kaansaani ukkamsaa jira ta'us humna barat_aa qabbaneessuu hin dandeenye.

**Guyyaa har'aa 25/01/2016** Godina Wallaggaa Lixaa baratonnii mana barumsaa sadarkaa lamaaffaa Naajoo humni waranaaf humnii agazii akkasumaas makalakayaa humnii jedhamaan osoo magaalaa fi baadiyyaa Oromiyaa akkasumas Najjoo weeraranii jiranii qormaata hin fudhatnu jechuun mormii FXG dhageessisaa oolanii jiru.

## Amajjii 25,016 FXG Godina Harargee Bahaa Magaalaa Guraawaa Keessatti Gaggeefame.

January 25, 2016

**Godina Lixa shaggar Aanaa Amboo Ganda waddeessatti Uummatni Daandii Cufuu fi Kutuun Loltoota Wayyaanee Kora Bittinneessaa fi Agaazii Daandii Cite Keessa Bu'uun Miidhami Guddaa Irran Geessisan**

**January 25, 2016 Amajjii 24, 2016**

Godina Lixa Shaggar Aanaa Amboo Ganda waddeessaa keessattii FXG Uummatan qabsiifame daran jabaachuun Uummatni Waraana Wayyaanee Uummata Baadiyaa gooluuf bobbaafame daandii itti cufuun karaa darbaa dhorkachuun daandii konkolaataa Baadiyaa amboo irraa gara Waddeessaatti geessuu kutuun Konkolaataan Wayyaanee uummata dararuudhaaf fiigaa jirtuu daandii cite keessaa buutee garagaluun loltootni Wayyaanee hedduun kan madaa'anii fi loltootni muraasni lubbuun galafaatamuun ibsame jira, Loltootni Wayyaanee hedduun madaa'aan yeroof Hopsitaalaa Amboo kan galan yoo ta'uu, kanneen lubbuun galaafataman atattamaan Wayyaaneen gara Finfinneetti fe'achuun gabaafamee jira. Yeroo amma kanatti mootummaan Wayyaanee nannicha irraa humna ibsaa fi network balleessee jiraachuun ifa ta'ee jira.

## Godina Salaallee Keessatti FXG Haalaan Jabaatee Itti Fufe, Mootummaan garboomsaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Dhiphina Ulfaataa Seenee jira.


January 25, 2016

**Amajjii 24/2016** Godina Kaaba Shaggar(Godina Salaaleetti) Warraaqsii FXG daran jabaachuun Itti fufe , Uummatni Aanoota Hidhabuu Abootee, Dagam, Sulultaa, Mukaa Xurii , Diddaan uummataa jabaachuun itti Fufuun Qeerroon Dargaggootn Salaalee gamtaan wallee Warraaqsaa fi dhaadannoo dHageesisuun ABO fi qabsoo bilisummaa Oromoo faarsuun kanaan booda Oromiyaa TPLF/EPRDF FI OPDO ergamtuun wayyaanee hin bulchitu Ofiin of bulchina jechuun murtii dabarfatan. Uummatnis Walii galee kanfaltii gibraa fi buusiiwwaan galii mootummaa abbaa irree wayyaanee bifa kamin iyyuu akka hin kanfallee murtii dabarfachuun , warraaqsaa jabeessuun itti fufuu madden keenya gabaasaan, Akkasumas Dandiiwwaan bakkoota hedduutti uummataan Cufamee loltootni wayyaanee banuuf rakkachaa jiraachuu fi haalaa nuffisiisaa sochii uummataa karaa nagaa gaggeeffamuu irratti mootummaan wayyaanee waraana ajajuun adeemsii kun kan wal hin madaallee waan ta'eef uummataa harkaa meeshaa tokko iyyuu hin qabnee irraatti dhukaasuun nu nuffisiisee jechuun loltootni wayyaanee psychologically dhiphinaa fi Of jibbaa jiraachuu ibsatan.

---

## Jiraattooti Naannoo Harmaayaa Mudde 15,2015 FDG Bahaniin Qofa Hedduun Hidhaa Galanii Hanga Ammaatti Darararaan Guddaa Irraan Gahamaa Jiraachuu Qeerroon Beeksise.

January 25, 2016




**Gabaasa Qeerroo Amajjii 24,2016** ,Hiiriira FDG Mudde 15,2015 magaalaa Haramaayaattii gaggeeyfame irrratti hirmaattan ja'amanii qabamuun hanga har'aatti murtii takkaan maletti buufata poolisii magaalaa Haramaayaa fi mana hidhaa Addeellee keessatti dararamaa jiran keessaa muraasaa fi haalaan kanneen miidhaman hammi tokko:-

1. Booranaa Yuusuf
2. Malkaa Sheekhaa
3. Iskender Duurrii
4. Magarsaa Abdii
5. Joonii Mahammed
6. Laziiztuu Mahammed
7. Nuuruu Mahammed
8. Kadiiree Aliyyii
9. Illuu Yaassiin
10. Iskoorlee Yuusufii
11. Abaasee Saalih
12. Abaasee Mahammed
13. Zakkii Muummee
14. Caalaa Baker
15. Iskender Uttoo
16. Faamii Yoonis
17. Obsaa Mahdii
18. Ramadaan Abdullaahi
19. Magarsaa Qondo haadha manaa isaa, jaartii obboleessa isaa waliin
20. Abraahim Bakaroo, haadha mana isaa, ilma isaa,Intala isaa
21. Nuuraddiin
22. Mahbuub Xahaa
23. Nasraa nama jedhamtuu

fii kanneen maqaan hin beekkaminiis hedduudha hidhaa keesatti rakkachaa jira.

---

## FXG Wallagga Yuunibarsiitii Keessatti Bifa Haaraan Egale

January 25, 2016

**Amajji 24,2016**

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Dararuuf giddirsuun dhaloota qubee akka mirgaaf hin falmanne gochuu hin danda'u.kanas kan dhageenyurra kan arginu nii mirkaneessa
Sa'atiin ammaa kanatti FXG WU keessaa banbanaa jira Dhukaasa gurguddaan dhaga'amaa jira.kunoo sa'atiuma kanayyu dhukaasa dhuka'a jiru dhaga'an jira. Haaluma kanaan bor manneen barnootaa fi Kollejjiwwan dhuunfaa magaalaa Naqamtee akka itti fufan irbuu walii galanii turan bifa milkaa'ina qabuun akka itti fufan dubbatamaa jira

---

## OMN: Gabaasa Addaa Oolmaa Oromiyaa (Amajjii 24, 2016)

https://www.oromiamedia.org/2016/01/25/gabaasa-addaa-oolmaa-oromiyaa-ama-24-2016/

## OMN: Gabaasa Oolmaa Oromiyaa (Amajjii 23, 2016)

https://www.oromiamedia.org/2016/01/24/omn-gabaasa-oolmaa-oromiyaa-ama-23-2016/

---

Oromo youth and families in Gincii (Ginchi) conveyed their remembrance to Aschalew Worku Bayi. #OromoProtests, 24 January 2016.
A commemoration of Aschalew Worku Bayi who was killed in Ginchi on 13 December 2015 and his remembrance service took place on 24 January 2016 at the presence of tens of thousands of people near Cillimo.
Amajii 24 bara 2016 ummanni Oromoo Aanaa Giincii yaadannoo sabboonaa Oromoo Aschaaloo Warquu Bayii geggeessan. Aschaaloon Mudde 13 bara 2015 humna Wayyaaneen Gincitti wareegame. Amajii 24 bara 2016 wayita siidaan yaadannoo isaaf dhaabbate eebbifametti ummati hedduun argamuun yaadannoo kana irratti mallattoo diddaa Oromoo agarsiisaa oolan.




Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com







https://youtu.be/Rn5xVpsGT_g?list=PLD0B06837073 1FBD7

https://youtu.be/6SXthp4_I9M

(SBO – **AMAJJII 24, 2016**) FXG Godina Kaaba Shaggaritti kan jabaate oggaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

ta'u daandiin konkolaataa gara godina kanaatti guussu Amajjii 23,2016 irraa qabee guutuutti cufamee jira. Haaluma kanaan daandiin konkolaataa Finfinnee gara naannoo Amaaraa geessu cufamuu maddeen SBO beeksisaniiru.
Humni waraana wayyaanee FXG dura akka dhaabbatuu fi ummatatti akka dhukaasuuf ajajamee Godinoota Lixaa fi Kaaba Shawaa keessa qubatee jiru haalli fi murannoon ummataa isa sodaachisuu irraa waa hundi itti bitaacha'aa akka jiru ammoo kan gabaasan maddeen keessa waraanichaa ti.
Godinoota kanneen keessatti to'annoon ummataa jabaatee akka jirus ibsameera. Dhaadannooleen kaleessa ummataan Kaaba Shaggar keessatti dhageessifamaa oolan Bilisummaan Oromiyaa geesseetti, mootummaan wayyaanee nu irraa haa deemtu, wayyaanee of irraa kaasuu qabna, lafti keenya hin gurguramu, Oromiyaan kan Oromoo ti, Finfinneen kan Oromoo ti, ABOn nu haa bulchu, WBOn gaachana Oromoo ti, OPDOn hattuu dha; ummata Oromoo bakka bu'uu hin dandeessu kan jedhan.

---

(SBO – AMAJJII 24,2016) Warraaqsi Ummata Oromoo kan Fincila Xumura Gabrummaa Baha Oromiyaa Lixa Harargee keessatti kan yeroo kamii caalaatti jabaatee itti fufee jira. Guyyaa kaleessaa Amajjii 23,2016ttis ummatni Oromoo guutuutti jechuun kan danda'amu Mi'eessoo, Asabootii fi naannnolee sanatti diddaa sirna wayyaaneef qaban cimsanii mul'isaa jiran.

Keessumaa naannoo Mi'eessootti ummatni guutummaatti waraana wayyaanee fi caasaalee bulchiinsaa sirnichaa waliin lolatti kan seene oggaa ta'u, diddaan naannoo kanaa guyyaa 10ffaa akkuma qabatetti itti fufee jira. Lola waraana wayyaanee fi ummata gidduutti deemaa jiruun miidhaan humna abdii kutate wayyaaneen ummata irra gahus, ummatni keenya dargaggootaan walta'uun diddaa isaa finiinsee itti fufee jira.

Mootummaan wayyaanee gaaffii karaa nagaa ummatni dhiheeffate gara waraanaatti jijjiiruun ifatti ummata irratti lola geggeessaa jiraatus, ummatni keenya Baha Oromiyaa Mi'eessoo fi naannoo ishee of ittisuuf lolatti seenee jira. Tarkaanfii of ittisuu godhaa jiruunis meeshaalee waraanaa hidhattoota wayyaanee irraa hiikkachuun deebisee ittiin of ittisuu irratti akka argamus gabaafameera. Kaleessaa fi dheengadda qofa qawwee baay'ee hidhattoota wayyaanee irraa hiikkachuun diddaa isaa lafa qabachiisee itti fufuu dha maddeen keenya kan gabaasan.

Abdii kan kutate mootummaan wayyaanee ummata meesha maleeyyiitti meeshaalee waraanaa gugurdaa kan akka TAANKII bobbaasuun abbaa irrummaa, faashistii fi sirna nama nyaataa ta'uu isaa hojiin mul'isaa jira.

Tarkaanfii fi gochi wayyaanee Oromiyaa iddoo hundattuu ummata Oromoo jilbeenfachiisee ykn sodaachisee FXG irraa kan dhaabe osoo hin taane, caalaatti jabeessee falmaa bilisummaaf godhutti daran akka onnatu taasisee jira jechuun maddeen keenya haala qabatamaa Oromiyaa keessaa qabatamaan mul'isaniiru.

---

## Amajjii 23,2016 Amboo Naannoo Waddeessa Jedhamutti Waraana Wayyaanee fi Uummata Jidduutti Falmaa Ta'een Dargaggoonni Oromoo 5 Wareegamanii ummanni 60 Ol Ammoo Loltoota Hedduun Qamanii Mana Hidhaa Amboo 03 Keessatti Dararamaa Jiru.

January 24, 2016

**Amajjii 24,2016** Waddeessa(Amboo) irraa  Falmiin wiirtuu Waddeessaatti Mootummaa abbaa irree fi uummata haqa isaaf falmatu gidduutti geggeeffamaa jiru irratti dargaggooti  Oromoo armaan hedduu madoo fi Wareegama kafalaniiru.

1.  Dargaggoo Biraanuu Gaaddisaa gaafa 23/1/2016 Ganda kaarraa naannoo guuniyaa ykn Faafama jedhamutti raasaan rukutamee wareegameera.
2. Barataa Chuuchee Baqqaanaa Bayyansaa ganda Galan waddeessaa naannoo caffee Elemee jedhamutti rasaasaan rukutame kellaa fayyatti wal'ansa amma tokko argeetuyyuu gara hospitaala Amboo akka hin deemne karaatti duwwameera (bakka dhalootaa g Ganda Dikii)
3. Barataa Hundeessaa Leellisaa Sirrii bakkuma Chuucheen rukutamatti rasaasaan kan rukutame yoo ta'u ( bakka dhaloo. Aanaa Amboo ganda ganjiifi gooroo horee) innilleen karaa hospitalaa deemuu dhabee

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

rakkataa jira.

4. Barataa Abarraa Sisaayee Hayilee bakkuma armaan olitti ibsametti rasaasaan kan rukutame yommuu ta'u (bakka dhalootaa Ganda Galan waddeessaa)
5. Dargaggoo ammaaf maqaansaa nun qaqqabne akka malee miidhaa karaa Aanaa bakkee mana yaalaa qaqqabsiisuudhaaf gateetti uummataan baatamee deemee jira!

Kana malees namoonni 60 ol ta'anis qabamanii waajira poolisii Aanaa Amboo kan magaalaa Amboo ganda 03 tti dararamaa jiru kan sababa reebichaatiin miidhaan cimaan irra gahes wal'ansa dhabanii haala yaaddeessa keessa jirachuu Qeerroon gabaase.

## Wallagga Aanaa Jaarsoo Keessaa Dargaggooti Oromoo Lolotoota Wayyaaneen Qabamanii Bakka Geeffaman Hin Beekamu Jedha Gabaasi Qeerroo.

January 24, 2016



**Amajjii 23,2016.** Barattooti Oromoo dargaggoo Solomoon Sobbooqaa fi Dasaaleny Alamaayyoo Loltoota Wayyaaneen Aanaa Jaarsoo Wallaggaa irraa qabamanii bakka buuteen isaanii hin beekamu.



Dasaleeny Alamayyoo namaa yeroo hedduuf mana hiidhaa wayyanettii dararama turedha A.LH ttii bara 2003 magaalaa Jaarsootii alabaan ABO hidhamee ture bara sana dhimaa alabaan wal qabate dararama heddunn irraa ga'a ture jira, ammos FXG Amajjii 23,2016 gaggeefameen wal qabatee loltoota Wayyaaneen qabamee bakka buuteen isaa hin beekamu.

---

## Mootummaan Itiyophiyaa Wayyaaneen Wallaggaa Bahaa Waamaa Hagaloo Keessatti Barattootaa fi Jiraattota Nagaa Hidhuu fi Dararuu Itti Fufe.

January 24, 2016

**Amajjii 24,2016** Yeroo ammaa kana Barattoonni digadamii lama mana hidhaa ykn karchallee Wallaggaa Bahaa jaatoo naqamtetti yeroo argaman Barattoonni sadii fi qonnaan bultoonni lama humna tikaatiin achi buuteen isaanii dhabame.

Barattoota keessaa

1. Caalaa Bantii Nagarii
2. Misgaanuu Addunyaa Bantii fi
3. Dassaalenyi Eebbisaa yeroo ta'an,

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Qotiisaan bultoota lama kan hidhattoota isaanii turan uumataaf aantummaa agarsiiftan maqaa jedhuun hidhannoo hiikkachiisuun erga qabanii kan ukkamsan Baatilee Warqinaa Biluu fi Tasfaayee Warqinaa obbolaa lamman yeroo ta'an, Obbo Baatileen umurii ijoollummaa isaatiin waraana dargiin hirmaachise irratti qaama hir'uu kan ta'aniifi dhukaasanii qal'aa kan kutan waan ta'eef, wayyaaneen uummata daguuguuf karoora waan qabduuf namoota tarkaanfii ishee deebisuu malanii fi hawaasa biratti dhaga'aman dhabamsiisuun uummata shororkeessuuf badii dalagame ta'uu qeerroon addeessee jira

---

PEOPLES ALLIANCE FO

OFFICE O

Date:23.01.2016

Ref.:

---

The PAFD extends its most sincere gratitude to the EU Parliament in general and to those who were the sponsors of the Ethiopian resolution, including members from the Socialists and Democrats (S&D), the Alliance of Liberals and Democrats for Europe (ALDE) and Greens/European Free Alliance (G/EFA) of the EU parliamentary groups in particular.

The resolution the European Parliament has adopted on 21 January 2016 offers great support to the millions oppressed in all parts of Ethiopia and gives them courage for a better democratic and just future.The multitude of committed genocides and unfolding atrocities in Oromia, Ogaden, Gambella, Sidama, Omo, Benishangul and other parts in Ethiopia will continue, unless the international community takes some urgent practical measures to stop them. The Ethiopian government has often ignored international calls for remedy of its human rights violations, knowing that there would be no follow up or significant repercussions. In 2007, for example, the UN called for an urgent investigation into the Ogaden war crimes and crimes against humanity. However, the Ethiopian government embarked on an all-out campaign of extermination and collective punishment of civilians in the region and the international community looked the other way. Similarly, the killings in Gambella and Sidama, as well as those in Finfinnee (Addis Ababa) were also condemned by the international community, while the regime shrugged its shoulders and continued its massacres and curtailment of all democratic rights, while being rewarded with more money under the pretext of development.

History has shown that development at the expenses of democratic rights has ended in disasters and grave consequences. The Ethiopian situation is much more complex than other areas which aggravates the matter further because of unresolved historical injustices.

The PAFD calls upon the UN, AU and EU to follow up to their own resolutions and send independent commissions of inquiry to look into the massive human rights allegations that have been and are being perpetrated by the Ethiopian government against the civilian population and take appropriate measures to stop any further acts. All types of Ethiopian security forces must immediately withdraw from Oromia, Ogaden, Gambela and other areas into their barracks.

The PAFD calls upon all peoples in Ethiopia to stand together and act in unison against the atrocities committed by the regime, in order to regain their denied rights to democracy and true self-determination.

Issued by The Peoples Alliance for Freedom and Democracy (PAFD)

January 23, 2016

OFFICE OF PRESIDIUM

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Breaking news: there has been reports of heavy gun fire exchange in Waddessaa area near Ambo since yesterday

January 23, 2016

(Oromia Press) — There has been reports of heavy gunfire exchange in Waddessaa area near Ambo since yesterday. Particularly localities such as Haro-Xirro, Wadessa-Galan, Xulle are said to be like war zones. Civilians have been trying to escape the fighting. Residents in nearby districts confirm Agazi special forces have been moving into the area in tens of cars since the night before yesterday. It is not clear who they are fighting or firing at as network in the area is down. Source claim the clash might have been caused when the army tried to disarm local government militia suspected of being disloyal. The conflict is said to have been intensified today and heavy casualties are feared. The military has prevented ambulances that tried to reach the area from nearby towns. Kaleessarraa kaasee naannoo Waddeess (Aanaa Amboo) keessatti lolli cimaan deemsifmaa akka jiru odeeffanoon nu gahaa jira. Keessattuu bakkoota akka Haroo-Xirroo, Waddeessa-Galaan, Xullee fi kkf keessa dubbiin jajjabduu akka taateedha.Jiraatonni qarqara Amboo jiran dheengadda halkan humni Agaazii konkolaataa hedduun garasitti socho'aa akka bule ni himu. Garuu eenyurratti dhukaasaa ykn eenyuun wal dhayaa akka jiran mirkaneeffachuun nu dhibee jira. Lolli kan eegale yeroo Agaaziin milishoota mootummaa naannawa sanii hiikkachiisuuf yaaletti ta'uu hin oolu shakkiin jedhus jira. Lakki qonnaan bultootumaan wl haleelaa jiranis jedhama. Ambulaansii garas deemuuf yaalti Agaaziin darbuu dhoowwee jira. Network naannoo sanii cufaadha. Gama dandeenyeen qorannee dhugaa jiru isiniif gabaasuuf ni yaalla.

## Waadaan Dargaggootaa Hojii Irra Oolee,Uummanni Oromoo Gibira Mootummaa Wayyaaneef Kafaluu Didee Baadiyyaalee Keessaa Ergamtoota Arihaa Jira.

January 24, 2016

**Har'a Amajjii 23,2016** Akkuma beekamu ajjeechaa,hidhaafi dararaan hammaatuus qabsoon cichoomina gaafatti jedhu dargaggoonnii fi qonnaan bultoonni aanaa Amboo wiirtuu waddeessaa. Akkuma beekamu sirna awwaalcha gootaa fi Gara kuteetti Abdaataa Olaansaa irratti wayyaaneen ajjeechaa fi duguuggaa sanyii ilmaan Oromorratti xiyyiffate fiixaan gahachuuf mirgii reefu lafaa baatu qeerroo Leencoo Dinqeessaa. Galafaachuun isaa ni yaadatamaa Sirna awwaalcha leencoo irratti uummanni kumaatamaan lakka'amu bayee waadaa(irbuu) armaan gadii qeerroodhaan seenaanii gargar bahani.Ani gaafan irbuu sana dhagahu ni dhuguuma jedhee hin yaanne irbuu ulfataa ture. IRBICHIS AKKAS TURE

1, Har'abooda ilmaan keenya ajjeesanii reeffa isaanii yeroo fidan callisnee harkaa hin fuunu.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

2,Gibira ilmaan keenya ajjeesuuf raasaasni ittiin bitamu bifa kamiinuu hin kaffalla.

3, Qarshii maaqaa dhaaba soba kan aangoo homaa hin qabnee buusii miseensummaa jedhanii nu saaman kamuu hin kaffallu.

4,Kana booda wayyaaneen ganda keenya keessa akka hin gulufneef karaa itti cufnaafi kakulee hedduu walii galanii gargar bahan.

KANA FIXAAN BAASUUF Gandaata kudha arfan wiirtuu waddeessaa jala jiran keessa gandoonni #Qullit,Galaan Waddeessaa fi kaarraa gaafa amajjii 20/2016 gara waajira gandaa deemuu har'aa kaastani gibiras ta'ee galii humna Wayyaanee cimsu kamiyyuu nun gaafatinaa wajira kanas cufaa deemaa jedhanii itti himan jarris akka diduu jennaan manattiin akka lammaffaa hojiif hin oolletti murtii wal fakkaataa gandoota sadanitti fudhatan guyyaa kanas dhadannoo ajaa'ibaa fi sirboota ajaa'iba sirbaa oolan gargar bahani!

Waadaa kana boodaa duubatti hin deebinu jedhus walii galanii gargar bahini.Akkuma amalasaa Wayyaanee sochii kana dhaamsuuf amajjii 22/2016 konkolaataasaa fudhatee itti qajeele;gaafa isaan darban uummanni akkuma nama hin arginee callisee ilaale isaanis gulufanii Ganda kaarraa gahan sana booda uummata walitti waamanii nama ganda kana barbadeesse baasaa, gibara kaffaluu diddanis kaffalAa jedhanii dursisuuf yaalini leenconni Oromoo ganda kanaas isunuu baha ganda kana keessa biyyi abbaa qaba warra hirmii faana haasaa'uu hin dandeenyu nuuf isin hamma guutuun mirga Oromoo kabajamutti walii galuu hin dandeenyu jedhaniin adda irraa bahan.

Sana booda uummanni tokkuma tokkoon gara manaatti qajeelee osoo xiqqoo hin turiin meeshaa manaa qabu fudhatee dacha'e sana booda jarri makiinaa kaafattee baqatti qajeelte uummannis dukaasa irra dhaabe iyyi lafa nyaate jarri kun kolaataa dhaan baqattus uummanni biraa hafuu didee dura goraa jechaa ganda Galan Waddeessaa kaafachuun hanga Ganda Dikiitti ari'e gaafa ganda Dikii gahan magaalaa Amboo irraa humni biraa dabalatee dhufus dhumatti moo'ichi kan uumataa ta'ee naannicha irraa baqatanii bahanii jiru.

## " Hin Hafu Nin Dhufa" Wallee Warraaqsaa Sabboonaa Artist Joorj Abbuush

January 22, 2016

---

https://youtu.be/ZTJIsK7rAvw

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Oolmaa (Oolmaya) Oromiyaa amajjii 22,2016

> OMN: Oduu Gaggabaaboo (Angafoota) Oduu Oolmaa (Oolmaya) Oromiyaa amajjii 22,2016




> Gabaasa Hiriira Mormii Hawaasa Oromoo Xaaliyaanii(Amaji.22,2016)




## Bulchiinsii Yuunibarsiitii Amboo Mirga Barattoota Oromoo cabsuun Barattoota Oromoo Dootsisuu,Barnoota Irraa Arii'uuf fi Hiisisuuf Qajeelama TPLF Irraa Fudhate Barattoota Oromoo Barbaadaa Jira.

January 22, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com


09/05/08

**Gaafa Amajjii 19,2016** Bulchiinsii Yuunibarsiitii Amboo Mirga Barattoota Oromoo cabsuun Barattoota Oromoo Dootsisuu fi Barnoota Irraa arii'uuf hidhatti galchee dararuuf qajeelfama Mootummaa Wayyaanee Rawwachiisuu qofaaf jedhee Barattoota Oromoo 16 hatattamaan barbaada akka jiruu Beeksiisa Amajjii 19,2016 baaseen Beeksisee jira. Barattoota Oromoo kana irratti rakkoon tokkoo bakka fedheetti iyyuu irra ga'ee yoo argamee Itti Gaafatamaan Mootummaa EPRDF/TPLF/OPDO fi bulchiinsaa yuunibarsiitii Amboo ta'uu Sabboontootni fi uummatni Oromoo akeekkachiisan.

Barattootni Oromoo beeksifnii irratti Ba'ee hatattamaan barbaadamaa jiran maqaan isaanii kanneen armaan gaditti argaman kana:

1.Barataa Olaanaa Waaqoo.
2. Barataa ,Liibaan Dhangi'aa.
3, Barataa Abdii ejjetaa

4. Barataa kiisii Hinkoosaa
5. Barataa Firoomsaa Geetahuun
6. Barataa Tokkummaa Tuulii
6,Barataa Waaqumaa Gosaa
7,Barataa FIraanbar Nugusee
8,Barataa Gammachiis Booranaa
9,Barataa Gammachiis Qananii
1 Barataa Hiinaaftuu lammaa
12,Barataa Firaa'ol Namarraa
13, Barataa Gammachiis Hayilee
14, Barataa Gamachuu Amanuu
15,barataa Natiree Tasfayee
16, Barataa Daani'eel Mokoonnoon kanneen jedhaman irraatti beeksiisa diinummaa maxxansuun attattamaan barabaadamtuu jechuun barattoota Oromoo irratti Shororkeessa jiraachuun abbaa irreef fumaata tokko illee kan hin qabne ta'uun ibsame jira.

## FXG Ka'een Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Raaree Magaalaa Gooban Jedhamu Keessatti Namni 3 Madaa'anii Dargaggoo Shallamaa Jedhamu Ammoo Mirga Sabaaf Jecha Wareegamee Jira.

January 22, 2016

**Amajjii 22,2016** Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Raaree Magaalaa Gooban jedhamu keessatti uummatni fi dargaggootani Oromoo Warraaqsaa jabeessuun sadii madeeffaman namni tokkoo lubbuun Wareegame jira.

Warraaqsii kun aayyaanaa Cuuphaa irratti uummata irratti mootummaan Wayyaanee waraanaa bobbaasuun uummatni FXG narratti jabeessaa jira jechuun uummata goolaa utuu jiruu uummatni fi dargaggootni walta'uun dura dhaabbachuun FXG daran jabeessuun itti fufuun kanaan booda mootummaa Wayyaanee fi OPDO ergamtuu Wayyaanee uummata keenya irratti waraana labsitee nu fixaa jirtu jalatti hin bullu jechuun FXG daran jabeessuun dhaadannoo fi Wallee warraaqsaa Oromiyaa, Gootota Oromoo fi ABO faarsuun sirna abbaa irree balaaleffatan, Mootummaan Wayyaanee uummata irratti dhukaasaa banuun ilmaan Oromoo sadii madeessuun tokko immoo kan wareegame ta'uu madden gabasan.
Ilmaan Oromoo Wareegaman Keessaa Dargaggoo Oromoo Shallamaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

jedhamu kan Wareegame yoo ta'uu namootni sadii immoo Madeeffamuu madden keenya gabaasan.

## Hararge Baha,Aanaa Jaarsoo Magaalaa Annannoo Mixxee Keessatti FXG Haala Jabaa Ta'een Deemsifamaa Jira.

January 22, 2016

## FXG Magaalaa Naqamtee Keessatti Walitti Fufiinsaan Itti Fufe

January 22, 2016

**Amajji 22,2016**



Barattotni magaalaa Naqaamteef jiraattonni magaalatti gabrummaa of irraa fonqolchuuf wayiita carraqanitti dhamsuuf humna waraanaa dabalataa ramadatanis qabanneessu hin dandeenye itti akka jabaatu gochaa jiraachuu warraaqsa finiina jirutu ifomsa Har'as baratootni Calalaqii,Ask,Jiituu,Qasso,Q/Naqamtee FXG haalaangaggeessaa turan.

Humni diina Uummata Oromoo hidhuuf ajjeesuun araada itti ta'e nu hidhuuf giddirsu itti fufe ta'us nuti dhaloonni qubee haaraan kan garbummaa abbota keenyarraa dhaalle gabrummaan jiraachuu hin feenu. Duunuyyuu lafee keenyaan gabrummatti nii danqarra,dhiigi keenya lola'us akka lolaa gannaa haxaa'ee tplf nii kaasaa Shibbiruu Eebbumaa dhalataa B/W/Waamaa Hagaloo Ganda Baataa jedhamtu keessatti dhalatee guddate.
Shibiruun nama eenyummaasaaf bakka guddaa kennu ture.ta'us adamoo jabaa booda qarriffaa diinaa gale.kana duras dararamaaf dorsisa cimaan irra tureera.yakka tokko malee qabanii mana hidhaa galchan

## Baha Wallagga Waamaa Hagaloorraa Barattoonni Qopha'ina 22 Loltoota Wayyaneen Qabamuun idhaman

January 22, 2016

**Amajji 22,2016**

FXG wayita finiinaa jirutti humni gabroonfata namoota hidhuuf gidirsu akka furmaataatti fudhatee kan hojechaa jiru yoo ta'u.humna Uummata kan (sagalee uummataa) ukkamsuun aburraa dachee itti caale jiraachu enyufuu

converted by Web2PDFConvert.com

ifaadha Haalamu kanaan B/W/Waamaa Hagaloorra duula ilmaan Oromoorratti fudhachaa jiruun kaan qee'e gaddhiisise kaansaani hidhaa jiraachuu oduun achii ifomsa Namotni(barattoonni) hanga ammatti bakki buuteensaani dhabame kan dhibbaan lakka'aman yoo ta'u barattonni Qophaa'ina Moxe ta'ani mana hidhaa Jaatoo Naqamtee keessa jiran qofti 22 akka ta'an kanneen argan nii dubbatu.Ta'us hanga ammatti gaaffiin uummatarraa ka'a jiru "barattoota keenya nu fidaa"jechuun Tarsiimoosaanii kanneen akka Leenjii,Walga'i,Hojii,Misoomaa,Suluula soquu,Kiffilti Gibiraa,Buusii Hidha Abbay fi kanne kkf hunda guutummaatti lagate.bbb nis haalaan hojirra ooluun warraqsi finiinfame

https://www.oromiamedia.org/2016/01/22/omn-oduu-ama-21-2016/

OMN: Oduu Amma Nuhe, Amajjii 21-2016




## Amajjii 21/2016 Warraaqsii Dargaggoota Oromoo Hojii Dhuunfaa fi Dafqaan Bultootaan Magaalaa Finfinnee keessatti Waraana Oromiyaa keessatti ilmaan Oromoo ajjeesaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## turee, Ayyaanaa Cuuphaa irratti hiriiree uummata gooluuf dhaabbatu FXG'n dura dhaabbachuu abaatee itti fufe

January 22, 2016

Amajjii 21,2016 Warraaqsii FXGn Dargaggoota Hojii Dhuunfaa fi Dafqaan Bultootaa Oromoon Magaalaa Finfinnee keessatti Ayyaana Cuphaa irratti Waraana Wayyaanee Oromiyaa keessatti Yakka Waraanaa Rawwachaa jiruu dura dhaabbachuun eegalame daran Jabaachuun itti fufe!, Uummata Ayyaana Cuuphaa Ayyaaneffachuuf baee Poolisootni Wayyaanee Dargaggoota Oromoo irratti Kutaa magaalaa Finfinnee Yakkaa Daandii gara Laga Xaafootti geessuu bakka Karraa jedhamutti dhukaasa baneen Magaalaan Finfinnee sochii dargaggoota Oromoon raafama keessa seente Walitti buinsi guddaan Poolisoota dhalootaan Oromoo taanii fi Tigirootaa gidduutti dhalateen Ayyaanni cuuphaa gara Fincilaatti jijjiraame, Poolisootni dhalootaan Oromoo taaan ilmaan Oromoo hanga qabeenyaa fi namarraan midhaa gahaa hin jirreetti Sagalee diddaa waan Dhageesisaaniif reebuu fi irratti dhukaasuu hin qabnu jechuun waan didaniif poolisoota gidduutti walitti buinsii uumamuun bakkuma Ayyaanaa Cuuphaa kanatti Utuu uummatni ilaaluu Poolisiin Tigiree tokkoo fi Poolisiin dhalootaan Oromoo tokko wal qabachuun wal reebuun, uummatni fi Daraggaggootni gara Poolisii Oromoo goruun Poolisii Tigiree reebuun akka achii ariian madden ijaan arganitu nuuf gabaase. Goototni Dargaggootni Oromoo Wallee Warraaqsaan Haalaan ABO,Oromiyaa fi Goototota dargaggoota Oromoo barakana Warraaqsarratti wareegaman faarsuun hin hafuu gumaan barattootaa keenyaa Beenyaa yabeenyaa hin haftu gumaan barattoota keenyaa, Sifaan Lolaa ABO narra hin gortuu, dargaggoon Oromoo kaatee bosona hin galtuu fi dhaadannoo Oromiyaa, Bilisummaa, Walabummaa , abbaa biyyummaa barbaadna jedhuu sagalee guddaan dhageesisan, Sochii kana dhaabsisuuf poolisiin Federaalaa Finfinnee yaalii guddaa wayita gochaa jiruutti walitti buinsii uumamee Dargaggootni oromoo hedduun poolisootaan reebamuun namootni 15 ukkanfamuun kan qabamanii hidhaman yoo tauu, dargaggootni Oromoos boodarra tarkaanfii of irraa Ittisuu fudhachuun poolisoota hedduu dhagaan tumuun konkolaataa poolisotaa lama dhagaan hojiin ala gochuun warraaqqasii jabaachuun itti fufaa jira, gabaasaan itti fufa.



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com









## Wallagga Bahaa Magaalaan Naqamtee Keessatti FXG Daran Jabaatee Itti Fufuu Qeerroon Gabaase.

January 22, 2016

**Amajji 22,2016**

Guyyaa Kaleessa Magaalaan Naqamte FXG daran finiinsaa turan humna Wayyaanee Agaazii sodaa tokko malee dhagaan ari'aa turan.dhaadannowwan

*Oromoon Hoolaa Malee lafa hin gurguru

*kallachi keenyaaf gaachanni keenya WBOn haa jiraatu,galtuun tplf haa godaantu

*Finfinneen,Buraayyuun,Sabataan,Galaan keenya

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

*master plan didneerra ….
Jedhchuun magaalaa keessa dhageessisa turan Humnoonni tika gaazii imimmaneessa darbachuu midhaa irraan ga'uuf
yaalu gurmuu uummataa diigu hin dandeenye.

## Har'a Amajjii 22,2015 Gootonni Barattooti Oromoo Godina Wallaggaa Lixaa Magaalaa Jaarsoo Keessaatti Haala Qindaawaan FXG Itti Fufanii Jiru.

January 22, 2016




Guyyaa Har'aa Amajjii 22, 2016 Godina Wallaggaa lixaa magaalaa Jaarsoottii FXG marsaa 3fffaan haala nama aja'ibuun dhowee jira….
Bartoonnii sadarka 2ffaa fi qopha'inaa Jaarsoo Qormataa hin fudhanuu jechuun guyyaa qormataa gara guyyaa Mormitii deebi'ee qormanis osoo hin fudhatamiin hafee jira Barnonnii Bilisummaa Booda jechun mormii jabaa irra jiru!





Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Share

## Ayyaanni Cuuphaa Magaala Finfinnee Keessatti Gara FXGtti Jijjiramee Oole,Gootonni Qeerroon ABO Faarsuun Diddaa Isaanii Dhageessifataa Turan.

January 21, 2016

https://videopress.com/v/pEcmj4Yg?hd=0&autoPlay=0&permalink=0&loop=0Ayyaanni Cuuphaa Magaala Finfinnee Keessatti Gara FXGtti Jijjiramee Oole Amajii 20,2016 guyyaa ayyaana Cuuphaa jedhamee biyyattiitti kabajamee jira. Ayyaanni oromiyaa guutuu keessatti gara Fincilaatti jijjiiramuudhaan FXG gaggeeffamaa oolee jira. Addatti

1. Magaala Finfinnee kutaalee garagaraa keessatti uummanni haala mijawaa argatuun dhaadannoo isaa dhageesisaa oole. Uummanni lafa jiruu ayyana sababeessuun wal argee oole WBO fi ABO faarsaa oolee jira. waraabbiin asirratti argamu kan kutaa magaala Finfinnee keessaa Saarisitti daandii gubbaatti bahuun ija diinaa dura dhaabbachuudhaan dhaadannoo dhageesisaa oolaniiru. Bakka hedduutti uummanni Oromoo ayyaana kana irratti argame ayyaanicha guutummaan guututti gara FXGtti jijjiiree oolee jira.
2. Naannolee godina addaa Oromiyaa keessatti ilmaan tigrootaa Oromoo irratti dhaadatan kannen mootummaa isaanii deggeran irratti uummanni tarkaanfii garagaraa adeemsisuudhaan adabee jira. Ayyaana kana irratti magaalota naannowaa oromiyaa keessaa baasuun ilmaan tigree bakka oolmaa dhabsiisanii jiru. Uummanni tarkaanfii wal fakkaataas adeemsisee jira.
3. Godinaalee oromiyaa garagaraa keessatti ayyaana kanaan wal qabsiisuun FXG asdeemsifamee jiruun dargaggoonni hedduun qabamuun dhagayamee jira. shawaa lixaa kanneen akka Amboo irratti dargaggoonni bahanii akka ayyaana kana irratti hin hirmaanne humna waraana Wayyaanetiin dhorkamanii jiru. Magaalotaa kanneen biroo keessatti humna waraana wayyaanee ariyuudhaan ayyaanicha gara fincilaatti naanneessuun uummanni FXG itti fufee ooleera. Qonnaan bulaa fi dargaggoota hedduu irratti hidhaan adeemsifamee jabaatee itti fufee ooleera.

## Qeerroon Amboo Akkuma Aadaa Isaaniin Gootummaan Ayyaana Cuuphaa Sababeefachuun FXG Gaggeessuun Loltoota Agaazii Gamtaan Of Irraa Dhorkaa Oolan.

January 21, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## FXG Gootota Dargaggoota Oromoo Shaashamannee,Amajjii 21,2016

January 21, 2016

## Godina Addaa Buraayyuu Keessatti Ummanni Daandiitti Bahee Wallee Warraaqsaan ABO fi WBO Faarsaa Oole.

January 21, 2016

**Amajjii 21,2016** Godina addaa Buraayyutti uummanni daanditti bahuudhaan kaleessa Amajii 20,2015 guyyaa cuuphaatt

– ABOn nu haa bulchu

– Gaachanni keenya WBO dha

– Wayyaanen kanaan booda nun bittu

– Wayaaneef hin jilbeenfannu

– Barri bilisummaa gaheera

converted by Web2PDFConvert.com

- Mirga keenyaaf ni wareegamna
Jechuun humni waraana wayyaanee sodaatee gara dhufetti deebi'ee jira. dhaadannoo kaleessa fi har'a godinaalee addaa oromiyaa, magaala Finfinee fi godinaalee oromiyaa guutummaatti ayyaana kanaan wal qabsiisuudhaan dhageesisaa oolanii jiru. Uummanni oromoo mootummaa Wayyaanee akka hin barbaanne guutummaatti walii galeera. Shawaa kaabatti salaaletti dandiwwan cufamanii turan. Wayyaanee daaraa irraa dhoofnee, wayyaanee nama goone, wayyaanee beela baasne har'a ijoollee keenya fixxe yaa wayyaanee yaa kadhattu maaliif biyya keetti hin galtuu? Jechuun sirbootni fi dhaadannoon garagaraa har'a guyyaa guutuu dhageesifamaa oole.
Naannowwan garagaraatti dargaggootni hedduunis qabamanii jiru.
Sirni ayyaana cuuphaas waraana wayyaaneetiin ugguramee jira.
FXG oromiyaa keeysatti itti fufetu jira.

## Sirna Ayyaanaa Cuphaatiin Walqabatee FXG Godhameen Poolisiin Federalaa Ummataa Nagaa Irrattii Tarkanfii Fudhatera,Barattooti Oromoo University Wallaggaa 11 Gara Malee Reebamanii Hosptala Naqamtee Seenan.

January 21, 2016



**Amajjii 21,2016** Sirna Ayyaanaa cuphaatiin walqabatee Mormii cimaa godhamee poolisiin federalaa Ummataa nagaa irrattii tarkanfii fudhatera. Dhukkasaa fi gaziin nama boochisu illee ummaata kara nagaan sirna amantaa isaa hordofaa jiru irrattii fudhatameera. Itti dabalees, Guyyaa Gaafa 21 /01/2016
Mormii cimaan magalaa naqamtee fi barattoota Yuunbersitii Wallaggaa Keessaattii fininuu eegale jira. Baratoota wallaggaa university nagaan mormii dhageessisuuf bahan irratti humnoota waranaa mootummaa baratootni 11 irratti miidhaa hamaa geessisuun yeroo ammaa kana hospitaala naqamtee keessaatti argamu.




1. Dhaabasaa Fufa(5th yr civil eng)
2. Miressa shifeeraa Da'oo (pre engineering)
3. Saaron Bayisaa
4. Tolasaa Lataa Desisaa
5. Tamanee Tarekegn
6. Caanaa Odaa Burkuu -5th yr civil engineer
7. Yasin Malik
8. Bontu Fikadu Tulluu
9. Waktolee Beyenaa
10. Gashuu Gebeyo
11. Habtamuu Belay




Baratootni heddunis osoo yaalii hin argatiin kallattin gara mana hidhatti fudhatamaniru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

“Siifan Lolaa Oromoo Narra Hin Gortuu” Qeerroo Naqamtee Amajjii 21,2016

January 21, 2016

“ABO Nuufa Wayyaa Nuufoo”Amajjii 21,2016 Ayyaana Ximqataa Finfinnee

January 21, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/01/21/omn-oduu-ama-20-2016/

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Ammajjii 20/2016 Magaalaa Finfinnee

Keessatti Ayyaana Cuuphaa Sababeeffachuun

Daragaggootni Oromoo Wallee Wallee

converted by Web2PDFConvert.com

## Warraaqsaa fi Dhaadannoo FXG dhageesisan, Waraanni Wayyaanee Ayyaana Cuuphaa fi Dargaggoota Oromoo Shororkeessa oole!!

January 20, 2016



**Amajjii 20,2016** Guyyaa Hardhaa Magaalaa Finfinnee keessatti Goototni Daragaggootni Oromoo Hojii Humnaa Hojjechuun of jiraachisan Ayyaanaa Cuuphaa sababeeffachuun walitti dhufuun Dhaadannoo fi Wallee Warraaqsaa Dhageesisuun Mootummaa Wayyaanee EPRDF Balaaleeffachuun ABO Faarsaan , Ayyaanni Cuuphaa kunis Sababaa Mootummaan Wayyaanee Humna waraanaa Guddaa irratti bobbaaseen uummatni Keessattuu Hordoftootni amantaa Kiristaana Ortoodoksii , nagaan ayyaaneeffachuu akka hindandeenyee fi Uummatni Waraanaan sodaachifamee Humna waraana mootummaa Wayyaanee EPRDF'n Shoroorkeessa guddaa ummatarraan ga'uun ibsame jira.

Goototni Dargaggoonni Oromoo Magaalaa Finfinnee keessatti argaman walitti dhufuun gaaffii kabajamuu mirga abbaa biyyummaa , mirga dimookiraasii fi kabajamuu mirgoota amantaa hundaa fi bilisummaa uummataa Oromoof jechaa karaa nagaa utuu mormanii wareegamaan gadda guddaan ni yaadanna. Warraaqsaa FXG jabeessinee itti fufna jechuun Sagalee dhaadannoo fi wallee warraaqsaa dhageesisuun mormii qaban ibsatan. Wallee Warraaqsaan Nuf jiraadhu ABO koo yaabbaa biyyaa utuun ilaaluu Oromiyaa biyyaa koo hin kennuu kanaafan iyyaa, Korma Guduruu Oromoon ABO'n gootumaa duruu , ABOn biyyaa hin gurguruu jechuun wallee warraaqsaa fi dhaadannoo ilmaan Oromoo hidhaman haa hiikaman, ilmaan Oromoo ajjeefamaniin mootummaan itti haa gafatamu jedhuun dhaadannoo Magaalaa Finfinnee fi Magaalota naannawaa Finfinnee jiran keessatti dhageesisan. Addatti Kutaa Magaalaa finfinnee Yakka jedhamuu Daandii gara Magaalaa Laga Xaafoo Laga daadhii itti baasuu bakka Karraa jedhamutti Dargaggoota Oromoo fi humna waraanaa wayyaanee poolisii federaalaa gidduutti walitti bu'insa uumameen dargaggootni hedduun Poolisii Federaalaan reebamuun gabaafamera.

---

## Oromo Protests at the Timket (Ayyaana Cuuphaa/Epiphany) 2016

January 20, 2016

## Shammarree Oromoo Adde Biraanee Fiqiruu Mul'isaan Mana Hidhaa Wayyaanee Kibba Lixa Shaggar Aanaa Dawwee Keessatti Dararaan Ulfaataa Irra Gahaa Jiraachuu Qeerroon Gabaase.

January 20, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Biraanee Fiqruu Mul'isaa jedhamti dhimma mormii MP fi FDG Oromiyaa keessattin deemamaa jiruun walqabatee godina kibba lixa Shaggar aanaa Daawootti mana hidhaa aanichatti dararamaa jirti.Kan hidhamte gaafa guyyaa 27,12,2015ti ture ergasi beellama si'aa 2irratti gaafatan yoo ta'u yeroo lachuu guyyaa 9 sagaal irratti gaafatani turan. Ammas hanga 28/1/2016tti tursisan kan akkas rawwachisa jiru immo bulchinsaa aanaa kan ta'e obboo Fayyisaa Dhaabaa jedhamu, wajjirri poolisii aanaa fi mannii murtii anichaas hojii seeraa dhisaani hojii siyaasa dalagaa jiran.

Adde Biraaneen haadha mucaa tokkoo fi hojii daldalaa irratti bobbaatee hojjetaa kan turte sabboontuu fi gootota Oromoo kan taate ta'uun beekamti.

## Qeerroon Bilisummaa Magaalaa Naqamteetti Qooda Ayyaana Timqataa Gara FXG Jijjiiran.

January 20, 2016





**Har'a Amajjii 20,2016** Baha Wallaggaa magaalaa Naqamteetti Uummata Magaalattif Qeerroon Waliin ta'un "Dhala keenyaaf Haadhoo of biraa dhabaa yeroo jirrutti nuti gammachun ayyaana dabarsuu hin dandeenyu" jechuun gara FXG finiinsan walle warraqsaa kan yoomille gurra ummataa keessa hin banne (baala hadaami shaggo yaa sharritti fkkf)n geellifama ture Humni waraana kan qubsumas Naqamte godhate akkuma amala ummata bittimsus akka hin dhabbanne abdii guutun hima oduun achi nu dhaqabe.

## Qeerroon Godina Lixa Arsii, Kokosa Keessatti Diddaa Sirna Wayyaanee Gaggeessaniin Oromoon Biyya Isaa Barbaada,Wayyaaneen Nurraa Haabahu Jechuun FXG Gaggeessaa Oolan.

January 20, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





## Warraaqsa FXG Qonnaan Boltoota Oromoo Godina Haragee Aanaa Asaboot

January 20, 2016



## Uummati Magaalaa Naqamtee hiriira FXG guyyaa ayyaanaa cuuphaatti itti fufanii!

January 20, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



**Har'a Amajjii 20,2016** Magaalaa Naqamtee naannoo kuusaa bunaa durii bor bakka naafxaa NOC jedhamutti gobii sirbuudhaan, Qeerroon magaalaa Naqamtee hanga abbaan biyyummaa keenya mirkanaa'utti FXGn keenya duuba hin deebi'u jechuun guyyaa har'aa kana fincila geggeessaa jiru



Hoo Baala baddeessaa Wayyaanee  Nurraa geggeessaa, Hoo korma guduruu Oromoon biyya hin gurguruu jechaa dhaadhannoo dhaanootummaa Wayyaanee abaaraa oolan Loltooti humna garboomfataa tigiraayis humna isaa ilmaan shanan Leeqaa irratti bobbaaseen boombii aara imimmaan nama buusisu irratti facaase.

Haata'u malee,hiriirtonni durumaan bishaan qabatanii ba'uun Ijoollee irratti facaasuun baraaranii ammas yeroo lammataaf hiriirri wayita itti fufu,humni agaazii itti roobsamuun addaan bittinneessuun isaa beekameera Jiraattonni magaalaa Naqamtee yeroo amma kana humni waraanaa mana galmaa isaanii keessaa humna waraanaatiin qabamanii akka gara mana hidhaatti guuramaa jiranis beekameera

## Humni Waraanaa Shororkaa Mootummaa Waayyaannee Agaazii Baha Wallaggaatti Kan Duraa Irra Daran Dabalamaa Jiru.

January 20, 2016

**Amajji 20,2016**
Sagalee Uummataa uukkaamsuu kan amaleeffate
Mootummaan Waayyaane,har'as aangoosaatti fayyadamee FXG dhaamsuuf dhamaati ta'e
duraa fashala'uun jiraatus abdii osoo hin kuti humna waraanaa hidhannoo guutu Uummata civil keessa bittumsuutti jira Akkasuma magaalaa Naqamtee keessatti amajji 18 2016 asitti Agaazii 400 guyyaa hara'aa Amajjii 20,2016 dabalanii baadiyyaa keessa qubachiisanii akka jiran gabaasame.

## FXG Oromiyaa

January 20, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com











Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



t

## FXG Oromiyaa Bakka Gara Garaa fi Magaala Naqamte Keessatti Itti Fufe.

January 19, 2016

Magalaan Naqamtees Guyyaa Har'aa FXG Itti Jira Manneen Barnootaa:-
1. Qopha'insaa naqamtee
2. Mana barumsaa Oolmà da'imanii beetel
3. Mana barumsaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa Dibooraa
3. Mana barumsaa kibbaa Waachaa
4. Mana barumsaa Ask K eessaattii Mormii cimaan godhama jira. Daa'immaan heddunis gazii nama boosisun miidhamaniru. Mana barumsaa kibbaa waachaa Keessaattii dhukkasni hedduun godhama ture. Baratootni miidhamanis yaalii akka hin argannee dhorkamanii kallaattiin gara mana hidhaa naannoo dhidhessaattii geessamaniru.

converted by Web2PDFConvert.com

# Dargaggoonni Oromoo Magaalaa Gimbii Wallaggaa Loltoota Wayyaaneen Qabamanii Seeraan Ala Hidhamaa Jiru.

January 19, 2016

**Amajjii 19,2016 Gabaasa Qeerroo Gimbii**

1,Abayyaa Faxxanaa Tasgaraa kan jedhamu hojjetaa dirree misoomaa kan ta'e,ga'een hojii isaa kfo keessatti barreessaa kan godina wallaggaa lixaa,yeroo ta'u, yeroo adda addaatti ragaa sobaa irratti qindeessuun carraa guddinaa akkanni hin arganne godhanii jiran. Kana malees sababa mormaa deggerte jedhamuun iddoo hojii isaa duraa irra kaasuun lafa fagootti darbachuun,karaa dheeraa marmaaree akkanni hojjetu godhaa jiran. kan biraan warreen ganda bulchaniin waaninni keessaa hin qabne godheera,goosiseera jedhaa ragaa nuuf laadhaa jechuun akka lakkoobsa habashaatti 06/05/08tti Koreen mataa isaa danda'e ijaaramee hojiitti seenee jira.
Akka keessa beektonni jedhanitti sochii barattootaa duuba jirta,hojii shororkaa hojjechaa jirta jechuun hojii irra hari'uuf ykn mana adabaatti darbachuuf qophii akka ta'an adda baasanii jira.

2,Solomoon Mokonnon wallitti qabaa kfo godina wallaggaa lixaa yemmuu ta'u,paarlaamaaf illee dorgomaa ture. Namni kunis haaluma kanaan ija diinaan fuula mootummaa duratti ilaalamuu ergaa eegalee bubbulee jira. Yeroo dhihoo Kanas shororkaa duukaa hiriirtee jirta jechuun torbanoota sadiif mana adabaa turee kan ba'e yoo ta'u ammas doorsifni adda addaa irratti geggeefamaa jira.
3,B/Tafarii Baqqalaa itti aanaa Solomoon, bifuma walfakkaatuun hidhaa torban lamaa irra turee dhiyeenya yoo gad dhiifames, ammas carraan isa eeggatu hidhamuuf hojii irraa hari'atamuu akka ta'e, warreen quuqama lammii isaanii qaban iccitii kana bakkee baasaniiru.
Kana malee Fufaa kan jedhamuuf kanneen biroon kfo keessatti hirmaanna garagaraa godhaa turan martuu adabni akka isaan eegaa jiru bira ga'ameera. Kanaaf hundumtuu gochaa diinaa kana hubatee akka irratti

converted by Web2PDFConvert.com

qabsaa'uu qabu dhaamsa keenya dabarfanna.

## Baha Wallaggaa Qophaina Naqamteef Uummata Boordii Keeessa Jiraatanin FXG Daran Jabaatee Itti Fufe.

January 19, 2016

**Amajji 19,2016** Gareen murna bichuu TPLF tarkaanffi suukanneessaa fudhattus warraaksa banbanee jiruu dhaamsuu hin dandeenye ittu gochiisaani Warraqsa golee OROMIYAA arfaniin fininsise Qeerroon barattootaa Q/Naqamtee har'a ayyaanaan wal qabsiisani yeroo "galaa!"jedhanitti Barattootarraa Diddaa guddaan dhaga'ame barattoonnis diddaasaanii dhaadannoo jajjaboon eegalan ("oso haadhoon keenya du'a jiruu dhiigasarra ejjenne hin ayyaanefannu ,harmeen keenya bo'a nuti gammachu hin hin qabnu ,nuti dhaloota qubeeti gabrummaan nu hin ta'u") jechuun akkuma eegalaniin gaazaa nama imimaanessu gaddhiisan aarii guddaa keessa kan galche barattoota waliin dhaadannoo dhageessisa.

## #OromoProtests against TPLF Ethiopian tyranny in Waahel town near Dire Dawa, Hararghe, Oromia. 19 January 2016

## Amajjii 19,2016 Dirre Dawaa Magaala Waahel Keessatti FXG Itti Fufee Jira.



#OromoProtests against TPLF Ethiopian tyranny in Miesso, Hararghe, Oromia . 19 January 2016.

Fascist TPLF has deployed its Liyu Police to the area and killed at least 4 people on 19 January 2016.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



" Kan Qaban Qabaan Guunne" Wallee Warraaqsaa Haaraa Arsits Biftuu Gadaa Gobanaa /Amajjii 2016

Oduu Amajjii 18,2015

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




http://www.siitube.com/oromoprotests-in-lemmon-town-west-shawa-residents-blocked-transfer-of-prisoners-from-local-jail-t_1eb37135e.html

Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo (SQ)

Amajjii 18, 2016

January 19, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Sirna Awaalcha Gooticha Barataa Oromoo Tolosaa Dhufeeraa Engineering Waggaa 4ffaa Yuniverstii Haromaayaa Loltoota Wayyaaneen Ajjeefame.

January 19, 2016

https://www.youtube.com/watch?v=US-Rw7kHIdI

## Gochi suukkanneessaan shamarran Oromoo sadii godina wallagga lixaa magaala Najjoo keessatti mana nama dhuunfatti waraana Wayyaaneen irratti fudhatamaa jira

January 19, 2016

Hidhaa fi gochi safuu cabsee fi suukkanneessaa saroota wayyaaneetiin uummata oromoo irratti gahaa jiru daran jabaatee itti fufe jedhu Qeerroon godina wallagga lixaa aanaa Najjoo irraa ibsu.
Har'a Amajii 18/2016 addeessutti hidhaan barattootaa fi ummata irra gahaa jiru kan magaalaa Najjoo akkuma itti fufetti tahee gocha suukkannessaa sharammaran magaala Najjoo irraa qabaman kanneen maqaan isaanii armaan gaditti tarreeffaman waraana wayyaaneen erga qabamanii mana nama dhuunfaatti geeffamanii kaasee gocha gudeeddaa irratti raawwatanii hanga ammaatti poolisiin wayyaanee gocha kana irratti raawwataa akka jiru qeerroon gabaasee jira. isaan kunis
1. Ayyaantuu Malaakuu
2. Guddee Gammachuu fi
3. Ayyaantuu Camaduu kan jedhaman sadan kun harkaa waraana Wayyaanee keessatti miidhamaa akka jirantu gabaafame. Mana nama dhuunfaa keessatti waraana wayyaaneen dhokfamanii haala gaddisiisaa kan dubbachuun nama saalfachiisu irratti raawwataa kan jiran yoo tahu isaan keessaa Ayyantuu Camadu qaamni ishee hir'uu tahee cabdee akka jirtu gabaasni dhufe ibsa.
Kannen maqaan isaanii nun gahin dhabamanis eessa jiraatuu isaanii kan hin beekamne shamarran hedduu akka tahes Qeeyroon gabaasee jira.

## Barattooti Oromoo Baha Wallagga FXG Itti Fufan

January 19, 2016

**Amajji 18,2016**
Baha Wallaggaa Qopha'ina Naqamte,
Wamaa Hagaloo
Magaalaa Moxe, Ganda Baataa,Magaalaa Qassoo,Magaalaa Killoo,Ganda Baabbaa Kofalee keessatti sochiin FXG haalaan finiinsaa turan. Akkasuma Waamaa Hagaloo Baataa keessatti kannen jalee mootummaa ta'an irratti tarkanfi ummati fudhatee madoo taasisan

## Gaaffiin keenya gaaffii Abbaa biyyummaa ti hiriyoonni keenya hanga hiikamanitti hin

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## barannu jechuun Barattoonni qophaa'inaa Moxee ka aanaa Waamaa Hagaloo FXG irra oolan

January 19, 2016

Gaafa Amajjii 18,2016, Akka gabaasi Qeerroo ibsutti magaalota Moxee fi Qassoo keessatti alaabaan Wayyaanee erga guggubameefi qabeennaa Wayyaanee irratti tarkaanfiin fudhatamee kaase humni waraanaa aanicha goolaa akka jiru beekamaadha

Barattooti fi jiraattonni ukkaamsamaa utuu jranii ilmaan Oromoo ajjeestanii utuu qarshii gaafattanii barachuu hin dandeenyu jechuun FXG mormii dhaan sagalee isaanii dhageessisaa oolan. Dhumarratti humni waraanaa achii bittimsuu fi Barattoonni hedduun ukkaamsamuus oduun achii nu qaqqabe ifa taasiseera.

Gabaasi Qeerroo Waamaa Adaree Wallewwaan warraaqsa ciccimoo ta'anin
(Hoo baala kusa'e
DH.D.O Maal nurra ka'e
Waayyaanne maal nurra ka'e
Hoo yaa abbaa jiksa
Nafxanyaan maaf nu cunqursa
Hoo yaa abbaa daale
Diqaalicha enyummaasatan wal'ale
Hoo yaa birrole
Homaa hin qabnu kobbee malee
Hoo yaa birrole
Gabronfataadhan kajeele jechuun kan eegalan dhumarratti tarkanfiwwan qabeenyaa diinaaf basaastota,jalewaan TPLF (OPDO) irratti fudhatani Waajjiraalewwan magaalatti keessaa heddusaani barbadeessan.gadhee nama madoo taasisani akka itti fufan waadaan galan keessattu barattootni ukkanfaman hamma gaddhiifanitti,alaabaa keenya hanga fannifanutti itti fufna jedhan.

Godina Wallagaa Magaalaa Giddaa Ayyaanaa FXG.

## Mootummaan Wayyaanee Barattoota Oromoo Mooraa Yuniverstiilee Keessaa Qabee Seeraan Ala Hidhe Kijibaan Dirree Waraanaa Irraan Qabe Jedheen Mana Murtii Irratti Yakkaa Jira.

January 19, 2016

**Amajjii 19,2016** , Barattooti kun yeroo jalqabaaf 24 ka ta'an yoo ta'u,amma barattoota shan kan himataa jiru yeroo ta'u, adeemsi heeraa fi Seeraa kan hin eegamneefi maqaa Oromoo fi ABOtiin yakkamanii murna bicuu TPLF Tigiraayin humatamaa jiru. Barattooti kun amma mana yaalaa dhirkamuun,baay'ee kan miidhaman yoo ta'e illee haamileen oromummaa isaanii mana hidhaa maa'ikelaawwi fi Qilinxootiin utuu hin cabin mana Murtii Wayyaanee kanatti sodaa tokko malee uffata aadaa Oromoo uffatanii dhiyaatan

Himatamtoota Wayyaanee kana keessaa Barataa Magarsaa Warquu dhukkubaa fi dararaa irratti raawwatameen baay'ee hubamee kan jiru yeroo ta'u, Afaan Wayyaanee abbaa alangaa ka ifiin jettu himata irratti dhiyeessite gocha isaanii akka hin taane ibsaniiru.

Nimoonaa(Abbabaa) Urgeechaa yaada gartuu himatamtoota Abbabaafaa jedhaman kana irraa yaada Abbaa Seeraaf dhiyeessan " maaster pilaaniin finfinnee itti himatamaa jirru mootummaan naannoo Oromiyaa uummati kan itti hin amannee waan ta'eef hojiirra hin oolu aantummaa uummata Oromootiif qabu nan mirkaneessa " erga jedhee midhaa ga'e jedhuuf mootummaan naannoo Oromiyaa itti gaafatama haa fudhatu nuunis himanni keenya mootummaa federaalaan ilaalamuun hafee gara mootummaa naannoo tti nuuf haa deebi'uu " yeroo jedhan abbaan seeraa garuu karaa qaama ilaaluu dhiyeeffachuu dandeessu nuun garuu qorannoo seeraa keenya addaan hin kunnu himata isinitti dhiyaateef guraandhala 14-16tti ragaa faccisaa akka dhiyeeffattan jechuun galmicha cufe

1. Barattooti kun,Abbabaa (Nimoonaa)Urgeechaa Haromaayaatti Barataa Injinrerii
2. Magarsaa Warquu Barataa seeraa waggaa 5 ffaa Yuunibarsiitii haromaayaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com


3. Addunnaa Keessoo Barataa Adaamaa Yuunibarsiitii
4. Bilisummaa Daammanaa Yuunibarsiitii Adaamaa

Yeroo ta'u, wabii kuma kudhaniin alaa kan dhiyaate, Mo'iiboon Baqqalaa Garbaa Yuunibarsiitii Jimmaatti Barataa public health waggaa lammaffaati

https://youtu.be/xU6ppYDrKHo

---

OMN: Oduu. 17, 2016




OMN: Oduu Ama. 16, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




## Warraaqsa FXG Hararge Lixaa Magaalaa Mi'eessoo

January 17, 2016

Rage in Miesso following the killing of 6 peaceful protesters on 17 January 2016. has erupted in Asabot town West Hararge. #OromoProtests also in Asabot town West Hararge. Farmers from the region have moved to the city condemning the killing in neighboring Miesso town.

The 6 people killed in Miesso has been identified as:

1) Yasino Abdala Ali
2) Abdella Hassan
3) Mussa Hassan
4) Abdulhakiim
5) Ahmad
6) The six person has been badly disfigured as he was hit with grenade and hard to conclusively identify at this time.

The attack was perpetuated by TPLF's mercenary in Somali region, the notorious Liyu Police. On Friday TPLF's chief os intelligence for the Eastern region warned administrators of the two Hararge provinces that he will deploy Liyu police if they cannot stop the ongoing protest. As promised following yesterday's march of farmers on Miesso town, 7 truck loads of Liyu police entered Western Hararge. This morning they invaded Miesso attacking peaceful protesters. You might recall that Liyu police attacked protesters last week in East Hararge as well.

converted by Web2PDFConvert.com

Source: Qeerroo & Jawar Mohammed, Social Media.







Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Sochii Warraaqsa FXG Qeerroo Wallagga Horroo Guduruu Aanaa Abbaay Cooman

January 17, 2016



converted by Web2PDFConvert.com



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## #OromoProtests: Ethiopian Protesters Endure Brutality and Censorship Amid Land Struggle

Global Voices, 15 January 2016

https://globalvoices.org/specialcoverage/ethiopian-protesters-endure-brutality-and-censorship-amid-land-struggle/

Oromia: OromoProtests Endure Brutality and Censorship Amid Land Struggle

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Ama. 15, 2016



## On Oromo Protests, UN Had No Response to ICP, Now Cites Dialogue in Ethiopia

On Oromo Protests, UN Had No Response to ICP, Now Cites Dialogue in Ethiopia

## OMN: Gabaasa Hiriira Mormii Hawaasa Oromoo New York

OMN: Gabaasa Hiriira Mormii Hawaasa Oromoo New York




https://www.spreaker.com/user/8507098/rally-of-the-oromo-community-organizatio?autoplay=1

## UNPO: Oromo Demonstration in Brussels Demands European Union to take a Firm Stand against Ethiopian Government

UNPO: Oromo Demonstration in Brussels Demands European Union to take a Firm Stand against Ethiopian Government

QOPHII ADDAA

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Hiriira Mormii Hawaasni Oromoo Biyyoota Awurooppaa Waajira EU Belgium Brussels fuulleetti Taasisan.(Amaj 15,2016)

> Hiriira Mormii Hawaasni Oromoo Biyyoota Awurooppaa Waajira EU Belgium Brussels fuulleetti Taasisan.(Amaj 15,2016)




## Baha Wallaggaa Waamaa Hagaloo Guutummaan FXG Haalan Jabaatee Itti Fufee Jira.

January 16, 2016

**Amajjii 16,1,2016**

FXG kan godinota Oromiyaatti qabsiifamee jiruun,tibba kana TPLF fi OPDOn raafama guddaa keessa seenurra darbani waan dubbatanille harka waldhahaa jiraachuusaa ibsa isaani giddu kanatu dhugomsa Warraqsa Baha Wallaggatti ka'e jiru dhaamsuuf hoggantoonni godinichaa Kalessa gara Waamaa Hagalootti kan bobba'an ta'ulle daran FXG akka finiinuuf karaa saaqe waan hin yaadin kan isan mudate gaaffiin uummata naasise gaaffilen kunnin
1,barataa keenyaaf dargagota keenyatti bu'urra dura nu ajjeesaa
2,master plan dhabneerra jettanii wawwaatanis gaaffiin uummata Oromoo kan hundee achuma jira waan ta'eef nuti mootummaa keenya dhaabbachuu barbaadna ABOn nu haa bulchu.
3,erga gaaffiin barataa sirri ta'ee maa ajjeefatu,maa hiitu maa shorokeesitoota jettu?akka keessan qe'e nama deemee enyuun ajjeese
isinu jirtu kan nu jalatti ol adeemaaf qaro qabeeyyi dagugdan jechunwal-ga'icha diigan

> OMN: Oduu Ama. 14, 2016




## Mootummaan Wayyaanee Barattoota Oromoo Yuniverstii Jimmaa Irratti Gocha Suukkanneessaa Raawwataa Jiru Irratti Dabalee

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Har'a Dhukkaamsuu Eegale.

January 16, 2016

**Amajji 16,2016)**
Barattoota Jimmaa Yunibarsiitirraa Ukkanfamani bakki buuteensaanii dhabame kan maqaan nu ga'e kana gaditti katabneerra
1,Kennaa Daammana (Seera Waggaa 5ffarraa)
2,Abdiisaa Bantii (Nurs Waggaa 2ffaarra)
3,Abram (Nurs Waggaa 2ffaarraa)
4,Bultuu Fiqaaduu (Foklarii waggaa 3ffaarraa) kanneen hafan hedduun kan jiranidha barattoota kana dhabusaanii malee essa akka ga'an hiriyoonnisaan hanga har'a beekanii hin jiran

## Baha Wallaggaa Sibu Siree naanno Gabaa Sanbataatti Amajjii 15, 2016 FXG Gaggeefame.

January 16, 2016

Amajjii 16,2016)
Baha Wallaggaa Sibu Siree naanno Gabaa Sanbataatti Kaleessa
FXG gaggefameen ummanni Oromoo biyya keenya barbaadna,mootummaan Wayyaanee nurraa haa ka'u jechuun dheekkamsuu fi dhadatnoon hiriira bahe.

Kana malees jala deemtota Wayyaanee kanneen ta'an milishoota naannichaa uummata gidirsaa jiran irratti uummanni barnoota sirreessaa kenneefii akka jiru Qeerroon gabaasa

## Amajjii 15,2016 Hiriira FXG Barattooti Qophaa'inaa Naqamtee.

January 16, 2016





## Barattooti Qophaa'ina Biiftuu,Dargee Qophaa'ina NaqamteeHiriira FXG Bahaniin "Abbaan Biyyaa Oromoo" Dha Jechuun Gootummaan Waraana Wayyaanee Dura Dhaabbachaa Oolan.

January 16, 2016

**Amajjii 15,2016** Guyyaa har'aa Barattooti qophaa'ina Naqamtee fi Mana barumsaa Daargee hiriira FXG bahuun gootummaan Waraana Wayyaanee dura dhaabbachaa oolan.

Barattooti kun dhadatnoo dhageessisaa turan Oromoon abbaa biyyaa dha,walabummaa keenya barbaadna. Oromiyaan biyya Oromooti. Mootummaa keenya tolfachuu barbaadna kan jedhuun dhadhatnoo dhageessisaa turan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Haala kanaan barattooti mana barumsaa Daargee irraa baratooti kanneen kun hidhamuu dhagahama.

1. Faana Amalawarq Bulii
2. Leencoo Abdiisaa
3. Simee Tafarraa
4. Tafarii Dhangi'aa
5. Biqilaa Baandaa

## Goota Saba Isaa Oromoof Jecha Lubbuu Aarsaa Godhe, Geeggeessaa Jaal Abdataa Abdataa Olaansaaaf/Walaloo

January 16, 2016



**Leelloo Sabaatiin,**

Gaaffii abbaa biyyummaa, kan jaarraa oliif ture,

Baroota hedduuf ka'ee, deebii homaatu dhabe,

Hedduun itti dhumee, hedduun itti hidhame,

Harki itti ciramee, harmi irraa murame,

Akka harree fi gaangoo takaallaan oofamee,

Faanni ilaalamee, ilkeen lakkaawamee,

Mootummaa Ixoophiyaan, gabaatti baafamee, hedduun gurgurame(2)

Hiraarri kun hunduu, waan jiruuf har'a illee,

"Kun dhaabbatuu qaba !", jedhee eerga murteessee,

Abdataa Olaansaa falmaa kan eegale(2)

Falmaan isaa kun, falmaa dhugaa ta'ee,

Hundumaa hiriirsee diina dura dhaabee,

Onnee abbootii isaatii dhalmayaan fudhate,

Kan sodaa hin beekne, homaa irraa deebine,

Haga funyaaniitti, diina qawwee hidhate,

Bakka lixxu dhowwee, kokkee isii qabee,

Diina wat-waachise, sodaa itti naqe. (2)

Maqalee fi Finfinneetti teessumma godhattee,

Ilmaa tigrootaa shira irratti xaxxee,

Gaaffii ummata Oromoo kan dhaabdu itti fakkaatee,

Wabii fi abdii borii, Oromiyaaf egeree,

Abdataa Olaansaa qacaleetti kutte(2)

Du'a isaa dhagahee, rifatuun holladhee,

Aariidhaan waadamee, garaan na gubatee,

Inimmaan ija irraa jigee gadi na yaa'ee,

"Gootaaf hin boowani haaloo bahuuf malee,"

### Geggeessaa Abdataa Olaansaaf

## Amajjii 15/2016 Miseensoti OPDO Taanii Sirnicha Keessa jiran Keessaa Godina Lix a

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

# Shaggar Aanaa Mida a Qanyiitti Hogganaa Wajjira Dargaggoota a fi Ispoortii kan t ure Kabbadaa Qoroo C am adaa FXG Waliin Ji rta Sababaa Jedhuun Hidham e.

January 16, 2016

Amajjii 15/2016 Mootummaan Abbaa Irree Wayyaanee Ilmaan Oromoo Miseensota OPDO taanii sirnicha Keessa jiran Illee Oromummaan Yakkee Hojjettoota Hedduu Hidhaatti Guuruu Eegalee jira, Godina Lixa Shaggar Aanaa Midaa Qanyiitti Hogganaa Wajjira Dargaggootaa fi Ispoortii kan ture Kabbadaa Qoroo Camadaa Oromummaan Yakkamee Mormii gaggeffamaa jiru keessatti qooda qabda jedhamuun Humna Waraana Agaaziin Ukkaanfamee Mana Hidhaa Maaikalaawwiitti darbamee jiraachuun ifa taee jira.

Dargaggoo Kabbadaa Qoroo Camadaa Bara 2005/1997 Fulduraa yeroo garaagaratti Oromummaan Hidhamee dararama kan turee fi Bara 2005 Humnootaa Tikaan qabamee Maaikalaawwiitti hidhamuun dararama guddaa keessa kan turee fi Bara 2009 Kan Gadhiifamee fi Miseensa OPDO Yoo taate malee hin jiraattu jedhamuun Miseensa OPDO baruma kana tauun Wajjira Milishaa Aanaa Midaa qanyii irratti Ramaduun akka yakka raawwatuuf dargaggoota Oromoo Aanaa Midaa Qanyii waliin walitti buusuuf shira guddaan irratti dalagamuun ni yaadatama. Boodarraa dargaggoota biratti fudhatama qabaachaa gaafa inni dhufuu, Shakkii guddaa keessa galuun waajjira Milishaa irraa kaasuun Wajjira dargaggoof Isport irratti ramadamuun utuu hojjechaa jiruu, Sochii Warraaqsaa FDGfi Mormii Master Pilaanii Finfinnee keessatti qooda qabda jedhamuu Humnoota agaaziin Ukkaanfamee kan mana hidhaatti darbamee jiru tauun saaxilame, kana Malees Kaabinootni Aanaa Midaa Qaanyii, Calliyaa, Aamboo, GINcii, Jalduu, Xuuqur Incinnii, Gindabarat, Adaaaa Bargaa, Meetaa Roobii, Mogorii fi Dandii hundii rakkoo ilaalchaa qabduu, Fincila mootummaa irratti gaggeeffamu keessa harka qabdu jedhamuun hidhamuuf Doorsifamaa jiraachuun ibsame jira!!





Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Gubachuu alaabaa fashist Waayyaanneen wal qabatee magaalaan QASSOO har'a dirre waraanaatti of jijjiirte

January 15, 2016

**Ammajji 15,2016**

Baha Wallaggaa Waamaa Hagaloo Magaalaa Qassoo keessatti dheengadda marsaa 3ffaaf kan eegale FXG hanga har'atti ummanni jabinaan injifatnnoo  galmeessaa kan jiru yoo ta'u,har'a amajji 15,2016 humna waraana uummata magaalattif baadiyyaa keessa tamsaasun kannen alaaba guban baasaa jechuun ummata dararaa kan jiru yoo ta'u hidhattoota baadiyyaas magaalaas meeshaa (qawwee) harkaa fuchuuf dhaadata kan itti bobba'e yoo ta'u gad ba'uuf ol galuun nutti ulfaate jechuun oduun achi as qari'e ifomsa.gabaasa guutuf walitti deebina

## FXG Wallagga Naqamte Keessatti Itti Fufe

January 15, 2016

**Amajjji 15,2016**

Baha Wallaggaa Magaalaa Naqamtee Keessatti Gootota Qeerroo Barattoota Oromootiin itti fufe kaleessa gara cabsoo kan eegalan dhaadannoo osoo hin baratin qorumsa fudhachuu hin dandeenyu jedhuu kan eegalan
qeerroon barattootaa Qophaa'ina Naqamtee har'as itti fufuuf akka eegalaniin humna waraanaa hidhannoo guuttatee jiruun kan bittinfaman ta'us akka itti fufan wal hubachiisaniiru

January 15, 2016

**Amajji 15,2016**

Baha Wallaggaa Aanaa Nuunnuu Qumbaa Magaalaa Nuunnuu keessatti BBB haalaan hojirra oolunsaa nii yaadatama.
ji'a kana keessas barattoota magaalichaaf naannooshee yeroo hogantonni mana barumsaaf hoggantoonni aanaa "kottaaa qorumsa fudhadhaa"
jedhanitti "waan baranne waan hin qabneef qoramuu hin dandeenyuu" jechuun hokkora cimaa dhaqabsiisaa jiru

Magaalaa Naqamtee keessatti Barattoonni Qophaa'inni Naqamtee FXG Aakkuma Itti Fufanitti Jiru "Humni waraanaa dhaqaa gala nugaggeessu duuba nu hin deebisu.hanga bilisummaa gonfannutti qabsoo keenya itti fufna"jechuun sagaleen ala har'a galgala galmasaanitti sa'a 5:40tti magaalaa Naqamtee keessa hiriira tokkoon osoo walirraa hin citin sodaa tokko malee daandi konkolaata qabatanii FXG bifa haaraa ta'een osoo namas ta'ee kmkolaata wal gidduu hin baasin tokkummaan gaggeessaa turan. Humni waraanaa konkolaataan dubbatta waan jedhan fakkaatv yeroo hidhata guutuun bukkee deemaa turan.

## Wallagga Horroo Guduruu Keessatti Abbootiin Seeraa Akka Baratooti Mana Kiraayeffatee Hin Teenye Murtii Dabarsan.

January 15, 2016

**(Amajji 15,2016)**

Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Amuruu keeysatti hogantoota Aanaatin murtiin barattoota FXG kaasuu danda'uu jedhamanitti mana akka hin kireessinee murtiin kenname.

Bule ka'ee mala itti FXG Fashalsu barbaaduuf(soquuf) kan hin ciifne jala deemtonni TPLF Horro guduru Wallaggaa Nannoo Amuru jedhamtu keessatti abbooti mana magaala qaban hundinu akka mana barattoota qaroo qabanitti akka hin kireessine guyyoota darban muraasa keessa murtii jabaa kennan.

## Amajjii 15,2016 Wallagga Magaalaa Innaangoo Keessatti FXG Itti Fufee Oole.

January 15, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Godina Hararge Dhiha Magaalaa Waaccuu Keessatti Ummanni Oromoo Waraana TPLF Dura Gootummaan Dhaabbataa Jiru.

January 15, 2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




## Qophiilee Qeerroo Bilisummaa FDG Yeroo Adda Addaa Keessaa Hamma Xiqqaa Tokko

January 15, 2016














Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

































Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com






Share

January 15, 2016By Qeerrooin Oduu/NewsLeave a comment



Amajjii

15,2016Warraaqsii Fincila Xummura Gabrummaa (FXG) Gootota Qeerroo Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa Daran Jabaachuun wal qabatee Mootummaan Wayyaanee waraanaa of harka qabu waraana guddaa Mooraa Yuunibarsiitii Jimmaa keessa qubsiisuun barattoota Oromoo dararuu itti fufe. Tarkaanfiin hammeenyaa Mootummaa Faashiistii kanaan nurratti fudhatamaa jiruu sochii mirga keenyaafi biyya keenyaaf falmachaa jirruutti dachaan kan nu jabeessuudha jedhu gootootni barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimma.

January 14, 2016

## The United States Calls for Meaningful Dialogue About Oromo Community Concerns

January 14, 2016

Press Statement

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

**John Kirby**
**Spokesperson, Bureau of Public Affairs**
**Washington, DC**
**January 14, 2016**

The United States is increasingly concerned by the continued stifling of independent voices in Ethiopia, including the detention of Oromo political party leaders. These arrests have a chilling effect on much needed public consultations to resolve legitimate political grievances in Oromia.

We support the Government of Ethiopia's December commitment to public consultation with affected communities. For these consultations to be meaningful, all interested parties must be able to express their views freely.

We reaffirm our call on the Ethiopian Government to refrain from silencing dissent and to protect the constitutionally enshrined rights of all citizens, including the right to gather peacefully, to write, and to speak freely as voices of a diverse nation. We call for the release of those imprisoned for exercising their rights, such as political party leaders and journalists.

Source: US Department of State

---

https://youtu.be/wxXCrgrymD8

## OMN: Oduu Ama. 14, 2016

OMN NEWS, JANUARY 14, 1016. #OromoProtests

OMN: Oduu Ama. 14, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com


ማስታወቂያ

ለቴክኖሎጂ ተቋም ተማሪዎች በሙሉ

ማንኛውም በተቋሙ የሚገኝ ተማሪ የተቋረጠውን ትምህርት እንዲጀምር ማስታወቂያ መውጣቱ ይታወሳል:: ይሁን እንጂ የወጣውን ማስታወቂያ ከምንም ባለመቁጠር ትምህርት ያልጀመራችሁ መሆኑን ተገንዝበናል:: በመሆኑም ከት/ሚ/ር በአስቸኳይ እንድትጀምሩ የመጨረሻ ማስጠንቀቂያ እንዲሰጣችሁ የተላለፈልን ሲሆን ይህ ሳይሆን ቢቀር ግን አስፈላጊው እርምጃ እንደሚወሰድ መመሪያ የተላለፈ ስለሆነ ይህንኑ እስከ 06/05/08 ተግባራዊ እንድታደርጉ እናሳውቃለን::

## Oromo protesters ‘do not trust OPDO statement’

IBTimes UK, 14 January 2016

http://www.ibtimes.co.uk/addis-ababa-master-plan-oromo-protesters-do-not-trust-opdo-statement-1537946

## Humni waraana Wayyaanee godinoota Oromiyaa keessatti tarkaanfii bineensummaa isaa akka itti fufetti jira.

January 15, 2016

**Amajjii 15,2016 Sibuu Siree**

Guyyaa kaleessaa Wallaggaa Bahaa Aanaa Sibuu Siree magaalaa cingii keessatti hiriira barattoota irratti lubbuun nama tokkoo kan darbee yeroo ta’u, godinuma kana Aanaa Waamaa Hagaloo magaalaa Moxee keessatti mana nama dhuunfaa Galataa Diinagdee jedhamu cabsanii seenuun

Haadha manaa nama kana garmalee reebuun du’af jireenya gidduutti argamti Ilmi Obbo Galataa   Misgaanuu Galataas Humnoota tikaatiin ukkamfamee jira Yeroo amma kana tarkaanfii ambulaansii humna waraanaa deddeebiftu fi qabeenyaa TPLF irratti fudhatameen dargaggoonni. Aanichaa mana hidhaatti guuramaa jiru
Caalaa Bantii
Misgaanuu Galataa
Galataa Dinagdee
Fi kanneen maqaan nun qaqqabin heedduun harka diinaa keessa jiru Kanaan dura barnooti hidhaman guyyaa mana murtiitti dhiyaatan uummati aanichaa wajjin ba’uun nama ragaa sobaa irratti ba’u ilaalla jechuun barattoota hedduuf da’oo ta’anii kan jiran yeroo ta’u, uummati Oromoo bakka marattuu dawoo waliif ta’uu akka qabu dhaammatna.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Wallagga Magaalaa Najjoo Keessatti Har'a Amajii 14/2016 Dhukaasni Barattoota Irratti Dhuka'aa Oole. FXG Jabaatee Itti Fufe.

January 14, 2016

**Amajiii 14,2016 Najjoo**

Gaaasa Qeerroo Wallagga lixaa magaala Najjoo irraa Har'a barattootni mana barumsaa qophaayinaa magaala Najjoo, mana barumsaa Abdiisaa Aagaatti FXG ka'een humni waraana Wayyaanee dhukaasa banuun uummata bakka jiruu dammaqsuunis gara fincila barattootaatti hirmaachisee oole.

Akka gabaasni kun addeessutti har'a sa'a booda magaalaan Najjoo dirree lolaa taatee oolte. Uumataa fi humna waraana agaazii gidduutti lolli gaggeffamaa oole. Magaalaa Najjoo fi hangaa Goriitti uummanni daandii cufuudhaan dhaadannoo sagalee guddaadhaan dhageesisaa oole. Mootummaan wayyaaneen ammaa kaasee nun bitin jechuun dhaadachaa oolan.Qaama mootummaa wayyaanee magaala Najjoo keessaa baasuun waajjiralee fi manneen jireenya diinaa fi ergamtuu irratti uummanni tarkaanfii adeemsisee jira. FXg har'a magaala Najjootti gaggeeffameen barattootni hedduunis miidhamanii jiru, Dhibbaan barattootni lakkawaman ukkaamfamanii jiru. Barataa fi uummanni qonnaan bulaan baadii keessaa fottoqee FXG kanatti hirmaachuun diina afaan qabsiisanii jiru. Haala qaawwaa argameen humni waraana Wayyaanee barattoota ukkaamsuun beekame, Injifannoon keenya jechunis uummanni ABO fi WBO faarsaa akka oole gabaasni Qeerroo irraa nu gahee jiru ibsa

## OMN Oduu Oolmaa:Oolmaya Oromiyaa Amajjii 13, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo (SQ) Amajjii 13. 2016

January 14, 2016

---

New oromo/oromia music(2016) Margaa wandimuu Yaa Qeerroo

January 14, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Hundeen Keenya,Galmi Keenyaa fi Hireen Keenya Tokko

January 14, 2016



## Amajjii 14/2016 Godina Lixa Shaggar Aanaa Baakkoo Tibbeetti warraaqsi FXG Daran Jabaachuun itti Fufee, Mootummaan Wayyaanee raafama seene jira.

January 14, 2016



**Amajjii 14,2016** Godina Lixa Shaggar Aanaa Baakkoo Tibbeetti warraaqsi FXG Daran Jabaachuun Uummatni fi Dargaggootni Qeerroon Oromoo Gamtaa isaa jabeessuun warraaqsaan Mootummaa Wayyaanee OPDO ergamtuu Uummata Oromoo ficcisiisaa jirtu jalatti jilbeeffannee hin bulluu jechuun Dhaadannoo Qabsoon hanga bilisummaatti Mirgi hiree murteeffanna keenyaa fi Mirgootni Dimookiraasii fi Namummaa uummata Oromoof haa kabajamuu, Angawootni Wayyaanee Uummata nagaa irratti waraana ajajuun uummata siivilii ajjeesisaa jiran Angoo gadhiisuun seeratti dhiyaachuu qabu, imaan oromoo jumlaan hidhaatti guuraman haalduree tokko malee hidhamtootni Oromoo hundi sababaa Oromummaa fi Siyaasaan hidhaman hiikamuu qabu jechuun FXG Oromiyaa godinaalee cuifa keessatti jabaatee itti fufe jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Abbaan Qabsoo fi Lafa keenya Saamamee Nuuf Deebisiisuuf ABOn Dhufaa Jira Jechuun Jiraattotni Arsii Lixaa aanaa Kofalee Ganda Goofan Giraa Gaaffii Kaasaa Jiru

January 14, 2016

**Amajjii 14, 2016**
Uummanni oromoo yeroo ammaa ifatti bahee Wayyaaneen nun bitin abbaan biyyaa lafa jira jechuun sagalee isaa dhageesisaa jira. Diinni uummata Oromoo, TPLFn kana gurra isaan dhaga'aa jira. FDG/FXG baatii lama dura eegale abbaan qabsichaa fi adda durummaadhaan qajeelcha kenun qabsoo kana karaa qabsiisee jiru dhaaba keenya ABO tahuu daa'imaa hanga maanguddootti waan beekamaa tahee jiruudha. Oromiyaa naannolee magaalota hedduutti
– Daandiin cufamee dhaadannoon dhageessifamaa jiru kan wal fakkaataa ABO/WBO faarsu yoommuu tahu sagalee tokkoon uummanni mootumma
Wayyaanee hin feenu, wayyaaneen nun bitin, OPDOn sobduu fi hattuudha uummata oromof hin dhaabbane jechuun itti fufee jira
– Akka gabaasni Arsii Lixaa irraa nu gahaa jirutti kaleessa uummanni ganda kanaa walitti dhfuudhaan lafti keenya diinaaf kenname nuu deebi'uu qaba jechuun ergamaa Wayyaanee kan sabaan Amaara tahe maasii qonnaa isaa keessa uummanni seenuudhaan ABOn dhufee lafa keenya nuuf deebisiuuf jira nuti qabsoo keenya hin dhaabnu itti fufna jechuun guyyaa guutuu sagalee isaa dhageesisaa oole kun kaleessa Amajii 13/2016 yoommuu tahu har'as haaluma kanaan Arsii lixaa onoota garagaraa keessatti FXG sagaleema kanaan itti fufee akka jiru Qeerroon gabaasee jira. Barattootni jumlaadhaan mana hidhaatti guurama akka jiran manneen barnootaa adda addaa irraa kan gabaasni dhiyaataa jiru yoomuu tahu FXG uummataan ammas haala wal irraa hin cinneen jabeeffamee kan itti fufee jiru tahuu Qeerroon gabaasaa jira.

## Aanaa Daawoo, Kibba Lixa Shaggar Keessatti Barsiisotiin Dhalootaan Oromoo Ta'an FXG Waliin Jirtu Sababaa Jedhuun Loltoota Wayyaaneen Qabamanii Dararaa Irra Jiru.

January 14, 2016

**Amajjii 14,2016** Barsiisota mana barnoota Sadarkaa 2ffaa Buusaa Aanaa Daawoo, Kibba lixa Shaggar irraa hidhamanii daraara hamaan irraa gahaa jiru:
1,Jabeessa Tufa,
2,Dabalii Oljirraa,
3,Abdallaa Kadir,
4,Darajjee(Ifabas) Alamayyo,
5,Ida'oo Qaabatoo,
6,Qalbeessaa.
7,Durbee Chuuchuu Baacaa kan dillaa university dillaa irraa ebbifamtee kan Waajiraa Faayinansii keessatti shaayi daffisuun jiraatu illee hidhaanii daraaraa akka jiran Qeerroon gabaase.

## Amajjii 14,2016 FXG Yuuniversitii Dirre Dawaa Keessatti Itti Fufee Jira.

January 14, 2016

Dirre Dawaatti barattootni FXG kaleeysa kaasan mooraa waraanni wayyaanee mooraa seenuun doormii barattoota cabsee seenun miidhaa geesise jira.
Akkasuma doormii ijoollee durbaatti ibidda qabsiisuu humni waraana Wayyaanee gocha shororkeessuumaa hojjetuun ifatti bahee jira. barattootni mooraa yuuniversitii Dirre Dawaatti miidhanii fi hidhaman guddaa Qeeyroon gabaasee jira.

Ambootti FXG kaleeysa ka'een barataan tokko mooraa yuuniversitii Amboo keeysatti du'ee yoo argamu barattootni hedduunis midhaan irra gahaa jira. Yeroo ammaa hospitaala Ambootti barattootni hedduun midhan irra gahe yaalamaa jiru. Kaneen maqaan isaani hin gabafamin miidhaman hordoffii taasisaa jirra. FXG itti fufee jira.

## Imimmaan Ummata Oromoo, galaana ta'uun, mootummaa gabroomfataa Ixoophiyaa/Wayyaanee dhiquun Oromiyaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## keessaa baasee ummata oromoof: bilisummaa, nagaa fi gammachuu akka argamsiisu shakkiin tokko illee hin jiru.

January 14, 2016



Dhumaa jaarraa 19ffaatti, yeroo gabrummaa Impaayera Ixoophiyaa jalatti kufe irraa eegalee,biyya abbaa isaa Oromiyaa irratti: bilisummaa,nagaa fi gammachuun jiraatuuf mirga seeraanis ta'e uumaan qabu sarbamee ummatni Oromoo inimmaan osoo irraa hin qoorre hanga har'aa jiraataa jira. Bara Minilik Oromiyaa weeraree ummata Oromoo miliyoona shan fixe; hedduu ammo harkaa fi harma muree fafeesse, Oromoon miliyoonni shan gadi hafee kanneen dhumaniif inimaan buusee kan dhiise qofa osoo hin taane, inimmaan isaa guyyaa tokko gabroomfataa dhiqee Oromiyaa keessaa akka baasu osuma inimmaan buusuu illee raagaa tureera. "Guyyaa itti diinni biyya keenya irraa buqqa'ee ilmaan keenya nagayaa fi gammachuun keessa jiraatan ni dhufa" jechuun kan Roobaa Bultum raage, Minilik ummata Oromoo miliyoona shanii, kan harki 70 dardaraa fi shamarrani eerga fixee booda. Kan yeroo san Roobaa Bultum raage, ummata Oromoo shanyi duguuginsa irraa hafaniif ;akeeka ittiin qajeelfaman, hawwii fi abdii bilisummaa ta'ee hanga har'aatti itti fufee jira.

Dhumaatii Oromoota miliyoona shaniif, inimmaan Oromoon yeroosi buuse fi garaan yeroos madaawe: sabboontota, qabsaawota fi gootota Oromoo hedduu Oromoof waan dhalcheef, akeeka Roobaa Bultum hojiitti fasaruuf sochiin itti fufe. Jilchee fi sodaachisee bituuf, Minilik ummata Oromoo miliyoona shan yoo duguuge illee, ilmaan Oromoo dhumaatii irraa hafan inimmaan isaanii haqatanii, haaluu bahuuf murteeffatan, biyyaa bortaan/ afaan qawweetin saamaman afaan qawweetiin deebifachuuf falmaa ittii fufanii mootummoota Haayile Sillaasee fi Dargii aangoo irraa folqolchuu keessatti qooda olaanaa qabaataniiru.

Inimmaan ummatni Oromoo bara Minilik fi Haayile Sillaasee buuse, kufaatii Haayil Sillaaee kan fide ogguu ta'u, inimmaan ummatni Oromoo bara Dargii buuse fi garaan isaa gubate ammoo aarii fi haaloo cimaa keessatti dhalchee ummata kana qabsoof kakaasuun kufaatii Dargiif sababa guddaa kan ta'e qofa osoo hin taane, waraanni Dargii, Ardii Afriikaa keessatti tokkooffaa ture yeroo gabaabaa keessatti baqee akka dhabamu godheera.

Har'aan tana, guutuu Oromiyaa keessatti, iji ummata Oromoo inimmaan roobsuun diimatee fi garaan isaa illee gubatee onneen gar-malee bokoktee aariin guuttee jirti. Har'aan tana, guutuu Oromiyaa keessatti, dhiigi ilmaan Oromoo dhangala'aa jiruu fi ummati Oromoo akka sareetti qeyee isaa irratti ajjeeffamaa jiru haaloo/gadoo hamaa ummata Oromoo keessatti uumee jira. Ummatni Oromoo, yeroo kamuu caalaa, nagaa fi gammaachuu kan isa dhorkate Mootummaa Gabroomfataa Ixoophiyaa/Wayyaanee akka ta'e gaarii godhee hubatee jira. Inimmaan ummata Oromoo: fincila Raayyaa fi Daawwee, Fincila Baalee, Gaaffii bilisummaa Oromooti: Dhihaa, Bahaa fi Walakeessaa gaafatan, fi Waldaa Maccaa fi Tuulumaa, biqilchee kufaatii Haayile Sillaaseen ogguu xumuramu; gadda isa mudateen, inimmaan iji ummata Oromoo bara Dargi roobse fi garaan gubate ammoo Adda Bilisummaa Oromoo dhalchee mootummaa Dargii kuffisuu irratti qooda olaanaa akka taphate, gochaa: faashistummaa, shanyi duguuginsaa fi saamichaa har'aan tana mootummaan Ixoophiyaa/ Wayyaanee: daa'imman, ijoollee egeree Oromiyaa ta'an, jaarsaa fi dubartii ulfaa fi qabeenyaa Oromiyaa irratti raawwaata jiruun inimmaan guutuu Oromiyaa keesstti ija ummata Oromoo keessaa roobaa jiru, qabsoo bilisummaa Oromoo fi walabummaa Oromiyaa kan Addi Bilisummaa Oromoo geggeessaa jiru kan cimsee itti fufsiisu qofa osoo hin taane, galaana ta'ee mootummaa gabroomfataa Ixoophiyaa/wayyaanee Oromiyaa keessaa dhiqee baasuun, ummata Oromoof: bilisummaa, nagaa, badhaadhinaa fi gammachuu akka argamsiisu shakkiin hin jiru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## TV Gaaddisa Dhugaa Amajji 13, 2016

January 14, 2016

## Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo (SQ) Amajjii 13. 2016

January 14, 2016

## Previous messageNext messageBack to messages Amajjii 13/2016 Warraasii FXG Gootota Qeerroo Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa Haalaan Jabachuun Mooraa Main Campus keessatti itti fufe

January 14, 2016t



Amajjii 13/2016 Warraasii FXG Gootota Qeerroo Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa Haalaan Jabachuun Mooraa Main Campus keessatti haalaan itti fufe, Waraannii Wayyaanee Dhukaasaa guddaa barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa irratti Banuun Mooraa Yuunibarsiitii Jimmaa dirree Waraanaa fakkeesse jira,

Waraannis Mooraa Yuunibarsiitii Jimmatti olguuramuun Doormii barattoota illee cabsuun seenuun barattoota Oromoo goolaa jiraachuun ibsame jira  Mooraan Yuunibarsiitiin Jimmaa  Waraanatti jijjiramee fakkata Dhukaasni wal irraa hin citiiin loltoota wayyaaneen Dhukaafama jira. Gabaasaan itti fufa…

Mootummaan Naannoo Oromiyaa OPDO'n  Ibsa haqamuu Master Pilaanii Finfinnee fi labsii magaalota oromiyaa erga karaa TV Oromiyaa dabarste irraa eegaluun Godinaalee Oromiyaa fi Dhaabbilee Barnoota Olaanoo keessatti Warraaqsii FXG '' daran jabachuun itti fufuun Mootummaan gaaffii dhugaa fi Mirgaa utuu gaafachaa jirruu, Waraana  Oromiyaa irratti Labsuun Yakki Duguuginsa Sanyii Uummata Oromoo irratti gaggeeffamaa jira. Kanaaf aangawootni biyyatti bulchaa jiran aangoo uummataaf gadi lakkisuun seeratti dhiyaachuu qabu,  OPDO'n  kaleessa torbee sadii dura Midiatti bahuun Mootummaa EPRDF waliin ta'uun Uummata Oromoo irratti waraana labsuun yakka Duguuginsa sanyii rawwachuun, har'a  immoo media kaleessa ittin Waraana Labseen  ''Maaster Pilaaniin Finfinnee fi Labsiin Magaalota Oromiyaa kaafameera, Dogoggora keenya  ta'uu hubanneerra, jechuun uummatatti dhiigaa uummataa fi lubbuu uummataatti qoosuun, dhiiga uummata Oromoon harka dhiqachaa dubbachuun hedduu nama gaddisiisa.qoosaan kun daranuu uummata  dheekkamsiisuun FDGtto uubbata bakka hundaa kan jabeesse jirudha.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Ergamtuun wayyaanee Gaaffiin Uummataa Erga sirrii fi ifa ta'uu hubattee Waa'ee uummata Oromoo 50,000 olitti lakka'amuu hidhatti guuramee jiruu fi kanneen kumootaan lakka'amani wareegamanii fi Madoo ta'anii tarkaanfiin fudhatamaa jiru daranuu Hidhaafi ajjeechaan jabaatee itti fufee jiraachuutu muldhata, Kanaafuu uummatni Oromoo falmaa keenyaa irraa duubatti hin deebinu jechuun Warraaqsii FXG daran jabaachuun bakka hundatti itti fufee jira.

## Amajjii 13/2016 Warraaqsi FXG Gootota Qeerroo Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Dirree Dawaa Haalaan Jabachuun galgala kana itti fufe,

January 14, 2016

Amajjii 13/2016 Warraasii FXG Gootota Qeerroo Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Dirree Dawaa Haalaan Jabachuun galgala kana itti fufe, Doormiin Barattootni Oromoo itti heddumatan Doormiin maqaa Twins K jedhamuun Beekamu ibiddaan Gubate, Barattootni sadii(3) Wareegaman, Mooraan Yuunibarsiitii Dirree Dawaa Dirreewaan Waraanatti jijjiramee fakkata Dhukaasni wal irraa hin citiiin loltoota wayyaaneen Dhukaafama jira. Gabaasaan itti fufa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa OPDOn Ibsa haqamuu Master Pilaanii Finfinnee fi labsii magaaloota oromiyaa erga karaa TV Oromiyaa dabarste irraa eegaluun Godinaalee Oromiyaa fi Dhaabbilee Barnoota Olaanoo keessatti Warraaqsii FXG daran jabachuun itti fufuun Mootummaan gaaffii dhugaa fi Mirgaa utuu gaafachaa jirruu, Waraana Oromiyaa irratti Labsuun Yakki Duguuginsa Sanyii Uummata Oromoo irratti gaggeeffamaa jira. Kanaaf aangawootni biyyatti bulchaa jiran aangoo uummataaf gadi lakkisuun seeratti dhiyaachuu qabu, OPDOn kaleessa torbee sadii dura Midiatti bahuun Mootummaa EPRDF waliin tauun Uummata Oromoo irratti waraana labsuun yakka Duguuginsa sanyii rawwachuun, hara immoo media kaleessa ittin Waraana Labseen Maaster Pilaaniin Finfinnee fi Labsiin Magaaloota Oromiyaa kaafameera, Dogoggora keenya tauu hubanneerra, jechuun uummatatti dhiigaa uummataa fi lubbuu uummataatti qoosuun, dhiiga uummata Oromoon harka dhiqachaa dubbachuun hedduu nama gaddisiisa.qoosaan kun daranuu uummata dheekkamsiisuun FDGtto uubbata bakka hundaa kan jabeesse jirudha.

Ergamtooti Wayyaanee Gaaffiin Uummataa Erga sirrii fi ifa tauu hubattee Waaee uummata Oromoo 50,000 olitti lakkaamuu hidhatti guuramee jiruu fi kanneen kumootaan lakkaamani wareegamanii fi Madoo taanii tarkaanfiin fudhatamaa jiru daranuu Hidhaafi ajjeechaan jabaatee itti fufee jiraachuutu muldhata, Kanaafuu uummatni Oromoo falmaa keenyaa irraa duubatti hin deebinu jechuun Warraaqsii FXG daran jabaachuun bakka hundatti itti fufee jira.

---

## OPDOn Bakka Nu Hin Buutu, Bilisummaa Barbaadna" Jedhu Gootota Barattoota Oromoo Yuniverstii Amboo Damee Awaaro Amajjii 13,2016

January 14, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Wallagga Naqamte fi Shaggar Lixaa Gincii Keessatti Qabeenya TPLF Selam Bus Ummanni Akka Caccabse Dhagahame.

January 13, 2016

**Amajji 13,2016 Gabaasa Qeerroo**

Magaalaa Naqamteetti Qabeenyaan Waayyaannee barbadeeffame Qeerroon magaalaa Naqamtee qabeenya mootummaa TPLF kan ta'e SALAM BUS tokko naannoo New Genaration fulduratti akka barbadeefame oduun achi nu dhaqabe ifomsa Akkasuma achuma Baha Wallaggaa Waamaa Hagalootti konkolaataa Ambulaansi kan humna waraanaa bakka bakkatti sochosturatti tarkaanfiin fudhatameera.

---

## Mootummaan Wayyaanee Hojjettoota sabboontota ta'aan adamsee ajjeessuu fi Ukkaamsee gara dabarsuun ilmaan Oromoo irratti Yakka Suukaneessaa tarkaanfii duguuginsa sanyii(Genocide) fudhachuu jabeessuun itti fufe jira.

January 14, 2016

**Amajjii gaafa 12,2016** Godina lixa Shaggariitti Dargaggoon Sabboonaan Oromoo**Sobbooqaa Dilgaasuu Nagarii** Hojjetaa Wajjiira Qonnaa Aanaa Noonnoo **AraddaaSilkaanbaa** jedhamurratti ramadamee hojjechaa kan ture Tarkaanfii Waraanni Wayyaanee halkan irratti fudhateen rasaasan rukutame Wareegamuun bakkeetti Reeffi isaa kan gatame guyyaa har'aa Amajjii 13/2016 Reeffii isa Gara Godina Lixa Shaggar Aanaa Midaa Qanyii bakka dhaloota isaa **Ganda Baaroo Bidaaruutti** wayita galfamaa jiruutti **Daandiin**

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

**Geedoo Hanga Aanaa Midaa Qanyiitt**i Uummataan kan Cufamee ta'uun Uummatni dargaggoo Sabboonaa Oromoo **Sobbooqaa Dilgaasuu arii fi dheekkamsaa guddaan guutamee kan simate** yoo ta'uu Waraanni Wayyaanee Yeroo kana Konkolaataa hedduun Fe'amee gara Aanaa Midaa Qanyii geeffamaa jira. Sabboonaan Oromoo Sobbooqaa Dilgaasuu yeroo aanaa Midaa Qanyii M/B Baallammii Sadarkaa 2ffaa fi qophaa'inatti barachaa turee Wajjira poolisii aanaa Midaa qanyiitti hidhamaa fi Reebamaa kan ture, Warraaqsaa FDG barattoota Oromoo keessatti dirqama Oromummaa isaa bahaa nama turee fi mirga uummata Oromoo kabachiisuuf carraaqii barattootni Oromoo godhan kabajamuu mirga abbaa biyyummaa, mirga dimookiraasii fi namummaa uummataa Oromoo kabachiisuuf arsaa kanfalaa kan ture ta'uun beekamadha.
Sirni Awwaalcha sabboonaa Oromoo Sobbooqaa Dilgaasuu Ganda dhaloota isaa Ganda Baaroo Bidaaruu Keessatti guyyaa boruu Amajjii 14/2016 Kan rawwatu waan ta'eef Dargaggootni Barattootni fi hojjettootni gara kanatti Imalaa jiraachuun Diddaan uummataas bakka hundatti jabaatee itti fufaa jira.



## OPDOn Bakka Nu Hin Buutu,Bilisummaa Barbaadna" Jedhu Gootota Barattoota Oromoo Yuniverstii Amboo Damee Awaaro Amajjii 13,2016

January 14, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

January 13, 2016




Leellisaa Urgeessaa barata kutaa 11ffaa Mana barnoota Buusaa sadarkaa lammaaffaa irraa torban tokko dura waraana Wayyaaneen achuma Waajjira Police Buusaa Aanaa Daawoo ,Godina kibba lixaa ti daraarfamaa jira.Manni barnoota Buusaa illee ergaa cufamee ji'a lamaaf deema.namoonni hedduus hidhaa akka jiran dhaga'ame.

## Baha Hararge Dadar Keessatti Hiriira Karaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Nagaa Barattooti Oromoo Bahaniif Deebiin Gara Jabeenya Lolota Wayyaanee Kana Fakkaata.

January 13, 2016





## Mooraa Yuniverstii Wallaggaa Keessa Waraanni Guutee Jiru Barattoota Sakkatta'aan Rakkisaa Jira.

January 13, 2016

Amajji 13,2016

Mooraa Yunibarsiitii Wallaggaatti barataa Marmaraanii fi kanneen dhabbattummaan baratan ol galuu fi gadi bahuu isaaniitti sakatta'a daran hammaatee jira. Mootummaan Wayyaanee akkuma amalaasaani ofiyyuu yeroo shakkanitti barattoota mooraa hanga rifeensa isaaniyyuu sakatta'uun ga'a jiru.ol galuun daran nutti ulfaate,kaaffe,mana kitaabaa,launch dhaquun qawwee yeroo ta'etti mooraa keessa deemuun nutti ulfaateera. Akkasumas humni waraanaa qubsuma godhatee magaalatti keessa jirus mooratti marsani dirree waraana fakkeessaniiru.

## OMN: Oduu Ama. 12, 2016

#OromoProtests continues, 12 January 2016, OMN Reports

OMN: Oduu Amajjii 12, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




https://youtu.be/MkFBsifKHcw

## FXG Oromiyaa guututti itti fufee jira. Dhukaasni bakka garagaraatti dhaga'amaa jira. Barataan toko yuuniversitii Ambo irraa galgala kana wareegameera

January 12, 2016

**Amajjii 12,2016** , FXG guutummaa Oromiyaatti wal gahee jira. Har'a akkuma beekamu yuuniversilee garagaraa keessatti haala diina sodaachisuu fi abdii kutachiisaadhaan itti oole.

1. Yuuniversitii Haromayyaa dabalatee uummata naannootiin FXG Harargee fi naannoosheetti ka'ee jiru haalaan diina rommi'isiisee jira. Naannoo yuuniversitii Haromayyaatti qonnaan bulaan, jiraattotni adda addaa miidhaa gurguddaadhaan saaxilaman humni wayyaanee jiraattoota naanichaa irratti miidhaa gaggeessee jira. Akkasuma barattootni mooraa yuunniversitii Haromayyaa hedduun balaa guddaan isaan irra gahee jira. Lubbuun kan darban hanga ammaa hin beekamne jedhu jiraattotni naannichaa akkasuma Qeerroon yoo gabaasu barattootni hedduun dhabamaniiru jedha. FXG naannichatti gaggeeffamaa jiru sodaa tokko malee itti fufee akka jiru gabaasaa jira.

2. Itti fufee amma galgala kana yuuniversitii Amboo keessatti barataan tokko wareegamuu Qeerroon gabaasee jira. FXG mooraa yuuniversitii Ambotti har'a galgala kana dhowee jira. Humnoonni waraana wayyaanee magaalicha keessa buufatee jiru gara laafina tokkko malee barattoota harka qullaa irratti dhukaasa banee jira. Halkan kana magaalli Amboo weerara waraana jala jiraattus uummata fi waraana wayyaane gidduutti lolli gaggeeeffamaa jira. mooraa yuuniversitii Amboo keessa iyya guddaatu dhaga'a kana irratti dhukaasni dhuka'aa jira meeshaalee gurguddaadhaan naannichi dhuunfatamaa jirti kan jedhan Qeerroon magaala Amboo irraa gabaase.

Naannowaa Finfinnee Buraayyuutti har'a galgala kana dhukaasni darebee darbee naannoo Laga Gafarsaatii dhaga'amaa jira.

Wayyaaneen amma gara itti baatu dhabdeetti. FXG xumura wayyaanee taasisuuf oromiyaa guututti walgahee jira.

converted by Web2PDFConvert.com

Godinaalee maratti FXG kan itti fufee jiru yoommuu tahu waraanni wayyaane gara itti goree fi ergamu dhabamee jira.

## Goota Oromoo Wareegame Abdataa Olaanaa Simachuuf Ummanni Oromoo Magaalaa Amboo fi Barattooti Yuuniverstii Gootummaan Simatan.

January 12, 2016

*Galagala kana simatnaa goota Oromoo wareegama kafalee yeroo taasisetti magaalli Amboo dirree injifannoo fakkaatte. Reeffi gooticha Oromoo kan rasaasa Wayyaaneen wareegamee Abdataa Olaanaa Finfinneerraa gara Amboo yoo galu uummanni qe'e isaatti hin hafne haata'u malee barataan mooraatti hin hafne dabalataan yeroo kanatti ammoo galgala kana mooraa Yuuniversitii keessatti barataan tokko akka du'e beekamee jira.*

## Baha Wallaggaa Gabaa Jimaataa Mana Barumsaa Sadarkaa 1ffaa Girjjoo Fittee Keessatti Guyyaa Har'aa Amajjii 12,2016 FXG Ta'een Barattooti Hedduun Loltoota Wayyaaneen Butaman.

January 12, 2016

**Amajji 12,2016 Gabaa Jimaataa**

Humni waraanaa abbaa irree Waayyaane Uummata gidirsuu itti fufe Baha Wallaggaa Gabaa Jimaataa Mana Barumsaa sadarkaa tokkoffa Girjjoo Fitteetti Barttoota kaan mana barumsaarraa ariyaa kaan mana adabaatti hedduminaan loltoota Wayyaaneen guuraa jiraachu beekame.Qeerroon Jimaatarra barataa kutaa 8ffaa kan ta'e Mohaammad Muusaa yakka tokko malee gaaffi mirgaa waan gaafateef manni barumsaa Garjjii adaba waggaa lama (2) kan laate yoo ta'u yakkisaani kan isa naasise erga murtoo kana argatee bakki buuteesaa dhabame.haatisaas namoota kanaan yakkasaan ala waan na dura dhabamsiiftanii lubbuusaa itti gaafatamaan isini sababa jedhaniif

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

qofa mana hidhaa Guuteetti gidirfamaa akka jiranidha kan dubatamu.

## Yuniverstiin Jimmaa Mooraa Qubsuma Waraana Wayyaanee Taatee Halkan Kana Konkolaataan 7 Loltooti Qubatan.FXG Gootummaa Barattotaan Itti Fufe.

January 12, 2016

**Amajjii 12,2016 Jimmaa**

Humni waraana Wayyaanee mooraa Yunibarsiitiwwani kan duraarra daran dhunfatee Yuniverstiin Jimmaa Mooraa waraanaa malee barataa akka hin taane muldhata yeroo ammaa Yunibarsiitii Jimma keessa yoo xiqqaate humni waraanaa Wayyaanee konkolaataa 7 olitti tilmaamama jedhu barattoonni mooraa guddaa Kanaan walqabate kan aarse barattoota main campus FXG akka kaasaan gochaa jiraachuu dubbatu. Galgala kanas bifa jabaatee fi qindaayeen FXG itti fufa.

Karaa biraa Amboo keessatti dargaggoo Saamu'el Kumaa rasaasa Wayyaaneen gara jabeenyaan dhahamee lubbuun isaa uummata Oromoof jecha gootummaan wareega kafalee jira.

---

## Wallagga Horroo Guduruu Magaalaa Kiiramuu Keessatti Har'a Amajjii 12,2016 Diddaan Sirna Wayyaanee Itti Fufe.

January 12, 2016



---

## Amajjii 12,2016 Wallagga Anfilloo Magaalaa Muggii Keessatti Fincilli Diddaa Gabrummaa Gaggeefamaa Jira.

January 12, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Har'a Amajjii 12,2016 Wallaggaa Bahaa Aanaa Waamaa Hagaloo Magaalaa Qassoo Keessatti Hiriirri Yeroo Sadaffaa Adeemsifamaa Jira

January 12, 2016

Mana barumsaa sadarkaa duraa, fi mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Qassootti Barattoonni fi jiraattoti waliin ta'uun,ganama har'aa sa'atii sadii irraa hanga sa'a jahaatti hiriira geggeessaniin

1. Ajjeestonni seeratti haa dhiyaatan
2. Abbaa biyyummaa keenya barbaanna
3. Wayyaaneen nun bulchitu ABOtu abbaa biyyaa dha,
4. Waamikaa ,Waamalee
5. Dhiira hin waamankaa!

ABO yaamikaa WBO koo waamichaa
Jechaa akka oolan beekameera
Humni Waraanaas,magaalaa Naqamtee irraa gara sanatti heddumminaan ergamee akka jiru Qeerroon gabaasa

## #OromoProtests continues, 11 January 2016 reports
## OMN: Oduu Oolmaa/Oolmaya Oromiyaa Amajjii 11,2016. OMN January 11, 2016 News

OMN: Oduu Oolmaa/Oolmaya Oromiyaa Amajjii 11,2016




https://youtu.be/2yAVERhg1j0

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests: Ethiopian Protesters Use Social Media to Bring Attention to Deadly Government Crackdown on Dissent – Atlanta Blackstar, 9 January 2016
https://shar.es/16IaqD
https://youtu.be/Jm07HXQdcfU


#OromoProtests January 10, 2016, Al Jazeera English: Holonkomi, Oromia (Ethiopia) – Security forces have killed at least 140 people during a crackdown on anti-government demonstrations in Ethiopia in recent weeks, activists and rights groups say.
https://www.youtube.com/watch?v=H2ayAbA3gRY&feature=youtu.be

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Amajjii 11,2016 Yuniverstiilee Haromaayaa fi Jimmaa Keessatti Wareegamii fi Madoo Warraaqsaa Ta'uun Barattooti Oromoo Arsaa Guddaa Saba Isaaniif Kafalaa Jiru.

January 12, 2016







Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Godina Wallaggaa Horroo Guduruu Keessatti FXG Itti Fufee Waan Jiruuf Barsisotiin Oromoo Waraana Wayyaaneen Adamfamaa Jiru, Manneen Ummataas Caccabuun Loltootaan Saamame.

January 12, 2016

**Amajjii 11,2016** Horroo Gudruu magaalaa Haratoo keessatti FXG haalaan hammaatee itti jiruun wal qabatee manneen barnootaa cufamuu irra darbee barsiisoti Oromoota ta'an isintu diddaa uummataa qindeessa jedhamanii waraanaa fi poolisoota Wayyaaneen adamfamaa jiru, isaan keessaa gariin kan sirna mootummichaa jalaa miliqanii jiranii fi kanneen barbaadaman.

1. Taajuddiin Hashiim (English teacher) preparatory school
2. Abdannaa Alamaayyoo (physics teacher) kutaa 10 ffa irraa
3. Baddiluu (civics teacher) preparatory school,
4. Abbayyaa Hammagahuu (history teacher) kutaa 8ffaa irraa.

Karaa biraa manneen jiraattota magaalaa Haratoo Agaazii fi Poolisii dhaan caccabeera. Caccabsanii eega seenaniis gaaffii tokko malee reebamaniiru. Amajjii 6,2016 ammoo Godina Horroo Guduruutti barattootni mana barumsaa Waldoo ( elementary school) mormii dhageessisuun barumsa kan dhaaban haga har'aattis hinbaranne. Achuma Horroo Guduruu Aanaa Dongorotti dubartoota gabaa dhaqanii fi galan waraqaa eenyummaa fidaa jechuun rakkisan hidhaatti illee naqan jedhama.

## Gootonni Oromoo Baha Oromiyaa FXGItti Fufan, Wayyaaneen Humnaa Ol Itti Tahee Waraana Isaa Dabalataa Gara Sanatti Guuraa Jira.

January 12, 2016

**Har'a Amajjii 11,2016**

Baha Oromiyatti FXG haalan jabaate itti fufeera. Deemsi FXG deemaa jiru kun cehumsa gara Bilisummaa tahuun shakkii kan hin qabnedha. FXG har'aa kana dura dhaabbatuuf mootummaan wayyaanee meeshalee gurguddaadhan waraana isaa sochoosee garagodinaalee garagaraa kannen akka Harargeetti bobbaasee jira Kaabineewwan gadndoota keeysatti uummata gooluuf bobbaasee jira.

-Milishaa fi poolisin naannoo magaalota keeysa socho'aa jiran yoo tahu bakka dhoksaa dhoksaatti uumatan haleelamaa jiru. Wayyanen FXG kana dura dhaabbatuuf sochii waraanaa daran jabeese jira. Gocha gara jabdummaas raawwataa jira. Hanga ammaatti yuuniversiti Haromayyaatti barataan 5 ol du'uun gabaafameera.

Harargee keeysatti FXG har'a kun daa'imallee kan hin qoodne mancaa fi dulaadhaan ka'ee waraana dura dhaabbatee jira.

Yuuniversitile biroo kanneen akka Jimmaa keeysatti barattota midhuuf waanni diinaan hin godhamin hin jiru. sadarkaa Boombiin barattoota irratti darbatamuu gahee jira. Hidhaanis akkuma amala mootumama wayyaanee irraa ibsu kanatti uummata oromoo irratti jabaatee jira. Fincilli eegale bilisummaadhaan deebi'a.

---

## Barattooti Hedduu fi Barsiisotiin Lama

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Yuuniverstii Haromayaa Irraa Hidhaman.

January 11, 2016

**Amajjii 11,216** ,Eda halkan irraa eegalee mooraa Yuuniverstii Haromayaa fi naannoo sanatti dhukaasi hedduu barattoota irratti banamuun mooraan Yuuniversitii lola guddaan kan weerarame fakkaata, barattooti hedduun sababaa kanaan reebamanii kaan qabamuun hidhaatti guuramaa jiru,doormiin keessa galan caccabee barattoota irraa qabeenya hedduutu loltoota Wayyaaneen samamee jira.

Haalli kun hammaatee barattoota hedduu fi barsiisotiin lama qabamanii hidhaatti geeffamanii jiu. Barsiisotiin haala kanaan qabaman keessaa.

1. Barsiisaa Ararsa Abera Deksisa, Barsiisaa Economics
2. Barsiisaa Tariku Workineh Daksa, barsiisa Food Technology and processing.

Kanneen jedhamani dha.

## Godina Harage Qobboo Keessatti "Joolleen Keenya Hidhaa Nuu Haa Baatu" Jedhchuun Gaaffii Mirgaa Gaafachaa Hiriira Bahan.

January 11, 2016

## Amajjii 11,2016 Gaaffiin Mirga Abbaa Biyyummaa Hararge Haromaayaa Keessatti Har'as Itti Fufe.

January 11, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





## Godina Harargee Aanaa Ciroo Ganda Waaccuu Gille Keessatti Warraaqsi Bilisummaa Har'as Amajjii 11,2016 Itti Fufe

January 11, 2016



## Poolisoonni Federaalaa Wayyaanee Wallagga Magaalaa Jaarsoo Keessatti Walgahii Kaabinoota OPDOf Taasisan Irraatti Hunda Irraa Bilbila Harkaa Funaanuun Beekame.

January 11, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



**Amajjii 11,2016** Godina Wallagga Lixaa anaa Jaarsoottii qondaaltonnii OPDO wal shakkii cimaa keessaa seenuun walgahii galgalaa taa'uun kaabinoonni hundi bilbila harkaa isaanii harkaa sassaabamuun walgahicha akka seenan taasifame. Walgahicha kan gaggeessuu poolisoota Federaalaa naannoo biroo irraa dhufan yeroo ta'u kaabinoonni OPDO walgahicha seenan hundi bilbila harkaa isaanii harkaa fuudhamee akkasumas sakatta'amee ta'uun beekamee jira.

Walaghiin kun kan ta'aa jiru Aanaa Jaarsoo magaalaa Jaarsoo waajira bulchiinsaa keessatti.

## Amajii 11/2016 Yuunibarsiitii Jimmaatti Mooraa Saayinsii fi Teekinoolooji Kittoo Furdisaatti argamurratti Halkan Edaa Dhukaasaa Boombii Barattootaa Yuunibarsiitii Jimmaa irratti fudhatameen Barattootni Hedduun Madeeffamuun Hospitala galfamani jiru.

January 11, 2016

**Har'a Amajii 11,2016 Yuunibarsiitii Jimmaa**

Halaa hedduu nama gaddisiisuun barattootaa Yuunibarsiitii Jimmaa mooraa Kittoo furdisaatti argaman irratti Yakki Waraanaa rawwatame jira. Barattootni Hedduun Madaauun duaa fi jireenya gidduutti kan argaman Hospitala Jimmaa Kutaa baqaqsanii Hodhuu galfamanii jiraachuun gabaafame. Diddaan Gootota Qeerroo Barattoota Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa kan isa yaaddeessee, fi Goototni barattootni Oromoo Yuunibarsiitii jimmaa Gidduu kana Nyaataa Guutummaatti lagachuun uffata gaddaa uffachuun barnoota dhaabanii mormii FXG jabeessa wayita jiranitti

Mootummaan abbaa irree yakka Waraanaa sochii uummataa Oromoo fi Addatti immoo barattoota Oromoo irratti Xiyyeeffatee waraana labsee kan jiruu yoo tauu yakka Waraanaa Mooraa Yuunibarsiitii Jimmaa irratti raawwatamaa jiruuf Itti gaafatamaan Mootummaa Abbaa irree EPRDF tauu Qeerroon barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa dhaamsa dabarfatan. Yeroo ammaa kanatti barattootni Madeeffaman hedduu waan taeef maqaa barattoota madaaanii fi kanneen wareegaman illee addaa baasuun isiniif dhaamna.

---

## #OromoProtets 10 January 2016, Madda Walaabuu University

## Gabaasaalee Oduu Olmaa Oromiyaa Amajjii 10 ,2016

Gabaasaalee Oduu Olmaa Oromiyaa Amajjii 10,2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




The merciless fascist TPLF forces destroyed students dormitories at Madda Walabu University 9 and 10 January 2016, in the night. Soldiers have also taken away hundreds of students on the night to unknown places.



## Amajjii 10,2016 Barattooti Oromoo Yuniverstii Jimmaa Hiriira Xumura Gabrummaa Bahaniin Waamicha Waraanaa fi Poolisoota Federaala Ithiyophiyaaf Taasisan,Mootummaan Ammmoo Akka Aadeffate Dhukaasaan Deebii Kennaa Jira.

January 10, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Barattooti Oromoo Yuuniverstiilee Adda Addaa FXG Jabinaan Itti Fufan,Waraanni Wayyaanees Humna Dabalataan Moraalee Yuuniverstii Weeraruun Dhukaasa Eegale.

January 10, 2016

**Amajjii 10,2016 Gabaasa Qeerroo**

Maddee gabaasaa Qeerroo Yuuniversitii garagaraa irraa, Yuuniversitii Madda walaabuutti FXG dhowee jiruun barattootni hedduun miidhaan irra gahaa jiru doormii isaanii keessatti cabsuun humni waraana agaazii jedhamu gocha suukkanneessaa raawwataa akka jiru irra darbee baayeen isaanii ukkaamfamuudhaan bakkka buuteen isaanii dhabama jira. Mootummaan Wayyaanee yeroo ammaa kanatti ilmaan Oromoo bakka namni hin arginetti geessee ajjeeessaa jiraachuun kan beekameedha kaayyoon isaa kunis barattootni kana jiilanii sodaatanii fincila dhiisu kan jedhuudha. Gochi mootummaa faashistii wayyaaneetiin raawwataa jiru kun FXG kan jabeessee argamu malee kan duubatti hin deebisne tahee jira. kanumaan barattootni dhaabbilee barnootaa olaanoo keessaa yeroo ammaa kana halkan halkan butamanii iddoo itti geeffaman dhabamaa jiru. Barattootni dhibbaan lakkaawaman halkan edaa asitti mooraa Yuuniversitii Madda Walaabuu keessaa dhabamanii jiran bakka itti geeffamanis dhabamee jira. Yeroo sadaffaa mooraa yuuuniversitii Haromayyaattii FXG itti fufee kan jiru yoo tahu ammas waraanni wayyaanee garasitti guuramaa jira. yuuniversitiilee Finfinnee, Adaamaa, Amboo, Wallaggaa,Bulee horaa,Aksum fi Maqalee fi Jimmaa dabalatee barattootni yeroo ammaa kana tokko lamaan barattootni Oromoo tahan shamarranis tahe dhiirri humna waraana wayyaaneetiin butamanii bakka buuteen dhabamuun dabalaa akka dhufe Qeerroon gabaassaa jira. Walumaa gala yeroo ammaa FXG dachaadhaan dabalee itti fufee jira Oromiyaa mara keessatti.

## Yuniversiti Haromayaa fi Buraayyutti Har'a Dhukaasni Wal Irra Hin Citne Ta'aa Jira.

January 10, 2016

**Amajjii 10,2016** Amma galgala kana FXG mooraa Yuuniversitii

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Haromayyaatti ka'ee jiruun dhukaasni garmalee barattoota irratti dhuka'aa jira. wayita kana amalli dhukaasa banuu wayyaaneef doorisisa tahuun isaa ifaadha. Mooraa Yuuniversiti Haromayyaa qofa miti Buraayuu naannoo Maariyamii jedhamutti meeshaa gurguddaan har'a Amajjii 10/2016 sa'a booda dhuka'aa oole. Uummanni mana isaa cufate oole. Dhukaasni gurguddaan osoo wal irraa hin cinnee kan dhuka'aa ture yoommuu tahu itti fufee galgala kanas FXG mooraa yuuniversitii Haromayyaatti barattootaan ka'een dhukaasni wal irraa hin cinne ta'aa jira. amma akka odeesi Qeeyroo mooraan ala jiraate nuun gahaa jirutti galgala keeysaa sa'a 3:00 booda barattoota irratti dhukaafamaa jiraatuudha.

Waraanni warra Itiyophiyaa Wayyaanee naannoo Yuuniversitichaa meeshaa gurguddaadhaan buufatee jira.
akkana jechun Qeeyroon amma gabaasa jira.

## Wallagga Bahaa Aanaa Waamaa Hagaloo Ganda Baataa Waayyuu Keessatti FXG Itti Fufe.

January 10, 2016



**Amajjii 10,2016,** Abboonni keenya Ayyaantuun leeqaa Kan buufatu Naqamtee Bakkejamee irraa Hindhee gidduu gala Leeqaa dullachaa fi Jimmaa Arjoo Achirraa Immoo Tabba ykn Tulluu Korbootti jalatti dhibaafachiisuun Luugoo waamaatti karaa Malkaa Nyaaree Dhibaafatanii Lafa har'a Waamaa keessaa Hambachoo jedhamutti ardaa jilaa geggeessaa turan boodas "ayyaantuun keenya asi tti godaane" jechuun Hoodi warra Leeqaa Hooda Jijoo Hambachoo jedhamu Lafa Darmiidha jedhan kana Darmootti sirna waaqeffannaa duudhaa Oromoo ganamaa qabachuun kan jirtudha Darmoon.

Argamni Darmoo Wallagga Bahaa Aanaa Waamaa Hagaloo Ganda Baataa Waayyuu keessa yeroo taatu koyyaa kusaayee jedhamti!

Kunoo! Lafa seena qabeetti kana irratti dhaloonni seena qabeessi dhalate Jimaata darbe hiriira mormii sa'atii barnoota galgalaa akka geggeessan beekameera Jiraattoti gandichaa bulchitoota gandaan gurra ittiin isin dhaggeeffannu hin qabnu jechuun FXG dhageessisaniin diinatti waaroo salohinaa uffisaniiru

---

## Hiriira Xumura Gabrummaa Hararge Habroo Magaalaa Defoo Keessatti Guyyaa Har'aa Gaggeeffame/Amajjii 9, 2016

January 9, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Guyyaa Har'aa Amajjii 9,2016 Barattooti Oromoo Yuuniverstii Haromaayaa FXG Gaggeessan.

January 9, 2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



https://youtu.be/a8dpdzHFslw

OMN: Oduu Ama. (January) 8, 2016

OMN: Oduu Ama. 8, 2016



Network Africa: 140 Killed In Ethiopian Boundary Expansion Protest — 08/01/16
https://www.youtube.com/watch?v=080-0kiiH7w&feature=share

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

WORLD:HRW: SCORES OF PROTESTERS KILLED IN ETHIOPIA OVER ADDIS ABABA EXPANSION PLANS
News week, BY CONOR GAFFEYON 1/8/16
http://europe.newsweek.com/hrw-scores-protesters-killed-ethiopia-over-addis-ababa-expansion-plans-413322

## Ethiopian forces 'kill 140' in land row over Addis Ababa expansion

Daily Mail, 8 January 2016

http://www.dailymail.co.uk/wires/afp/article-3389947/At-140-killed-Ethiopia-protests-land-plan-HRW.html

## Ethiopia: Arrest of Respected Politician Escalating Crisis in Ethiopia

http://allafrica.com/stories/201601080054.html

## Ethiopian forces 'kill 140' in land row over Addis Ababa expansion

http://news.yahoo.com/least-140-killed-ethiopia-protests-over-land-plan-065740622.html?soc_src=social-sh&soc_trk=tw

## Rights Group: 140 Dead in Ethiopia's Oromo Protests

http://m.voanews.com/a/rights-group-140-dead-in-ethiopia-oromo-protests/3136423.html

## Ethiopian forces 'kill 140 Oromo protesters'

BBC, 8 January 2016
https://twitter.com/BBCAfrica/status/685415147842723841

## Alaabaan ABO Har'a Amajjii 8,2016 Magaalaa Dirre Dhawaa Bakka Ganda Garaada (gandde) Jedhamu Keessatti Fannifamee Oole,Waraanni Wayyaanees Bira Dhaabbatee Eegaa Oole.

January 8, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Mootummaan Ithiophiyaa Baajetteta Maqaa Mishoomaa fi Daballii Mindaa Hojjettootaaf Qabamee Ture Gara Tajaajila Waraana Agaaziif Akka Darbu Ajajaje.

January 8, 2016

**Amajjii 8,2016**, Hojjettoonni MMD (Madda maallaqaafi diinagdee)akka jedhanitti, miindaan hojjettoota biyyatti gara fuula duraatti hojjettoottaaf kennamu gara geejjibaa,nyaataafi uffata walumaqabaatti, tajaajila humna Agaazii Oromiyaa keessatti mootummaa tajaajiluuf waan naannessameef fuuldura kanatti miindaan hojjettottaa waanti kaffalamu waan dhibeef caasaan daballii miindaa hojjetootaa hojjetamu akka dhaabbatuuf akeekkachiisi dhorkaa isaan ga'e beekameera

Kanuma waliin odeessuma diinagdee Wayyaanee keessaa utuu hin ba'in Waajjirri MMD Wallaggaa Bahaa Bu'uraalee misoomaa maqaa jedhuun bajati qabame. gara humna waraanaatti naannessamee bajati

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

1. Fayyaa
2. Qonnaa
3. Barnootaa
   Ajaja maqaa rakkoo nageenyaa Dhaaba keenya mudateen amma Dhaaba keenya cina itti dhaabbanna jechuun bajaticha gara waraanaattii deebisamuu odeessi Qeerroo Leeqaa hubachiiseera

## Wallee Warraaqsaa Hawwisoo Qeerroo Bilisummaa Amajjii 6,2016 Gadhiifame

January 8, 2016

---

## #OromoProtests: Ciroo town (West Hararghe), Oromia. 8 January 2016



## Godina Harargee Lixaa Ona Xulluu Asab Tafarii, Bordooda fi Hirnaa Keessatti FXG Itti Fufuun Alaabaan ABO Fannifame.

January 8, 2016

Har'a Amajjii 8,2016 FXG godina Harargee lixaa ona Xulluu Asab Tafarii, Bordooda fi Hirna har'a adeemsifameen Alaabaan ABO fannifamuudhaan, kaanis qabatee hiriira bahuudhaan dirree injifannoo fakkeessee jira uummanni Harargee lixaa wayita kana. Kana dhaamsuuf humnootni wattaanee ramadamaa jiran guddaa tahanis uummanni humni kamuu haa dhufu FXG hamma Bilisummaa fi Walabummaa keenya ijaan arginutti hin dhaabnu jechuun ejjennoo isaa jabeeffatee FXG itti fufee jira. Harargee godina lamaanuu keessaa yeroo kana sodaan caasaa mootummaa wayyaanee keeessa jiru gadhiisaa akka jiru Qeeyroon gabaasee jira.

Kana malees humnoota tikaa fi poolisoota naannichaa uummata rakkisaa jiran irratti tarkaanfiin sirreessaa humnoota hin beekamneen akka irratti fudhatamee jiru gabaafame.

#OromoProtests.Bordoddee And Hirnaa (Hararghe), Oromia. 8 January 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





"Mukkii Diillaa Botoroodhaa Abbaan Biyaa ABO Dha" Jechuun Dhadachaa Qeerroon Magaalaa Jaarsoo Wallagga Keessatti Har'a Amajjii 8, 2016 Diddaa Gaggeessan.

January 8, 2016 #OromoProtests, Jaarsoo, Oromia





Wallagga,Aanaa Sibuu Siree Ganda Carii Keessatti Har'a Amajjii 8,2016 FXG Itti Fufee Oole. #OromoProtests, Sibuu Siree, Oromia

converted by Web2PDFConvert.com

January 8, 2016



## Godinoota Shaggar Hunda Keessatti Har'a Amajjii 8/2016 FXG Itti Fufee Jira.

January 8, 2016



Oromiyaa guututti FXG Amajii 1, 2016 irraa kaasee baadiyaa fi magaalaa, dhaabbata barnootaa fi amantaallee dabalachuun itti fufeera. Haaluma kanaan har'a Amajii 8,2016 FXG Shaggar godina 4nuutti itti fufee jira.

1. Shaggar kabaatti aanaa Jaarsoo Tulluutti ganama obboroo uummanni bahee daandii cufee jira. poolisootni fi waraanni FXG kana ugguruuf ergaman irratti uummanni d agaadhan bahee magaala keessaa baasee jira. Sulultaa, Salaalee, Gabra Gurraachaa, Kuyyuu fi kkf keessatti FXG
adeemaa jiru hojjetaa mootummaa hirmaachisee, shamarran addatti qabsoo kana keessatti qooda olaanaa fudhachuudhaan gaggeessaa jiru, qonnaan bulaan waan qabuun ka'ee jira. barataan mana barumsaatti wal gahuudhaan FXG qabsiifame hamma galiisaatti kunoo hin dhaabbanne itti fufee akka jiru caasaan godina shawaa kaabaa gabaasani jiru
2. Shaggar lixaatti-kaleessa ayyaana tapha Qilleen wal qabatee uummanni Amboo fi barattootni yuuniversitii irraas bahanii dirreetti bahaniin FXG gaggeeffame. Kanumaan korri bittinneessaa fincila kana dura dhaabbachuuf kaleessa Amajii 7/2016 guyyaa keessaa uummata bittimsuuf
yoo deemu uummanni fi dargaggoooni dhagaadhaan humnoota waraanaa achi deeman reebuun yeroo ammaa kana poolisiin fi korri bittinneessaan reebicha uumataan miidhamee babbaqaqee hospitaala seenee akka jiru Qeeroon gabaasee jira. Osoo wal irraa hin cinneen har'as FXG shawaa lixaa aanaalee maratti gaggeeffamaa jira.
3. Shaggar bahaa-aana Fantalleetti sa'a kana FXG uummataan gaggeeffamaa jira. tajaajiltootni geejibaa hojii dhaabuun gara FXGtti makamanii
jiru. Hojjetaan mootummas hojii dhaabuun har'a uummata waliin hiriiree jira. Daandiin konkolaataa amma akka cufamee jiru Qeerron gabaasee

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

jira. kaabinoonni wayyaanee fi poolisoonni uummata dura dhaabbatuun uummata irratti dhukaasa banaa jiru.
- Wayyaanen shororkeessaadha
- Oromiyaan ni bilisoomti
- Ni walaboofna
- Ni bilisoomna
- Abbaay Tshay bineensa nama nyaatuudha
- Oromiyaan kan oromooti
- Gibra hin kaffallu, wayyaanee hin gabbarru
- Ofiin of bulchina
- Sirna mootummaa abbaa irree wayyaanee ni diigna Dhadannoo har'a Fantalleetti jedhamaa oole tahuu Qeerroon gabaasee jira. Itti fufa
4. Shaggar kibbaa lixaatti manneen barnootaa guutummaan guututti cufameera. Daandiin konkolataas yeroo ammaa kanatti cufamanii argaman. Aanaalee garagaraa godina shawaa kibba lixaa keessatti sirni Wayyaanee dhabamsiifamee ofiin of bulchuun yeroo itti gaggeeffamaa jiruudha. FXG oromiyaa wal gahuudhaan kan iti fufuudha.

6. Ammajjii 8,2015 warraaqsii Fincila xummura Gabrummaa Godina Kaaba Shaggar(Godina Salaalee) Aanaa Warraa Jaarsootti jabaachuun Itti fufe, Ganama irraa Eegaluun daandiin Konkolaataa bakkoota hidduutti cufamaa jira, Waraanni Wayyaanee uummataa gooluuf fiigaa jiruu daandii cufamee banuuf hedduu rakkachaa jiraachuu Maddeen Qeerrooo Bilisummaa Oromoo Tulluu Milkii gabaasan.

---

## FXG Matahaaratti Amma Gaggeeffamaa Jira, Uummanni Kaabinoota, Ergamtoota Diinaa Irratti Tarkaanfii Fudhataa Jira

January 8, 2016

FXG godinaalee Oromiyaa fi naannolee biroottis akkuma itti fufetti jira.
Matahaaraatti FXG Har'a Amajii 8,2016 Bulchiinsa magaala Matahaaraa sa'a kanatti reebamee miidhaan irra gaheera.
Bulchitootni aanichaa marti uummataan reebamee jira. Manneen bulchitootaa fi waajjiraaleen mootummaa hunduu gubataa jiru.
Akka odeessi amma nu gahe ibsutti uummanni keenya ijoollee isaa waliin bahee amma mootummaan wayyaaneen nun bulchuu, barri gabrummaa nurraa haa gahu, barataan keenya mana hidhaa keessa jiru haa gadhiifamu, dararamnee hin jiraannu mootummaan abbaa irree wayyaanee gabroonfataadha, waraanaaf hin jilbeenfannu, jechuudhan amma dhaadannoo dhageesisaa jiru. Uummanni qe'eetti hin hafne kaabinoonni wayyaanee uummataan reebamaa jiru kaan ammoo lubbuu isaanii baafatanii baqataa jiru. Poolisiin dhukaasa bane baqate. FXG itti fufa!

## Amajjii 7/2016 Gootootni Qeerroo Barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimma Warraaqsaa FXG jabeessuun Guyyaa Har'aa NYaata Lagachuun Itti Fufa

January 8, 2016 #OromoProtests, Jimmaa, Oromia

Amajjii 7/2016 Gootootni Qeerroo Barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimma Warraaqsaa FXG jabeessuun Guyyaa Har'aa NYaata Lagachuun IttiFufan. Diinaan Ajjechaan Jumlaa, Ukkamsaan Hidhaa fi Hiraarsii fi Waraannii Uummata keenyaa Mirga keenyaaf falmachaa jirruu irratti labsamee utuu nurratti rawwatamaa jiruu Ayyaaneffachuu, Nyaachuu fi Dhuguuf Sammuun keenyaa Nuuf Hin Eenyaamne, Bilisa Taanee Dhalannee Bilisummatti jirrachuu haqatnee guyyaa ajjeefamaa, hidhamaa fi gaaffii keenyaa deebiin dhibee ukkamsaan nurratti raawwatamaa waan jiruuf Guutummaatti nyaata dhaabnee mirga keenyaaf falmannee Wareegamuuf murtii gonee jechuun diddaa isaanii itti fufan.

converted by Web2PDFConvert.com





Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Walleelee Qeerroo Bilisummaa Amajjii 2016 Gadhiifaman.

January 7, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN:News, January 7, 2016
OMN: Oduu amajjii 7,2016
https://www.oromiamedia.org/2016/01/08/om
oduu-amajjii-72016/
OMN: Qophii addaa Amajjii (January) 7,2016
https://www.oromiamedia.org/2016/01/07/qo
amajjii-72016/

## EU called emergency meeting for Monday to discuss the unrest in Ethiopia & the dire case of the Oromo people

January 7, 2016

**Breaking news!** Sources from European External Action Service (EU Foreign and Security Policy Branch) has indicate that European Union will convene a meeting to discuss Ethiopia with regard to ongoing #OromoProtests on January 11 (Monday) 2016. Representatives from all 28 EU member countries will attend the meeting. Fascist TPLF juntas representatives have not been invited to the meeting.Gamtaan Awurooppaa(European Union) walgahii hatantamaa waa'ee dhimma Oromoo irratti guyyaa wiixataa, 01/11/2016 waamuu beeksise!Waa'ee Oromoo irratti walgahii akkasii waamuun yeroo jalqabaa ta'us, Gamtaan Awurooppaa gochaan duguuggaa sanyii mootummaan woyyaanee ummata oromoo irraatti gaggeessaaru akka daraan isaan yaaddesseefi falmitootni mirga dhala namaa kan Akka Amnesty International walgahicha irraa qooda akka fudhatan beekameera.INJIFANNOON UMMATA OROMOOF! Falmattu malee Adunyaan dantaa kee hin qabdu..

http://www.ayyaantuu.net/eu-called-emergency-meeting-for-monday-to-discuss-the-unrest-in-ethiopia-the-dire-case-of-the-oromo-people/

## #OromoProtests, Participants of study seminar from USA and other Philipino friends show solidarity with Oromo Student protest going on in Ethiopia here in Manila. 'Injustice any where is injustice every where.' 7 January, 2016.

China Town Manila, Philippines. Credit: Asefa M.Wakjira, Green Movement through social network.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




#OromoProtests, Asabot ( West Hararage) Jan 7, 2016.



## Gootototni Qeerroon Barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimmaa Warraaqsq FXG jabeessuun Guutummaatti Nyaata Lagachuun itti fufan

January 7, 2016

Amajjii 7/2016 Gootootni Qeerroo Barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Jimma Warraaqsaa FXG jabeessuun Guyyaa har'aa nyaata lagachuun itti fufan Gootootni ilmaan Gootaa Barattootni Oromoo yuunibarsiitii Jimmaa mirgi keenyaa sarbamee; ajjeefamaa hidhamaa fi ukkanfamaa jirra . Gaaffii mirgaa karaa Nagaa gaafanneef yakkii ulfaata dhala nama irratti hin dalagamne Uummata Oromoo irratti Mootummaa EPRDF nurratti rawwatamaa jiruu Haala sheen iyyuu Sochiin Keenya Duubatti deebisuu hin danda'uu jechuun utuu Haala kanaan jirruu hiree ayyaanaa gannaa nyaanee dhugnee dabarsinuu hin qabnuu jechuun Guyyaa har'aa guutummatti nyaata Lagachuun uffata guddaa uffachuun Mormii isaanii jabeessuun itti fufan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





Baha Oromiyaa Daaroo Labuu Ganda Xuxis Jedhamu Keessatti Ficilli Xumura Gabrummaa Ummataa fi Dargaggootaan Itti Fufee Jira.

January 7, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





## Amajjii 7,2016 Godina Harargee Lixaa Magaalaa Asaboot Keessatti FXG Jabaatee Itti Fufee Oole.

January 7, 2016

converted by Web2PDFConvert.com

Fiche, Salale- North Shawa, youth turned the Qille celebration into protest Jan 7, 2016



Government urged to raise abuses despite risk of damaging ties

Front Line Defenders says Ireland slow to raise concerns with countries such as China and Ethiopia.


Irish Times, 6 January 2016.

http://www.irishtimes.com/news/politics/government-urged-to-raise-abuses-despite-risk-of-damaging-ties-1.2487092#.Vo2-VL1DIMA.twitter

OMN: Oduu Ama. 6, 2015

OMN: Oduu Ama. 6, 2015

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com


URGENT ACTION
PEACEFUL OROMO PROTESTERS MUST BE RELEASED
ADDITIONAL INFORMATION

Qeerroon Oromoo Biyya Ingilizii Magaaaa London Keessatti Gootota Oromiyaaf Falmaa Jiraniif Sagalee fi Irree Ta'uuf Jecha Halkanii Guyyaa Dhaa Tumsa Muldhisan.

January 7, 2016







Mudde 5,2015 Ficila Xumura Gabrummaa(FXG) Dargaggooni Oromoo Kaaba Shaggar Garba Guracha Keessatti Gaggeessan.

January 6, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

A 4th year Food Science Oromo student at Wallaggaa University, Horaa Banti Irranaa, was arrested on Monday January 4, 2016 by Agazi from campus. His body was found in Hadiyya on January 6, 2016. He was taken to Nekemte hospital for autopsy then his body was sent to his birth place which is Gachi, near Baddalle in Ilu Abbaabooraa.

Maqaan isaa Horaa Bantii Irranaa Yunivarsitii Wallaggaatti barataa Food Science waggaa 4ffaa tureeyyuu. Gaafa Amajjii 4 bara 2016 mooraa irraa poolisootaan fuudhamee guyyaa Amajii 6 bara 2016  ajjeefamee laga keessatti reeffi isaa gatamee argame. Horaan dhaloonni isaa Godina Ilu Abbaa boor magaala Gachii ti.Reeffi isaas garas geeffamaa jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




## Hiriirri Mormii Godinaalee Oromiyaa Keessatti Ittuma Fufee Oole. Reeffi Barataa Tokkoo Bishaan Keessaa Baafame

WASHINGTON, DC (VOA Afaan Oromoo) — Masteer pilaanii magaalaa Finfinnee fi magaalaalee addaa Oromiyaa misoomaan walitti-qindeessuuf wixiname, jedhame otuu hin raggaasisamiin hojii irra oolfamaa jira, kannaaf haa haqamuu, ilmaan Oromoo mormii kana irratti ajjeefaman, ka paartileen mormituu dhibba tokkoo ol ga'an jedhaniif mootummaan itti gaafatama haa fudhatu, kanneen hidhaman, akka paartiin mormituu jedhanitti kuma afurii ol ta'an haa hikaman, jechuudhaan walakeessaa baatii Sadaasaa tii kaasee mormiin Oromiyaa keessatti gaggeefamu har'as magaalaalee adda addaa keessatti itti fufee jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Gara walakkeessa baatii Sadaasaa tii jalqabee hiriirri mormii guutummaa Oromiyaa keessatti barattootaa fi uummataan geggeessamaa jiru kun, “Maaster Pilaaniin Finfinnee akka waan hin raggaasisamiinitti dubbatame iyyuu karaa adda addaa hojii irra oolfamaa jira. Labsiin fooyyaa’ina bulchiinsa magaalaalee Oromiyaa Caffee Oromiyaatiin bahes harka lafa jalaatiin karooricha hojii irra oolchuuf kan shirame” jechuun balaaleffata.

Hiriirri mormii guutummaa Oromiyaa keessatti geggeessamu kun tarkaanfii mootummaan “fudhadhe” jedhuun troban tokkoof ka gab jedhe fakkaate iyyuu torban dabre irraa jalqabee haala daran how’aa ta’een geggeessanaa jira, jedhu hiriirtonnii fi jiraattonni naannoolee Oromiyaa adda addaa.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





Maater Pilaanii Finfinnee mormuutti dabalee “kanneen hidhaman haa hiikaman. Kanneen ajjeechaa raaw’atan seeratti haa dhihaatan” kanneen dhaadannoo godhachuudhaan, har’a, Harargee Lixaa, magaalaa Hirnaa, Baalee, magaalaa Roobetti, kaleessaa fi dheengadda immoo, Wallagga Bahaa, magaalaa Siree fi Hargaa Bahaa, aanaa Haramaayaa dabalee bakkawwan hedduutti geggeessamee jira – hiriirichi.

Wallagga Bahaa, magaalaa Naqamteetti kan argamu Yunivarsitii Wallaggaa keessatti ka barataa ture barataan tokko reeffi isaa bishaan naannawa Yunivarsitichaa jiru keessatti argamuu isaa ragaan Hospitaala Naqamtee irraa argamee fi hiriyoonni baratichaa ibsanii jiran.

“Ajjeechaa, hidhaa fi gidiraa Itiyoophiyaa keessatti Oromoo irratti geggeessamu haa dhaabatu!” jechuun kanneen morman – Oromoonni magaalaa London keessa jiraatan immoo hiriira ba’anii, xalayaa isaanii waajira Muummicha-ministaraa Briteenii fi ka birootti galfatan. Eega shaamaa qabsiisuudhaan waajira Muummicha ministaraa Deevid Kaameroon fuul-dura buluu jalqabanii har’a guyyaa lammataa isaanii ti – Hiriirtonni hawaasa waldaa dubartootaa magaalaa London jiruun qindeessaman.

http://m.voaafaanoromoo.com/a/oromo-protests-continued-in-wollega-hararge-bale/3134032.html

---

## OMN: Oduu Ama.(January) 5, 2016

OMN: Oduu Ama. 5, 2016



#OromoProtests, Chari Jarso school, Sibu Siree District, East Wallaggaa (Oromia), January 5, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



#OromoProtests, 5 January 2016, Nurses and Medical Doctors in Asallaa (Oromia) Say NO to master plan and mass killings.



## Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Waamaa Hagalootti kan dhalate Barataa kolleejjii barsiisotaa Mattuu tti Barataa waggaa jalqabaa yeroo ta'u, Humnoota tikaa Wayyaaneetiin magaalaa mattuu keessatti torbee tokko dura ukkaamfame

January 5, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





Daraje Tsegaye Kitaba, Oromo teenager, kidnapped by TPLF (Agazi) forces on 26 December 2015. His whereabout is unknown. He is from Central Oromia (Xiqur incinni).

Mucaan kun Muddee 26 bara 2015 agaaziin ukaafame hangaa har'aati gara inni jiru hin beekamu. Maqaan isaa Daraje Tsegaye kitaba jedhama. Lixa shawwaa, annaa xuqur incinnii irraati.

converted by Web2PDFConvert.com



OromoProtests: 5 January 2016 in Awaday, E Hararge, Oromia students at all levels ( elementary to preparatory) have have walked out of school informing school administrators they will not return until the military leaves school compounds, arrested students are released, those who killed students brought to justice. Students who come out of town have returned to their villages.

Amajjii 5 Bara 2015, Awwadaayii, Hargee Bahaatti Barattoonni sadarkaa hundaatu ( elemantarii hamma piripaaratorii) barnoota dhaabuun gara maatii isaanii deemanii jiran. Hamma waraanni mooraa mannaan barnootaafi araddaalee keessa bahuu, gaafiin ummataa deebi'uu, warri hidhame hiikkamuufi warri nama ajjeese seeraan gaafatamuu hin dachaanu jechuun bulchiinsita manneen barnoota hubachiisaanii jiran.

#OromoProtests, Masalaa town, West Hararghe, Oromia. 5 January 2016.

Amajjii 5 Harargee Lixa magaalaa masalaa keessaati fincilli xumura garbummaa itti fufee jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





## Amajjii 4, 2016 Gootonni Qeerroon Oromoo Wallagga Magaalaa Waayyuu Tuqaa Keessatti FXG Itti Fufan!

January 5, 2016 #OromoProtests in Waayyuu Tuqaa, E. Wallaggaa, Oromia.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Amajjii 4,2015




Dargaggoon Fixqaaduu Shuumataa Waaqtolaa Adamoo Wayyaanee Jaalaa Nagaan Miliqe.

January 5, 2016

converted by Web2PDFConvert.com




Dargaggoon Fiqaaduu Shuumataa Waaqtolaa baatii Sadaasa 2015 keessa FDG Wallagga magaalaa Madiitti gaggeeffame keessatti hirmaachuun dhadatnoo mirga namoomaa fi mirgoota saba Oromoo kaasu dhageessisuun barattootatti onnee horee nama turedha, dhadatnoo isaan booda suuraaleen inni gaafas ka'e marsaalee hedduu keessatti faca'uun Oromoota biyya alaa fi keessa jiran qalbii hortee akka ture beekama.

Mootummaan Wayyaanee dargaggoo kan barbaacha olii fi gadi kaataa yoo turte iyyuu dargaggoon kun gargaarsaa fi tumsa qabsaawota Qeerroon deggeramuun biyya ollaatti akka bahu taasifamee jira. Kanneen keessattis qoodi qabsaawota ala jiran qabanis guddaa dha.

---

## Barruuleen Waamicha Fincila Xumura Gabrummaa Wallagga Gimbii Keessatti Faca'uu Irraan Loltooti Wayyaanee Jeeqama Seenan.

January 5, 2016

**Amajjii 4,2015** Magaalota Oromiyaa mara keeysatti yeroo kana waraqaan garagaraa bittimfamaa jiru. Halkan Amajii 3/2016 Wallagga lixaa magaala Gimbiitti waraqaa bittimfame buleen loltooti Ityophiyaa Wayyaanee nagaa dhabdee bulte. Magaala Gimbiitti waraqaan bittimfame Barnootni Bilisummaa Booda kan jedhu guutumma magaalattii keessatti kan faca'e bule yoommuu taahu har'a waraanni Wallagga lixaa irra buufatee jiru daran olii gadi kaata oole.

Wallagga lixaa, Qellem Wallaggaa, wallagga bahaa fi Horroo Guduruutti FXG har'a barattoota, hojjetoota mootummaa fi qonnaan bulaa dhaan jabaatee oole, Qellem Wallaggaa aanaa Anfilloottti qonna bulaan, barataan wal tahun haleellaa waraana wayyane irratti banen aanaa Anfilloo keessa baasee jira.Wallagga bahaatti maagaala Sibuu Siree mana barumsaa sadarkaa 2ffaatti itti fufee oole.
Loltooti Wayyaane guyyaa har'aa Oromiyaa keessatti akka maraatuu tahuun oolte. Daandiin konkolaattotaa magaalota hedduu keeysatti addaan ciccitee oolee. Dhaabbilee barnoota yuuniversitii keeysattis FXG haala onnachisan ganama irraa kaasee itti fufee ooleera.
Yuuniversitii Adaamatti barattootni hedduun lakkaawaman humna waraana Wayyaaneen qabamani ukkaamfamani jiru. Dhukaasa wayyaaneen barattoota irratti banen barataan lubbuun darbes kan jiru yoo tahu ammatti maqaan isaa kan hin gabaafamne Qeerroon mooraa yuuniversitii Adaamaa irra gabaasee jira.

## Amajjii 04,2016 Ficilli Xumura Gabrummaa Wallagga Aanaa Anfilloo Magaalaa Muggii Keessatti Itti Fufee Oole,Barattooti Hedduun Reebamanii Jiru.Manni Barnootaas Cufame.

January 5, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





## Godinaaleen Bahaa Oromiyaa fi Kibbaa Bahaa Oromiyaatti Warraaqsii FXG Itti Fufee Jira.

January 4, 2016

**Amajjii 4,2015,** Godinaaleen Bahaa Oromiyaa fi Kibbaa Bahaa Oromiyaatti warraaqsii FXG uummata Oromoo fi dargaggoota Oromoon Aanaawwaan godinaalee Harargee Bahaa fi Lixaa keessatti jabaachuun itti fufe, Godinaalee Harargee Bahaa Aanaa Qobboofi, Dadaritti warraaqsii haalan jabaachuun daandiin konkolaataa uummataa fi dargaggootaan Qobboo irratti haalan kan cufame ta'uun ibsame jira. Ittuma fufuun Godina Harargee Lixaa aanaawwaan kanneen akka aanaa Habroo Magaalaa Galamsootti humnootni Agaazii Wayyaanee Abbaa Seeraa Aanaa kana kan ta'ee Obboo Tasfayee Tolaa kan jedhamuu halkan mana galmaa isaa cabsuun Shugguxii isaa fi Qabeenyaa isaa saamamuun gabaafame, Wajjiirri mana murtii Aanaa Habroos tajaajila dhaabuun
gabaafame jira.

## Amajjii 4,2016 Godina Wallaggaa Magaalaa Shambuu fi Magaalaa Madii Keessatti Ficila Xumura Gabrummaa Ka'een Manneen Barnootaa Qophaayinaa Guutummaati Cufaman.

January 4, 2016

**Har'a Amajjii 4,2016** Godina Wallagga Bahaa Magaalaa Shaambuu keessatti kan argamu mani barnoota qophaa'inaa guutummatti cufamee jira.Mormii barattoonni kaasaniin wal qabatee ijoolleen shamarran Oromoo lama waraana Wayyaaneen waan butamanii ukkaamfamaniin barattooti guutummaatti dhadatnoo dhageessisaa turanii mana barnootaa cufanii gara maatii isaaniitti deebi'aa jiru.Barnooti bilisummaa booda jechaa dhadataa akka turan Qeerroon gabaasa.

Gama biraan Godinuma Wallagga lixaa magaalaa Mandii keessatti barattooti Oromoo warri hidhaman haa gadhiifaman dhadatnoo jedhuun mormii guyyaa har'aa ka'een wal qabatee waraanni wayyaanee magaalicha goolaa waan jiruuf barattooti guutummaatti mana barnootaa cufanii maatiitti deebi'aa akka jiran gabaafame.

## Hararge Baha Dadar Keessatti Gootonni Oromoo Ficila Xumura (FXG) Gabrummaa Bahan/Amajjii 4,2016

converted by Web2PDFConvert.com

January 4, 2016

## Har'a Amajjii 4,2016 Ficilli Xumura Gabrummaa Yuuniversitii Adaamaa Keessatti Gootota Barattoota Oromoon Itti Fufe.

January 4, 2016

converted by Web2PDFConvert.com

Har'aa Amajjii 4,2015 Godina Kibba lixa Shaggar magaalaa Tullubboolloo keessatti kan arguma mana barnoota sadarkaa 2ffaa Hibret fire ti barattoonnii barsiisota keenyaa nurraa hiitanii namni biraa nu hin barsiisuu jechuun hiikamuu barsiisota isaaniif dhaadannoo dhageessisa kutaa dhiisanii bahan.

Sabboonaan Oromoo Lenjisaa Raggaasa GodinaShaggar lixaa aanaa Dandii magalaa Olokomiiti dhalate. Finfinnee keessa jiraata. Gaafa 28 /12 /2015 naannoo Birbirsa Gooroo /piyaassa keessatti tikaa wayyaaneen ukkaafame bakka buuteen isaa hin beekamu.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



converted by Web2PDFConvert.com

**NEW** Ka'i Ka'i #OromoProtests (2016)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Gabaasaalee adda addaa Oromiyaa irraa nuu dhaqqaban. (Amajjii 03, 2016)

> OMN;Gabaasaalee adda addaa Oromiyaa irraa nuu dhaqqaban.( Amajjii 03,2016)

converted by Web2PDFConvert.com




#OromoProtests, 2nd round: Tulo district residents of Rakatafira Village (West Hararge) staged protest. 3rd January 2016

Amajjii 03 bara2016, Goodina Harargee Lixaa aanaa Xuulloo ganda Rakkataafuraatti Fincilli Xumura Gabrummaa eegaleera.



#OromoProtests continues, on 3rd January 2016 at Ambo University Waliso Campus.

Barattoonni Amboo Universitii, Kampaasii Walisoo mormii fi gadda obboleewwan isaanii kan wayyaaneen dhumaniis nyaata lagachuun yaadatan.



#OromoProtests, students in Shashamene Say No to the Master Plan and the Mass Murder, 2nd January 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



The main road connecting  Finfinnee with Eastern Region ( Harar, Dire Dawa, Jigjiga) has been closed at various villages near Hirna. 2nd January 2016, #OromoProtests

Daandin Finfinnee irraa baha biyyatti geessuu naannawa Hirnaatti araddaalee hedduu keessatti bifa kanaan cufamee jira, Amajjii 2, bara 2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests in Najjo, Western Oromia, 2nd January 2016




#OromoProtests: Students abandoning Dilla University as death toll from attacks reaches at least 5. 2nd January 2016



---

#OromoProtests continues, on 2nd January 2016 at in Tulu Dalo Village, Suude District ( Arsi).

Amajjii 2 bara 2015, Godina Arsii Suudee Tullu Daaloo haala kanaan wayyanee balaleffatan.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



#OromoProtests, Malka baldho, E. Hararghe, 2nd January 2016



#OromoProtests: Youth in Burka Dhimtu ( East Hararge) say No to TPLF's Master Plan and t Mass Murder. 1st January 2016

converted by Web2PDFConvert.com



Eritrean Soccer Team In Melbourn ,Australia Global Solidarity With Oromo Students and People, 2nd January 2016



#OromoProtests: Students of Rift Valley University Gulale Campus Say No to TPLF Master Plan and Mass Murder, 2nd January 2016



---

OMN 2nd January News

OMN:Oduu Amajjii 02,2016

converted by Web2PDFConvert.com




OMN: Oduu (News) Amajjii (January)1, 2016
https://www.oromiamedia.org/2016/01/01/omn-oduu-ama-1-2016/

OromoProtests 2nd round continues January 1, 2016: Fichee (Salaalee), Shambuu, Dire Dawa city (LegaHarre High school), Sibuu Siree, Rift Valley University Gulale Campus, Burka Dhimtu ( East Hararge), Gimbi

## Buraayyu Naannoo Kattaa Jedhamutti Ficilli Xumura Gabrummaa Har'a Itti Fufee Oole.

January 1, 2016

**Har'a Amajii 1,2016** barattootni mana barumsaa Sadarkaa 1, Sadarkaa 2ffaa fi qophaayina dhaadannoo
-Barri Biliusmmaa gahe
-Mootumma abbaa irree nu ajjeesaa jiru aangoo irraa nuuf haa bu'u
-Waraana wayyaaneef hin jilbeenfanu
-Gumaa barattoota keenyaa ni basna
jechuun ganama irraa kaasanii dhaadannoo dhageesisuun yeroo amma kana Buraayyuu naannoo Kattaa jedhamee wamamu humna waraana federaalaa guutamee jira.
Uummanni barataa bira dhaabbatee jira. Daandiin konkolaataa Burayyuu keessa kutuu hoomaa waraanaa fi poolisiitiin kan guutamee jiruudha. Barattootni kaan hidhaatti guuramaa jiru kaan ammoo tokkummaadhaan Bilisummaa faarsaa jiru. Amma sa'a naannootti sa'a 10:00 irraa kaasee FXG Buraayyuutti barattootaa fi uummataan gaggeeffama jira.

## Oromia:Statement of Qeerroo Bilisummaa and Union of Oromo Students on the Ongoing 'Revolution to Culminate Slavery' (RCS)

Oromia:Statement of Qeerroo Bilisummaa and Union of Oromo Students on the Ongoing 'Revolution to Culminate Slavery' (RCS)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Hanna Doja, Oromo child, 7 years old, 1st grade student in Kombolcha town, Horroo Guduruu, Oromia. Attacked by fascist Ethiopian regime forces ((Agazi) on 31st December 2015.
The Agazi are armed recruits from rural Tigray, TPLF's rocky homeland. The Agazi are uneducated fascist forces trained from young age to hate, attack and kill people of non Tigray nationalities





Read more on Reports on OromoProtests in Nov./Dec. 2015 at:-

## Oromia: #OromoProtests: Gabaasa FDG/FXG Oromiyaa

Oromia: #OromoProtests: Gabaasa FDG/FXG Oromiyaa

About these ads

Find high school yearbooks



I graduated in: 1998 1988 1978

classmates

Share this:

Facebook 6 Twitter LinkedIn Google Pinterest
Reddit Pocket Tumblr

Like

3 bloggers like this.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Related



Felix Horne of HRW and Henok Gebissa of OSA talk to South African radio about Oromo Protests
In "Africa"



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa FDG/FXG Oromiyaa
In "#OromoProtests November 2015"



Oromia : OFC/Medrek's Dr. Merera Gudina talks to BBC radio about #OromoProtests
In "Africa"

Comments»
No comments yet — be the first.

## Leave a Reply

Enter your comment here...

search go!

Admin Controls

- Log in

Pages

- About
- Analysis & Research Findings: Economics, Development & Social Perspectives

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

- Gadaa System (Sirna Gadaa Oromoo)
- Government types and the way they work
- Oromia: Cultural & Social
- Oromian Voices, News & Views From Indigenous Media
- OromianEconomist archive1
- The Genocide Against The Oromo People
- The Human Rights Issues: #OromoProtests

## Recent Posts

- Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016
- Star Tribune: Minnesota's Oromo community rallied at the State Capitol to protest treatment at the hands of the Ethiopian government.
- #OromoProtests: Global rally in solidarity with #Oromo students in Oromia
- THE ANIMAL SPIRITS
- Oromia: Waamicha Hatattamaa Hawaasa Oromoo Biyya Alaa fi Oromiyaa Keessa Jiraataniif
- Oromo mothers are in danger : Fascist Ethiopia's regime military forces killed a 7-month pregnant and mother of six kids
- Oromia: Ethiopia: Civil society calls upon UN Human Rights Council to investigate government crackdown on #OromoProtests
- Oromia (WBO): Humni Addaa WBO Magaalaa Naqamtee Keessatti Waraana Wayyaanee Irratti Tarkaanfii Fudhate.
- Human Rights League: The Crackdown Against Anti-Government Injustice Protestors in Oromia
- Oromia: Waamicha Qabsoo Ficila Xumura Gabrummaa Itti Taasifnu Uummata Oromoo Maraaf Ta'e
- #OromoProtests: Why Ethiopia's Largest Ethnic Group is Demonstrating
- Oromia: Humnaa fi Kijibni Fumaata Rakkoo Siyaasaa hin Tahu
- MPR News: MN Oromos decry human rights violations in Ethiopia, say violence continues
- Oromia: Resolutions of the Union of the Oromo Gadaa Councils
- DW NEWS: NGO highlights plight of Oromo in Ethiopia

## Archives

- February 2016
- January 2016
- December 2015
- November 2015
- October 2015
- September 2015
- August 2015
- July 2015
- June 2015
- May 2015
- April 2015
- March 2015
- February 2015
- January 2015
- December 2014
- November 2014
- October 2014
- September 2014
- August 2014
- July 2014

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

- June 2014
- May 2014
- April 2014
- March 2014
- February 2014
- January 2014
- December 2013
- November 2013
- October 2013
- September 2013
- August 2013
- July 2013
- June 2013
- May 2013
- April 2013
- March 2013
- February 2013
- January 2013
- December 2012
- November 2012
- October 2012
- September 2012
- May 2012
- September 2011
- August 2011
- July 2011
- June 2011

| February 2016 | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| M | T | W | T | F | S | S |
| 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 |
| 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 |
| 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 |
| 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 28 |
| 29 | | | | | | |

« Jan

## Blogroll

- 25 sources of free public domain books
- 350 Years of Economic Theory in 50 minutes
- Adam Smith and the Wealth of Nations
- AEI economic papers
- Alphabet of Economic Science
- Antoine Cournot and the Mathematical Theory of Economics
- Atlantic Literature
- Autocratic Ethiopia
- Bareedina: Women of Oromia
- Book Boon: Free ebooks
- CATO Institute
- Condensed version of Adam Smith's the weath of nations
- Data Science Central: The Online Resource for Big Data Practitioners
- Develoment without Freedom: human Rights report on Ethiopia
- Development policy for poverty reduction
- e a Leader People Choose to Follow
- Econometrics Course Notes
- Economics and Development Working Papers (Articles)
- Economics e-journals
- Economics youtube liknks
- Economics: Definitions

converted by Web2PDFConvert.com

- Economics: the light and fruits debate
- Economist's View
- Economix blogs
- Freekonomics
- Get Support
- Global Development and Environmental Institute
- Globalization
- google
- Health and human rights
- http://www.aeaweb.org/jel/jel_class_system.pl
- Human Rights: The Covenant
- Ideas for Development Blog
- IDEAS: Economics and Finance
- IMF: International Monetary Fund
- Influencer : Economics
- Introduction to Econometrics
- Introduction to Economics: Khan Academy
- Journal of Oromo Studies Free Online
- Khanacademy, centre of essential knowledge
- Labata Fantalle.
- Learn WordPress.com
- Man acts: Economics
- Mathematics Bookshelf free ebooks
- MIT ECONOMICS OPEN COURSEWARE
- Music for effciency of thought
- Naked Keynesianism
- News, information and analysis on North East Africa
- Noah economic blog
- Online Oromo-English Dictionary
- OPen Yale Courses
- Oromia Media Network: Free and Independent Media
- oromia Times
- Oromisis
- Oromo Commentary, collection of Articles
- Oromo Economist Professor
- Oromo freedon news: Bilisummaa
- Oromo Literature: Qubee
- Oromo studies association
- Oromo Voice Radio
- Oromummaa
- Paul Krugman: Macroeconomics, trade, health care, social policy and politics. More
- Professor John Markakis, Political Historian, Insight on Ethiopian Political Economy
- Professor of Econometric/ economics
- Question about our universe youtube link
- real-world economics review
- Research on Land grabs in Oromia
- Resource on Oromia
- Shadow Banking
- Silicon Valley Data Science
- Sovereign debt crisis
- Study Guide to Economics and Finance
- The Grumpy Economist
- THE MEANING OF RELATIVITY
- The Networks of Oromo Studies
- The next bubble: Do not get fooled again
- The Oromian Economist Daily
- The struggle over Nile
- Unconventional Thoughts in economics:

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

- Dani Rodrik
- Universal Declaration of Human Rights
- Water Integrity network
- When the water ends, Africas climate conflicts
- WordPress Planet
- WordPress.com News


## Blog Stats

- 316,095 hits
- RSS - Posts
- RSS - Comments

## Meta


- Register
- Log in
- Entries RSS
- Comments RSS
- WordPress.com

## OromianEconomist








## Oromia photo Gallery



## Community










converted by Web2PDFConvert.com





















Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Recent Comments

#OromoProtests: Glob… on Star

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Tribune: Minnesota'…

gammachiis on Oromia (WBO): Humni Addaa WBO…

gammachiis on Oromia (WBO): Humni Addaa WBO…

gammachiis on Oromia: Waamicha Hatattamaa Ha…

gammachiis on Oromia: Barattooti Oromoo Moor…

FEEDS FULL COMMENTS

The Regulus Theme. | Blog at WordPress.com. | Top |

Follow "OromianEconomist"

Follow

Get every new post delivered to your Inbox.

Join 2,557 other followers

Enter your email address

Sign me up

Build a website with WordPress.com

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com